QAACCESSA DHAAMSA ODUU DURII OROMOO GODINA SHAWAA LIXAA KEESSATTI

QORATTUUN: ALAMNASH LATAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

WAXABAJJII, 2016

JIMMAA, OROMIYAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA’EE YUUNVARSIITII JIMMAA KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAA DAMEE BARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE

# QAACCESSA DHAAMSA ODUU DURII OROMOO GODINA SHAWAA LIXAA KEESSATTI

QORATTUUN: ALAMNASH LATAA

GORSAA: TAAYYEE GUDDATAA (Ph.D)

G/GORSAA: SALAMAAWIT TASFAAYEE (MA)

WAXABAJJII, 2016

JIMMAA, OROMIYAA

## Yuunvarsiitii Jimmaa

## Qorannoo Digirii Duraatiin Boodaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu gamisaan guuttachuuf, Alamnash Lataatiin mata duree “Qaaccessa Dhaamsa Oduu Durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Keessatti” jedhu irratti qophaa’e sadarkaa ulaagaa yuunivarsitiin kaa’e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ________________________Mallattoo__________Guyyaa____________

Qoraa Keessaa______________________Mallattoo__________Guyyaa___________

Gorsaa Duraa_______________________Mallattoo_________ Guyyaa____________

G/Gorsaa __________________________ Mallattoo______ __Guyyaa____________

---

**Itti Gaafatamaa Muummuu Yookiin Walitti Qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)**

## IBSA

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti heerame, qorannoon kun, hojii koo ta'uufi kanaan dura Yuunivarsitiiwwan kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaannefi wabiileen qorannoo kanaaf fayyadamees, haala seera qabeessa ta'een wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ______________________________

Mallattoo ______________________________

Guyyaa ______________________________

## ***AXEREERAA***

*Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas, qaaccessa dhaamsa oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessa jiru qorachuudha. Barbaachisummaan qorannoo kanaa, falaasama Oromoo kan ta'e oduu durii hawaasni qabu kana walitti qabuun dhaamsa isaa qaaccessuun bifa dokmentiitiin kaa'uudhaan dhaloonni akka irraa baratu gochuufidha.Daanngaan qorannichaa,Godina ShawaaLixaa Aanaalee sadan keessaa gandoota sagal irrattiidha. Yaaxinni qorannoo kanaas, faayidaalessummaadha. Mala qorannoo akkamtaa saxaxa ibsaati.sababbiin isaas, ragaa waltti qabame irra deddeebiin dubbisuun, xinxaluufi hiika isaas qulqulleeffachuun jechaan kan ibsameedha. Malli iddateessuu immoo iddateessu mit carraa yoo ta'u, gosa iddateessuu kanneen keessaa iddateessuu kaayyeffataafi eeruutiin. Ragaan kun kan irraa walitti qabame maanguddoota, ogeessota waajjira aadaafi tuurizimii aanaa Ejersa Lafoofi Dandii, barsiisootaafi barattoota mana barumsa Olmaa Addaa sadarkaa tokoffaa Olankomiiti. Akkasumas, dokimentii qindaa'ee taa'e irraas odeeffannoon walitti qabameera. Meeshaaleen odeeffannoo dhimma bahame; afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi sakatta'a dokmentiiti. Oduuwwan durii waaraabbinis ta'ee yaadannoon funaanaman 26 keessaa akka dhaamsa isaan qabanitti keessaa filachuun qooduun dhaamsa isaanitiin kan qaacceffaman oduu durii 20 kan ta'aniidha. Ragaan walitti qabames, waraabbiifi yaadannoo irratti qabachuun irra deddeebin dhaggeeffachuun yaadni isaa osoo gargar hin citin qindaa'ee barraa'un ergaan isaa ba'eera. Qaaccessa ragaalee taasiifameen argannoowwan gara garaa argamaniiru. Oduun durii kan hawaasni Oromoo meeshaa godhatee aadaa, seenaa, duudhaa, safuufi barsiifata adda addaa ittiin wal barsiisuufi dhaloota kallattii barbaachisaa ta'etti qeequudhaan, gorsuufi sodaachisuudhaan karaatti akka isaan deebi'an taasisuudha. Akkasumas, tokkummaa, hawaasummaa, haala dinagdeefi siyaasa, gamnummaa, gootummaa, jaalala, waliif obsuu, waldanda'uufi wal deeggaruu dhaloota gorsaa dhufuun isaa bira ga'ameera. Kanamalees, goowuummaan, waljibbuun gaarummaa akka hinqabne dhaloota gorsaa dhufe. Furmaanni jiru, Ogummaa uummanni kun osoo hin baratin sammuu isaatiin kalaqee asiin gahe kana dhaloota ammaa harkatti akka hin kufneef, guddiffachuu, muuxannoowwan aadaa, seenaa, amantaa, falaasama hawaasichaa ibsan kana kunuunsani dhaloota dhufuuf olkaa'uun gahee dhaloota ammaati.*

# GALATA

Duraan dursee isa waan hundumaa keessatti nagargaare Waaqayyoof galanni koo daangaa hin qabu. Itti aansuun galma gahinsa qorannoo kanaatiif yeroo jalqabaa irraa kaasuun hanga dhuma qorannoo kanaatti nuffii tokko malee ogummaa, muuxannoofi beekumsa qabaniin nacinaa dhaabbachuun gorsaan kan nagargaaran Dr.Taayyee Guddataaf galannii koo guddaadha. Akkasumas, itti aantuu gorsaa koo kan ta'an b/tuu Salamaawit Tasfaayee nuffii tokko malee qorannoo kana na qajeelchuun kan nacinaa dhaabbatan guddaa galatoomaan jedha. Dabalataanis, milkaa'ina barnoota kanaaf calqabaa kaasee hanga xumuraatti kan na waliin dhaabbate abbaa manaa koo obboo Dirribii Kitaabaatiif galanni koo guddaadha. Akkasumas, manguddootaa, ogeessota Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ejersa Lafoofi Dandii, barsiisotaafi barattoota mana barumsa Olmaa Addaa sadarkaa tokkoffaa Olankomii oduu durii Oromoo naaf seennessan hunda isaanitiin galatoomaan jedhaan.

| | |
|---|---|
| Dilbii | Qabeenya guddaa hin sochoone |
| Dogoogoo | Gumbii yookaan gootaraa midhaan itti naqatan |
| Faccisuu | Of irraa lolachuu |
| Gaadduu | Afuura seexana kan nama fakkaatee deemu |
| Walaalamii | Nama asiif achi jedhu, dhaabbataa kan hin taane |

# TARTIIBA FAKKIIWWANII

Fakkii 1. Hidda Latiinsa Oromoo godina Shawaa Lixaa ............................................................ 11
Fakkii 2. Kaartaa iddoo qorannichaa............................................................................................ 12

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**


*AXEREERAA* ... i

GALATA ... ii

TARTIIBA FAKKIIWWANII ... iv

BAAFATA ... v

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ... 3

1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa ... 5

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ... 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ... 5

1.4.2. Kaayyoo Gooree ... 6

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 6

1.6. Daangaa Qorannichaa ... 6

1.7. Hanqina Qorannichaa ... 7

1.8. Qindoomina Qorannichaa ... 7

1.9. Haala Ibsa Naannoo Godinichaa ... 8

1.10. Hidda Latiinsa Oromoo Shawaa Lixaa ... 11

BOQONNOO LAMA: SAKATTA’A BARRUU ... 13

2.1. Fookiloorii ... 13

2.2. Ogafaan ... 14

2.3. Amaloota ogafaanii ... 14

2.3.1. Uummatummaa ... 14

2.3.2. Lufummaa ... 15

2.3.3. Miidhagummaa ... 15

2.3.4. Hurrubummaa ... 15

2.3.5. Yoomeessa ... 15

2.3.6. Jijjiiramummaa ... 16

2.4. Faayidaa Ogafaanii ... 16

2.5. Goorowwan Ogafaanii ... 18

2.5.1. Seeneffamoota ... 19

2.6. Maalummaa Oduu durii ... 20

2.7. Amaloota Oduu Durii: ... 20

2.8. Faayidaa Oduu Durii ... 21

2.9. Gosoota Oduu durii ....... 22
2.9.1. Oduu durii seenessaa ....... 23
2.9.2. Oduu Duriii Ibsaa ....... 23
2.9.3. Oduu Durii Gootummaa ....... 23
2.9.4. Oduu Durii Bineensotaa ....... 23
2.10. Uumamaafi Bifa Oduu durii ....... 23
2.11. Yoomeessaafi Adeemsa Himinsa Oduu Durii ....... 24
2.11.1. Yoomeessa Himinsa Oduu Durii ....... 24
2.11.2. Adeemsa Himinsa Oduu Durii ....... 24
2.12. Walitti Dhufeenya Hawaasaafi Oduu Durii ....... 25
2.13. Yaaxxina Qorannoo ....... 26
2.13.1. Yaaxxina Fayyadeessumaa ....... 26
2.13.2. Yaaxxina Xiinsammuu ....... 27
2.14. Qorannoowwan Mata Duree Wal Fakkaatan ....... 27
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO ....... 29
3.1. Saxaxa Qorannoo ....... 29
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa ....... 29
3.2.1. Madda Ragaa 1ffaa ....... 29
3.2.2. Madda Ragaa 2ffaa ....... 29
3.3. Irraawwatamtoota ....... 29
3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ....... 30
3.4.1. Iddattoo ....... 30
3.4.2. Mala Iddatteessuu ....... 30
3.4.2.1. Iddatteessuu Miti carraa ....... 30
3.4.2.1. 1. **Iddattoo Kaayyeeffataa** ....... 30
3.4.2.1.2. **Iddattoo Eeruu/Darbaan Dabarsaa** ....... 31
3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Walitti Qabamu ....... 31
3.5.1. Af-gaaffii ....... 31
3.5.2. Marii Garee ....... 32
3.5.3. Sakatta'a Dokmentii ....... 32
3.6. Mala Funaansa Ragaa ....... 32
3.7. Mala Ragaa Qaaccessuu ....... 33
3.8. Naamusa Qorannichaa ....... 33
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ....... 35
4.1. dhaamsa Oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Biratti ....... 35
4.1.1 Tokkummaa Barsiisuu ....... 37

4.1. 2. Dhaamsa oduu duriitiin Jireenya Hawaasummaa Barsiisuu ....39
4.1.3. Oduu Duriitiin Haala Dinagdee Barsiisu ....43
4.1. 4. Oduu Duriitiin Siyaasa Barsiisuu ....44
4. 1.5. Jaalala, Obsa Qabaachuu, Waldanda'uufi Wal Deeggaruu Dhaloota Barsiisa ....46
4.1.6. Oduu Durii Manneen Barnootaa Keessatti Barsiisuufis itti fayyadamu ....50
4.1.2.Hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa Oduu Duriitti Fayyadamee Dhaloota Gorsa....51
4.1.2.1. Oduu Duriitti fayyadamuun Dhaloota Gootummaa Akka Horatan Gorsuu ....51
4.1.2.2. Oduu Duriitti Fayyadamuun Gowwummaan Badaa Ta'uu Gorsu ....53
4.1.2.3. Oduu Duriitiin Gamnummaan Gaarummaa Akka Qabu Gorsuu ....55
4.1.2.4. Oduu Durii Miidhaa Gorsa Diduun Fidu Agasiisan ....59
4.2. Yoomeessa Oduu Durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Biratti ....60
4.2.1. Galgala Ibidda Biratti ....61
4.2.2 . Yeroo Jaarsummaaf Odaa Jala Taa'an ....61
4.2.3. Oduu Durii Manneen Barnootaa Keessatti Barsiisuufis itti fayyadamu ....65
4.3. Haala Itti Fayyadamaafi Itti Fufiinsa Oduu Durii Dhaloota Si'anaa Biratti Mul'atu Akka Godina Shawaa Lixaatti ....66
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ....69
5.1. Cuunfaa ....69
5.2. Argannoo ....70
5.3.Kallattii Gara Fulduraatti ....71
WABIILEE ....I
DABALEEWWAN ....III
DABALEE A ....IV
DABALEE B ....VIII

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Qorannoon kun qaaccessa dhaamsa oduu durii irratti kan xiyyeeffateedha.Walii galli qabiyyee boqonnaa kanaa seenduubee qoranichaa, ka'umsa qorannichaa,gaaffii qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, kaayyoo gooroo qorannichaa, kaayyoo gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa,qindoomina qorannichaa, ibsa haala naannoo qorannichaafi hidda latinsa Oromoo Shawaa Lixaa qabachuun walduraa duubaan kan dhiyaatedha.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ogafaan saba tokkoof ibsituu aadaafi eenyummaati. Kana jechuun, ogafaan dhimmoota hawaasaa kanneen akka aadaa, duudhaa, eenyummaafi falaasamni garaagaraa kan ittiin dhaloota dhalootatti darbu hambaa uummataati. Yaada kana Kabbadaa Baqqalaa (2009, f. 2) Malaakneh (2003) waabeffachuun akka ibsutti, "Ogafaan hambaa dhalli namaa ergaa yookiin seenaa tokko dhaloota gara dhalootaatti ogummaa afaaniin dabarsuudha" jedha. Kunis, hawaasni durii kaasee otoo barnoonni ammayyaa hin babal'atiin ijoollee isaa kallattii adda addaatiin ogafaanitti gargaaramee barsiisaa ture, har'as barsiisaa jira, gara fuula duraattis ittiin barsiifata jechuudha. Dabalataanis, Geetaachoo Rabbirraa (2005, f.141) yemmuu ibsu, "ogafaan faayidaalee hedduu qaba. Isaanis haara galfiif, ittiin bashannanuuf, aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaa, jiruufi jireenya hawaasaa ibsuuf gargaara" jedha. Akka yaada kanaatti, ogafaan dhala namaatiif meeshaa ittiin bohaaraniifi haala jiruf jireenya hawaasichaa ittiin baratan ta'uu isaati.

Ogafaan goorowwan garaa garaa of keessaa qaba. Yaada kana Asafaa (2009, f.30) goorowwan ogafaanii yommuu ibsu, "ogummaa afaaniitiin warreen darban oduu durii, geerarsa, weedduu, sirboota jaalalaafi kan kana fakkaatan of keessatti hammata. Goorowwan kun tokkoon tokkoon isaanii akkaataa itti darbaniin, yoomeessa keessatti raawwatamaniifi hurrubummaa mataa isaanii qabu" jedha. Gooroowwan ogafaanii jiran kana mara irratti yeroo tokkoon qorannoo gaggeessuun waan hin danda'amneef, qorattuun kun goorowwan ogafaanii jiran keessaa oduu durii filatteerti. Oduun durii gosoota hololoo keessaa isa olaanaa tahee bifa walaloo hin taaneen kan qophaa'uufi waa'ee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo dhimma hawaasummaa, tokkummaa, siyaasaa, falaasamaafi taatee durii kan ibsuudha.

Biyyoonni guddatan afoola hawaasa keessa jiru bu'aa isaa waan baraniif magaalaa irraa gara baadiyyaatti gadi bu'uun aadaa makaa hin qabne kan dhaloonni meeshaa ammayyaa malee yaada sammuu isaatti qabatee osoo unkaafi ergaa isaa hin jijjiiriin asiin gahe walitti qabuun bu'uura ta'an

jiru. Biyyoonni kunis, dhufaatiifi babal'ina qaroomina Giriikii, Roomaa waliin walqabatee, 'mythodology' bade deebisanii ijaaruuf gara ogafaanitti fuulaa isaanii deebisanii akka turan seenaan ni mirkaneessa. Kanaafis, namoota baadiyyaa kanneen ilaalchi magaalaa beekumsa isaanii ganamaa kan hinfaalle akka madda odeeffannootti gargaaramaa turan. Yaada kana Dundes (1980, f.1) akka ibsutti,

> Lammiileen Jarman, obbolaan lamaan Jacob Grimm (1785-1863) fi Wilhelm Grimm (1786-1859) yeroo jalqabatiif oduu durii walitti qabanii; oduun duriifi haalli dubbii isaanii raacitii jireenya hawaasa durii of keessaa qaba yaada jedhu irraa argachuuf odeeffannoo argamu qaaccessuudhaan haalli dur hawaasni lafa sanarra jiru keessa ture maal fakkaata kan jedhu duuba deebi'anii ilaaluun bara 1812 kitaaba mata dure 'Kinder and hausmarchen'jettu maxxansiisutiin ijoolleen barnoota ogafaan irraa akka baratan kan godhan warra Jarmaniti jedha.

Kana malees, biyyoonnii Afrikaas oduu durii akka qaama beekkumsaatti fudhachuun biyyoota guddatan fakkeenya godhatanii yommuu tattafatan ni mul'atu. Kanas, Noei1Io Noverino (1985, f. 63) akka ibsutti, Barreessaan lammii Afrikaa Kibbaa Piroofeesar CLS Nyembezi kitaabota 67 seenaa bineensotaa oduu durii Aesop of keessaa qabu walduraa duubaan hike, kaayyoon koo fedhii hambaa aadaa Zuuluu dhaloota dhufuuf kunuunsuuf jecha jedhun itti fufee oduu durii tokko tokko barattoota Zuuluuf hiikuuf filate. Bineensota naannoo Zuuluu Afrikaa Kibbaatti hin beekamne tokko tokko bakka buuse jedha. Dabalatanis Abraham (1983) akka ibsutti,

> Hawaasa Afrikaa hedduu keessatti gama barbaachisaa ta'een barnoonni aadaa ogafaaniin barsiisuu ilaallata. kunis oduu durii, hiibboofi mammaaksa fayyadamuun kan amala ijoollee sirreessee dhiyeessuuf kaayyeffateedha. Kan ijoollee barsiisuus, kanneen akka amanamummaa, qulqullummaa, ija jabinaa, gamtaan jiraachuufi kan kana fakkaataniidha jedha.

Biyya keenya Itiyoophiyaa keessattis, oduun durii hambaalee kiliyaa ta'ee dhaloonni Kan aadaa, seenaa, duudhaa, safuu safeeffannaa irraa barataa dhufaniidha. Kana irraa ka'uun Margaa; Bakar fi Mikaa'el (1997) akka ibsanitti,

> Seenaan oduu durii naannolee addunyaa bal'inaan faca'an irraa yeroo baay'ee walfakkeenya ajaa'ibaa qaba. Kunis, oduu durii Aesop, halkan kumaafi tokko, oduu durii Ameerikaa Kaabaafi oduu durii Awurooppaa wajjin walitti dhufeenya agarsiisan qabu. Akka fakkeenyaatti haadha warraa hamtuufi haadha warraa rakkistuu ni jiru. Seenaan hundi garuu mi'aa Itiyoophiyaa kan qaban yoo ta'u, haala jiruufi seera aadaa dhaloota barsiisuu keessatti faayidaa heddu qabu jedhu.

Akkuma hawaasa addunyaa kanaa, ummanni Oromoos oduu durii dhimmoota garaa garaaf itti tajaajilamaa akka ture beekamaadha. Bu'uruma kanaan, oduuwwaan durii kana Oromiyaa bakkeewwan adda addaa keessaa walitti qabuun akka dhaloonni irraa baratan kan godhan namoonni muraasni jiru. Odeeffannoo toora interneetii irraa akka ibsutti Margaafi Bakar (1997) Oromiyaa irraa Finfinnee, Asaasaa, Gobbaafi Garbaa Gurrachaa keessaa oduu durii walitti qabuun dhalootni akka irraa baratu godhaniiru.Qooddattoonni oduu duriis, nama yookan bineensota ta'uu danda'u. Oduun durii galgala galgala maatiin erga walitti qabamee kan taphatamuudha. Kaayyoon isaa inni guddaan bohaarsuu yookaan bashannansiisuu ta'ee adeemsa kana keessa dhaamsa/ergaa dabarfachuun ni danda'ama. Kanamalees, ijoolleen yeroo oduu durii dhaggaafatanii icciitii naannoo isaanii akka hubataniifi gadi fageenyaan akka waa xiinxaluu danda'an kan jajjabeessudha. Yaada kana Rose, J .S (2019, f.167) yoommuu ibsu,

> Oduun durii ijoolleen ilaalcha addunyaa isaanii ilaalcha haaraatiin akka babal'isan yaadachiisa. Aadaa addunyaa keessa jiraniifi muuxannoo jireenyaa akka hubatan isaan jajjabeessa. Kanamalees, guddina amalaafi dandeettiif qabeenya murteessadha. Akkasumas, ijoolleen ergaawwan tarkaanfii ijaarsaa dandeettii isaanii dadammaksaniifi dinqisiifannaa aadaa naannoo isaanii irraa barachuudhaan hubannoo guddaa argatu jedha.

Yaada kanarraa kan hubannu oduun durii dandeettii ijoollee kallattii garaa garaan akka cimuu gochuuf kan gargaaru ta'uu isaati.Oromoon oduu duriitti fayyadamee rakkoo hawaasummaa, tokkummaa, siyaasaafi dinagdee isa mudate ibsata. Kanamalees,oduu duriitiin dhaloota jajjabeessuun onnachiisuu, dogoggora irraa akka of eeguu gochuu, karaa sirrii irra akka deemuuf gorsuun qajeelcha. Kanaaf, aadaafi duudhaa hawaasni kun dhiibbaan garaa garaa osoo hin daangeessin ciniinnatee asiin gahe kana hawaasa baadiyyaa keessatti gadi bu'uun oduu durii Orom-durii isa ganamaa walitti qabuun ergaa isaa dhaloonni fuula duraa dhufu akka irraa barataa deemu gochuun gahee qorataa tokkooti. Kanuma bu'uura godhachuun, qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate qaaccessa dhaamsa oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessatti kan jedhu adda baaheera.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon garaa garaa oduu durii irraatti gaggeeffamaniiru. Kun immoo guddina ogafaaniif ga'ee guddaa qaba.Garuu qaawa jiru mara guuta jechuun rakkisaadha. Qaawa kana guutuuf ka'umsa kan ta'e dagatamaa deemuu ogafaan Oromoo keessattuu oduu durii Oromooti. Yaada kana Wasanee (2008, f. 5) akka ibsutti, "Aadaafi duudhaa laafaafi dagatamaa dhufan keessaa ogafaan isa tokkoodha" jedha. Kanaaf, aadaan kun dagatamee yoo hafe seenaan aadaan, eenyummaaniifi falaasamni uummata

Oromoo keessatti hafa waan ta'eef ogafaan kana deebisuuf, tursiisuuf, kanneen dagataman yaadachiisuuf badirraa hambisuun qorattuu kanaaf ka'umsa ta'aniiru.

Gaheen qorataa tokkoo waan hawaasa keessatti dhokate yookaan dagatamee ture qoratee baasudha.Yaada kana Addunyaan (2011, f.53-54) yommuu ibsu, "Ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti yookaan waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffameerratti mul'atu; dhimmichis rakkoo yookaan qaawwaa jiru tokko duuchuuf, yaaxina tokko haaromsuufi ibsa bal'aa dhimmicharratti kennuudhafi" jedha.

Kanarra kan hubatamu, ka'umsi qorannoo tokko gaaffiwwan qorannoon kun maaliif gaggeeffame jedhuufi qaawwa akkamii duucha jedhuuf deebii kenna kan jedhuudha.

Qaaccessa dhaamsa oduu durii waliin wal qabatee tokko tokkoon qaacceffamee qindaa'ee dhaloota boruuf akka taa'u qorannoon qoratamee kallattidhaan qorattuun hanga sakattaatee argitetti hin jiru. Kanaaf dhaamsa oduun durii qabu qaacceessuun dhaloonni dhaamsa isaa akka hubatu gochuuf qorattuun ka'umsa taasifatterti. Hamman sakatta'ametti qorannoowwan kallattiin mata duree kana irratti hojjataman jiraachuu baatanis, oduu durii Oromoo irratti qorannoon gaggeeffame tokkollee hin jiru jechuu miti. Garuu mata duree qaaccessa dhaamsa oduu durii waliin kan wal qabatu irratti qorannoon gaggeeffame baay'ee hafa. Kanuma bu'ura godhachuun qorattuun kun mata duree kanarratti qorannoo gaggeessiteetti.

Qorannoon gama oduu duriitiin mata duree garaa garaan gaggeeffames jira. Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne, digrii lammaffaa guuttachuuf Wandimmuun (2008) qorannoo mata duree "Qacceessa Caaseffama Durdurii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ejeree" jedhu irratti gaggeesseen oduu duriiwwan qaaceesuudhaan ija modeela caaseffamaatiin maaltu jiraafi maaltu akka hin jirre beekuuf kan jedhu xiyyeeffannoo qorannoo isaa godhate.

Qorannoo isaa keessatti ciminni jiru yaadiddama caasessummaatti gargaaramuun bifa ifaa ta'ee caasaa isaaniin qoodee kaa'era. Garuu, hawaasni nannichaa maal maaliif oduu durii kanatti gargaaramaa jira kan jedhu irratti qawaan jira. Kanaaf qorattuu kunis, qawaa kana duuchuuf mata duree "Qaaccessa dhaamsa Oduu Durii Godina Shawaa Lixaa Keessatti" jedhu irratti qorannoo gaggeessiteerti. Xiyyeeffannoo isaa durdurii qaaceesuudhaan ija modeela caaseffamaatiin maaltu jiraafi maaltu akka hin jirre beekuudha. Walitti dhufeenyi isaa, gooroowwan ogafaanii keessaa oduu durii irraatti qorannoo gaggeessuu isaati. Garaa garummaan isaa oduu durii walitti qabe ija modeela caasessummaatiin qoqqoodee kaa'uu isaati.  Garuu, oduun durii dhaamsa akkamii of keessaa qaba kan jedhu irratti qaawan jira.

Kanuma bu’uura godhachuun, qorattuun mata duree “Qaaccessa dhaamsa Oduu Durii Godina Shawaa Lixaa Keessatti” jedhu irratti qorannoo gaggeessiteerti.

Caaltuu (2012) mata dure “Qaccessa Ergaa Durdurii Mala Maltee Godina Iluu Abbaa Boor” jedhu irrattii qorannoo gaggeessiteen, durduriin mala maltee jiruufi jireenya saba Oromoo keessatti faayidaa ol’aanaa akka qabuufi keessumaa rakkoo ofis ta’e maatii ofiifi lammii ofii quunnamu irraa baraaramuuf tooftaan bakka guddaa akka qabu ifa gootera. Garuu, oduun durii dhaamsa akkamii qaba kan jedhu tokko tokkoon qoqqooddee hin keenye. Kaayyoon ishee Qaccessa Ergaa Durdurii Mala Maltee Godina Iluu Abbaa Boor qorachuudha. Xiyyeeffannoon ishee durduriiwwan mala maltee jiruuf jireenya hawaasa Oromoo keessatti faayidaa maalii akka qabu adda baasuudha.Walitti dhufeenya qorannoo kanaa ogafaan Oromoon qabu keessaa qaaccessa ergaa oduu durii irratti qorannoo gaggeessu isheeti.Garaagarummaan jiru durdurii mala maltee walitti qabuun ergaa isaatiin qaaccessuudha.

Qorattuun kun immoo, “Qaaccessa dhaamsa Oduu Durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessatti jedhu irratti qorannoo gaggeessiteen Oduun durii, kan hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa meeshaa godhatee aadaa, seenaa, duudhaa, safuufi barsiifata adda addaa ittiin wal barsiisuufi dhaloota karaa irraa maqe kallattii barbaachisaa ta’etti qeequudhaan, gorsuufi sodaachisuudhaan karaatti akka isaan deebi’an godhu ta’uu isaati. Kanamalees, oduu duriitiin tokkummaa, hawaasummaa, haala dinagdeefi siyaasa barsiisuun akka danda’amufi goowuummaan gaarummaa akka hin qabne, gamnummaa, gootummaa, jaalala, waliif obsuu, waldanda’uufi wal deeggaruun immoo gaarummaa akka qabu dhaloota gorsaa dhufuun isaa bira ga’ameera. Bu`uuruma kanaan, qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebiseera.

## 1.3. Gaaffilee Bu’uuraa Qorannichaa

1. Oduuwwan durii filataman dhaamsa akkamii qabu?
2. Hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa Oduu durii yoomeessa akkamii keessatti itti fayyadama?
3. Haalli itti fayyadamaafi itti fufinsa dhaamsa oduu durii yeroo ammaa kana akka Godina Shawaa Lixaatti maal fakkaata?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa “Qaaccessa dhaamsa Oduu Durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Keessa jiru qorachuudha.

### 1.4.2. **Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti:

1. Oduuwwan durii filataman dhaamsa akkamii qabu kan jedhu ibsuu.
2. Hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa Oduu durii yoomeessa akkamii keessatti akka itti fayyadaman ibsuu.
3. Haalli itti fayyadamaafi itti fufinsa dhaamsa oduu durii yeroo ammaa kana akka Godina Shawaa Lixaatti maal fakkaata kan jedhu ibsuu.

## 1.5. **Barbaachisummaa Qorannichaa**

Qorannoon tokko qorachuun kan barbaachisuuf, rakkoo mul'ate tokkoof fuurmaata barbaadudhaafi. Oromoon falaasama mataasarra darbee Addunyaaf ta'u qaba. Haata'umalee, ofii isaaf itti fayyadama waliin walqabatee baay'atee hin mul'atu. Kanaaf, qorannoon kun kan barbaachiseef;

- ❖ Falaasama Oromoo kan ta'e oduu durii hawaasni qabu kana walitti qabuun ergaa isaa qaaccessuun bifa dokmentiitiin kaa'uudhaan dhaloonni akka irraa baratu gochuuf ni barbaachisa.
- ❖ Oduun durii dhimma bal'aa waan of keessatti qabatuuf gad fageenyaan qorachuun hiika sirrii ilaalcha gaarii irraa madde kennuun dhaloota ittiin barsiisuu, gorsuu, bashannansiisufi eenyummaa isaanii akka hubataan taasisuuf qorannoon kun ni barbaachisa.
- ❖ Hawaasni naannichaa aadaafi duudhaa miidhagaa qabu kana deebi'ee akka kunuunfatuuf yaadachiisuufillee ni barbaachisa.
- ❖ Quuqama aadaa isaa kan qabu yoo jiraate oduu durii walitti qabamu kana kara kitaabaatti jijjiiruun dhaloota hunda akka waliin gahuufis ni barbaachisa.
- ❖ Namoota qorannoo mata duree kana walii walqabatu gaggeessaniifis akka ka'umsaatti ni tajaajila jedhamee yaadama.

## 1.6. **Daangaa Qorannichaa**

Qorataan tokko qorannoo gaggeessuuf dursa waan irratti gaggeessuu, bakkaafi madda irratti gaggeessuun daangessa.Yaada kana Wandimmuun (2008, f.8) Yaalew (2011) wabeeffachuun yoo ibsu,"Daangaa qorannoo kan jennu bakka qorannichi itti gaggeeffamu, dhimma qoratichi irratti xiyyeeffateefi baay'ina namoota odeeffannoo qorannichaa irraa fudhataman kan hammatuudha" jedha. Kanuma bu'uura godhachuun, daangaan qorannoo kanaa gosoota afoolaa keessaa qaaccessa ergaafi itti fayyadama oduu durii irratti kan bu'ureeffateedha. Bakki qorannoon kun itti gagggeeffame Godina Shawaa Lixaa hawaasa Oromoo Aanaa Ejeree, Ejersa Lafoofi Dandii irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u

Aanaalee kanneen keessaa gandoota sagal kan qorattuun odeeffannoo gahaa argadha jettee yaaddee, haala nageenyaa waliin wal qabatee bakka tasgabbii qabduufi lafa hojii ishee waliin dhiyoo kan taate, aanaa Ejersa Lafoo keessaa, magaala Olankomii ganda 01, Korrisoo Iddoo Gubaafi Gaarree Kooraati. Aanaa Dandii keessaa, Magaala Gincii ganda 01, Malkaa Awaashiifi Tulluu Aannannooti. Aanaa Ejeree keessaa, magaalaa Addisaalamii ganda 02,Areertuufi Cirrii filattee daangeffachuun qorannoo irratti gaggeessiteerti. Qorannoon kun garuu, qaaccessa dhamsi oduu durii hawaasicha birattii maal maaliif oola kan jedhuudha. Kanamalees, baay'ina namoota odeeffannoo irraa walitti qabattee digdamii shan(25) irratti daangessiteerti.

Sababni qorattuun kun mata duree kana irratti daangessiteef, Ogafaan jiru hunda iddoo tokkotti qorachuun miidhagina isaa gadi buusa waan ta'eef oduu durii irratti daanga'eera. Al tokkotti Godinaalee kana mara irratti qorannoo gaggeessuun rakkisaa waan ta'eef Godina Shawaa Lixaa irratti daanga'eera. Sababa haala nageenyaaf aanaalee Godina kana bakka bu'an keessaa kan kallattii hundaan giddu gala taateefi sabaaf sablammiin afaan garaa garaa dubbatuufi aadaa garaa garaa qabu itti heddummatu aanaalee sadii keessaa gandoota sagal filachuun daanga'eera. Namoota ragaa quubsaan irraa argamu filachuun baay'inni isaanii daanga'eera.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf rakkoolee hedduun nama mudachuu danda'u. Rakkoolee kanneen keessaa kan qorattuu mudatan; Godina Shawaa Lixaa keessaa aanaalee 3 gandoota 9 irratti xiyyeeffachuuniifi muuxannoo dhabuun qorattuu hanqina.Ragaawwan mata duree kanaan walqabatan kitaaban kan maxxanfamaniifi qoratamanii taa'an haala gahaa ta'een argachuu dhabuudha. Namoonni eerudhaanis ta'ee murtoon qorattuun iddattoo godhatte yeroodhaan qabamuu dhabu. Kanajechuun beellama baay'isuun qorattuu deddeebisuun ni mul'ataa. Ta'us garuu, qorattuun kun gufuuwwan kana hundumaaf fala barbaaduudhaan qorannoon kun akka galma ga'u gooterti.

## 1.8. Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo kanaa haala wal duraa duuba isaa eeggateen qindaa'ee mata duree kana jala kaawwameera. Kunis, boqonnaa shan kan of keessatti hammateedha. Isaanis, boqonnaa tokkoffaan; seenduubee bakka qorannichi itti gaggeeffamee, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo gooroo, kaayyoo gooree, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaa haalaa ibsa naannoo qorannichaa of keessatti qabateera. Boqonnaan lammaffaan, sakatta'a barruuwwan wal fakkii; fookloorii, ogafaan, amaloota ogafaanii, faayidaa ogafaanii, goorowwan ogafaanii, seeneffamoota, raagamtaa, af-seenaa, oduu durii, amaloota oduu durii, faayidaa oduu durii, gosoota oduu durii, uumamaafi bifa oduu durii,

yoomeessa oduu durii ,walitti dhufeenya hawaasaafi oduu durii,yaaxina qorannoofi qorannoowwan mata duree wal fakkii wal duraa duubaan dhiyaataniiru.

Boqonnaan sadii mala qorannoo yoo ta'u kunis, saxaxa qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, irraawwatama, mala iddattoofi iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa, mala funaansa raga, mala qaacceessa ragaafi namuusa qorannichaa of keessaa qaba. Boqonaan afraffaan immoo, raga dhiheessuufi qaaccessuudha. Kana jalatti, dhaamsa oduu durii waliin wal qabatee Oromoon Godina Shawaa Lixaa maal maaliif itti dhimma bahaa kan jedhu wal duraa duubaan akkaataa ergaa qabaniin qoqqoodamaniiruu. Oduuwwan durii walitti qabamanis, lakkoofsaan 26 yoo ta'uu kenneen keessaa 21 dhaamsa isaanitiin qaacceffamaniiru. Kunis, hawaasni Oromoo Godina shawaa lixaa oduu duriitti fayyadamee dhaamsa dhalootaf dabarsa kan dabarsuus; tokkummaa, jireenya hawaasummaa, haala dinagdee, siyaasa, jaalala, waliif obsuu, waldanda'uufi wal deeggaruufi daree barnootaa keessattillee oduu duriitiin dhaloota barsiisuuf kan itti fayyadamu ta'uu isaa ibsa.

Dabalataanis, gootummaa akka horatan gorsuu, gowwummaan badaa ta'uu, gamnummaan gaarummaa akka qabufi miidhaa gorsa diduun fidu oduu duriitti fayyadamee akkamitti akka gorsu kan of keessatti hammateedha. Fakkaattiiwwan seenaa oduu durichaa gara fuulduraatti tarkaanfachiisan bineensotaa, nomoota, beelladootaafi uumama biroollee akka of keessatti qabatu ni eera. Akkasumas, yoomeessa oduu durii waliin wal qabatee bakkeewwan heddutti haa fayyadamanii malee baay'inaan beekkamtii kan qabu galgala galgala ibidda birattiifi yeroo jaarsummaaf odaa jala taa'an akka itti fayyadaman odeefkennitoonni qorattuu kanaaf kan kennan ta'uus boqonnaa kana jalatti eerameera. Gama biraatinis, haala itti fayyadamaafi itti fufiinsa oduu durii dhaloota si'anaa biratti mul'atu quubsaa ta'uu dhabuu isaa odeefkennitoota irraa kan adda ba'e (ibsame) ta'uu isaafi kan kana fakkaatan boqonnaa kana jalatti wal duraa duubaan dhiyaataniiru. Boqonnaan dhumaarratti cuunfaa argannoofi yaada furmaata of keessatti qabateera.

## 1.9. Haala Ibsa Naannoo Godinichaa

Bakki qorannoon kun irratti adeemsifame naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Lixaati. Magaalaan guddittiin Godina Shawaa Lixaa Amboodha. Magaalli Amboo Finfinneerraa gara dhihaatti fageenya kiiloo-meetira 114 irratti argama. Godinni Shawaa Lixaa bara 1984 hundeeffamte. Godinni Shawaa Lixaa Godinaalee birootiin daangeefamtee argamti. Isaanis, Bahaan Godina Addaa Oromiyaa naannawaa Finfinnee, Dhihaan Godina Jimmaafi Wallagga Bahaa, Kaabaan Godina Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Amaaraa, Godina Shawaa Kaabaafi Godina Horroo Guduruu Wallaggaatiifi Kibbaan Godina Shawaa Kibba Lixaan daangeeffamtee argamti. Yeroo ammaa kana Godinni Shawaa

Lixaa aanota 23 gandoota baadiyyaa 528, (dhibba shaniifi digdamii saddeet) kan magaalaa 62 (jaatamii lama) walumaagalatti gandoota 590 (dhibba shaniif sagaltama)kan qabdudha. Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffate aanaalee Godinni Shawaa Lixaa qabdu keessaa aanaa Ejersa Lafoo, Ejereefi Dandiiti.

Aanaan Ejersa Lafoo bara 2008 hundoofte. Aanaan Ejersa Lafoo magaala gudditti Godinichaa irraa kiiloo-meetira 41 fagaattee kara Bahaatti argamti magaala guddoo Oromiyaa Finfinnee irraa kiiloo-meetira 66 fagaatte kara Lixaatti argamti.Aanaan Ejersa Lafoo aanolee Godina Shawaa Lixaa sadii(3)fi aanolee Godina Shawaa Kibba Lixaa lama (2), walumaa galatii aanolee shaniin kallattii arfaniinuu daangeffamtee argamti. Isaanis, gara kaabaatiin aanaa Jalduu, gara Kibbaatiin aanaa Daawoofi aanaa Iluu, gara Bahaatiin aanaa Ejeree, gara Lixaatiin aanaa Dandiitiin daangeffamtee argamti. Aanaan kun gandoota baadiyaa 17fi gandoota magaalaa 3, waliigala gandoota 20 of jalaa qabdi. (Maddi: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ejersa Lafooti)

Aanan Ejeree aanolee Godina Shawaa Dhihaatti argaman keessaa tokko yoo taatu, magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa gara dhihaatti kiiloo-meetira 44 Godina Shawaa Dhihaa magaala guddiitt Amboo irraa gara bahaatti kiiloo-meetira (70km) Aanan Ejeree gandoota baadiyyaa 27fi magaalaa 3 walitti gandoota 30 yoo qabaattu, Ejereen aanolee ja’aan daangeeffatee argamti. Isaanis, karaa Bahaa aanaa Walmaraa, karaa Dhihaa aanaa Ejersa Lafoo, karaa Kibbaa aanaa Iluufi Dawoo, karaa Kibba Bahaa aanaa Sabbataa Hawaas, karaa Kaaba Dhihaa aanaa Meetta Roobiifi karaa Kaaba Bahaa aanaa Ada’aa Bargaatiin daangeffamtee argamti.

Aanan Dandii aanolee Godina Shawaa Dhihaatti argaman keessaa tokko yoo taatu, magaalaa guddoo biyyattii Finfinneerraa gara dhihaatti kiiloo-meetira 78 Godina irraa gara bahaatti kiiloo-meetira 35 fagaattee argamti. Aanaan Dandii kan hundoofte bara 1946 keessa. Aanan kun, gandoota baadiyyaa 35fi magaalaa 6 walitti gandoota 41 qabdi. Aanaan Dandii aanolee afuriin daangofti. Isaanis, Bahaan aanaa Ejersa Lafoo, Dhihaan aanaa Amboo, Kaabaan aanaa Jalduu, Kibbaan aanaa Daawoo Kaabaafi Lixaan aanaa Ilfataatiin daangeeffamtee argamti. (Maddi:Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Dandiiti)

**Haala Qileensaa godinicha**

Haallii qileensa godinichaa jireenyaafis ta’ee oomishaaf baay’ee mijaa’adha. Haallii qileensa ishee baddaan 27%, badda dareen 56% fi gamoojjiin 17% dha.

### A. Baay'ina Uummata godinichaa

Uummanni Godina Shawaa Lixaa haala adda addaan bakka gara garaa qubatee argama. Akka ragaan waajjira Kominikeeshinii Mootummaa Godina Shawaa Lixaa irraa argametti jiraattonni maagalaa dhi 181.430 (kuma dhibba tokkoof saddeettamii tokkoofi dhibba afuriifi soddoma) dha=108.856 (kuma dhibba tokkoof saddeetiifi dhibba saddeetiif shantamii ja'a) waliigala, 290.286,(kuma dhibba lamaaf sagaltamaafi dhibba lamaaf saddeettamii ja'a) jiraattonni baadiyyaa dhiira 1,273,249 (miiliyoona tokkof kuma dhibba lamaaf torbaatamii sadiifi dhibba lamaaf afurtamii sagal) dhalaan 763,949 (kuma dhibba torbaaf jaatamii sadiifi dhibba sagaliif afurtamii sagal) waliigala 2.037,199 (miliyoona lamaaf kuma soddomii torbaafi dhibba tokkoof sagaltamii sagal) ta'u.

(Maddi: Waajjira Kominikeeshinii Mootummaa Godina Shawaa Lixaa)

### B. Dinagdee uummata Godinichaa

Dinagdee uummatichaa ilaalchisee, irra caalaan isaa qotee bulaa dha. Kunis, lafa qotuufi horii horsiisuun jireenya isaa gaggeessa. Gosonni oomishaalee baay'inaan godinicha keessatti oomishaman; Midhaan biilaa (qamadii, xaafiifi garbuu), Midhaan agadaa (boqqolloofi mishingaa), Midhaan dheedhii (baaqeelaa, atara, boloqqee, shumburaa, misiraafi gaayyoo ), Midhaan Zayitaa (suufii, talbaa, saalixaafi sanyii raafuu) godina kana keessatti ni oomishamu.

Godinni Shawaa Lixaa aadaa boonsaafi qabeenyaa uumamaa ta'anii kanneen hawwata tuurizimiitiif ooluu danda'an hedduu qabdi.

### C. Aadaa uummata godinichaa

Hawaasni Godina Shawaa Lixaa ilma gahe kan ittiin fuusiisuufi intala geese kan ittiin heerumsiisu aadaa fuudhaafi heerumaa, sirna milkii ilallannaa, kan wal-dhabe ittiin araarsu aadaa jaarsummaa, lubbuu darbe kan ittiin gumaa baasu aadaa sirna gumaa qaba. Kanamalees, qiixisuun nooruu kennee hangafni immoo kan nibaruu ittiin fudhatu aadaa wal kabajuufi kanneen biroollee qabu. Aadaa ogafaanin darban kanneen akka sirbaa, faaruu, mammaaksa, hiibboo, baacoo, himteewwa garaa garaa kan qabuudha. Akkasumas, aadaa nyaataafi dhugaatii kanneen akkacuukkoo, caccabsaa, marqaa, qorii, buna qalaa, caabitaa, qummusiifi dhugaatii aadaa, booka, buqurii, farsoo, araqee/quduftiifi kan kana fakkaatan kan qabuudha.

D. **Amantaa Hawaasa Godinichaa**

Uummanni Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessa jiraatu amantaa Waaqeeffata, musiliima, Piroteestaantiifi Ortodoksii kan hordofuudha. Namoonni amantaalee garagaraa hordofaa jiran kun jaalalaafi wal kabajuun jiraatu.

**E. Qabeenyaa Uumamaa Godinichaa**


Qabeenya uumamaa Godinichi qabu, dhagaa Amboo, bosona Jibaat, bosona Cillimoo, Odaa Bisiil, simbirro bargaa fi lageen Bonaa Ganna yaa'an kanneen akka laga Huulluuqaa, Daabbis, Qaalee fincaa'aawwan adda addaa kan qalbii namaa booji'an baay'ee qabdi.

(Maddi: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Shawaa Lixaa)


## 1.10. Hidda Latiinsa Oromoo Shawaa Lixaa

Hidda Latiinsa Oromoo Godina Shawaa Lixaa yooilaalleeMaccaa fi Tuulamni yeroo dheeraaf naannoo Odaa Nabee waliin jiraataa erga turanii booda sababa adda addaatiin irra caalatti immoo sababa dhiphina lafaafi baay'ina namaa irraan kan ka'e yeroo babal'ina daangaa uummanni Oromoo taasisaa turetti obbolaawwan lamaan kan turan Maccaafi Tuulamni akka aadaa Oromootti erga eebba walii kennanii booda Macca gara Lixaa Oromiyaatti fuula naanneeffatee abaabileefi akaakilee hore.

Hidda Latiinsa Oromoo Maccaa kanas bifa itti aanuun ibsuun ni danda'ama.




Fakkii 1. Hidda Latiinsa Oromoo godina Shawaa Lixaa (Maddi: Waajiira Aadaafi Turiizimii Godina Shawaa Lixaa)




Fakkii 2. Kaartaa iddoo qorannichaa(Maddi: Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Shawaa Lixaa)

# BOQONNOO LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Qorannoo gaggeessuuf mata dureen tokko yeroo filatamuu mata duree sanaaf ragaa qabatamaa kan ta'ee kitaabolee, qorannooleefi jornaalota garaa garaa sakatta'uun dirqama qorataa tokko irraa eegamuudha. Kanuma yaada keessa galchuun qorattuun kunis, boqonnaa kana jalatti kitaabolee, joornaalotaafi qorannoo mata duree kana waliin walfakkaatan tokko tokko sakatta'uun bifa seera qabeessa ta'een qindeessuun keesserti. Mata dureewwan boqonnaa kana jalatti argaman, fookiloorii, ogafaan, amaloota ogafaanii, faayidaa ogafaanii, goorowwan ogafaanii, seeneffamoota, raagamtaa, af-seenaa, oduu durii, amaloota oduu durii, faayidaa oduu durii, gosoota oduu durii, uumamaafi bifa oduu durii, yoomeessa oduu durii, walitti dhufeenya hawaasaafi oduu durii, yaaxina qorannoofi qorannoowwan mata duree wal fakkii wal duraa duuban qindaa'uun kan dhiyaatedha.

## 2.1. Fookiloorii

Mallattoon eenyummaa, aadaan jiruufi jireenyaafi beekumsi hawaasni bu'uuraan qabu keessaa inni tokko fookiloorii isaati. Fookilooriin falaasama aadaa eenyummaa garee hawaasaa waliin jiraatanii barsiifata ummatichaa irratti xiyyeeffachuun kan dubbii afaaniin, ogummaan, muuziqaan, sochii qaamaan, taphaan, baacoon, duudhaan, ogummaa harkaafi aartiiwwaan garaa garaan dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeedha. Fookiloorii ilaalchisuun, namoonni adda addaa hiika adda addaa kennu. Akka fakkeenyaatti Dundes (1965,f.1) hiika fookiloorii akka armaan gadiitti ibsa, jechi 'folk' jedhu garee sabaa yeroo ta'u 'lore' immoo wantoota isaan waliin qooddatan bakka bu'a. Dhimmi isaan walitti hidhu sun ogummaa walfakkaatu, afaan, amantii ta'uu danda'a. Sababa kamiinuu haa uumamu duudhaa waliin qaban kan ittiin beekaman ta'uu isaati jedha.

Fookilooriin akka daawitiitti kan keessatti of arginuudha. Jiruufi jireenyi namaa akka walii galaattuu fookloorii dha.Yaada kana Simsfi Stephens (2005, f.12) akka ibsanitti, fookilooriin osoo itti hin yaadiin kan baratamu beekumsa dhaabbataa kan hin taane, waa'ee addunyaa, waa'ee keenya, waa'ee uummata keenyaa, waa'ee amantaa keenyaa, waa'ee aadaa keenyaafi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaleetti gargaaramuun ogummaa (kalaqa) hawaasaa kan ibsuudha jedhu. Uummanni Oromoos, fookiloorii isaatiin beekumsa, dandeettii, falaasamaafi qaroomina aadaa isaa dabarfachaa, jiruufi jireenya dhalootaa qajeelchaa jaarraa lakkaa'aa dhufe. Akka hayyonni fookiloorii qoqqodanitti, fookilooriin goorowwan hedduun qaba. Qoqqooddii fookiloorii ilaalchisee Dorson (1972, f.2) irratti akka kaa'eetti, fookilooriin gooroowwan gurguddoo afur qaba. Isaanis, ogafaan, meeshaalee aadaa, Barsiifata/duudhaa hawaasaa, aadaa sochii qaama jechuudhaan bakka afuritti qoqqooduun akka danda'amu lafa kaa'eera. Qorattuun kunis, gooroowwa fookiloorii kana keessaa ogafaan irratti qorannoo gaggeessiteerti.

## 2.2. Ogafaan

Ogafaan, ogummaa afaaniin uumamee afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufedha. Kunis, ogafaan hojiiwwan kalaqa sammuu dhala namaa kan bakka bu'u ta'uu isaati.Akka Finnegan, (1970, f. 179) irratti ibsitutti, ogafaan duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta'ee baroota dheeraaf sammuu namootaa keessaa burqee kan himamudha jetti.Kana jechuun, ogafaan kan uummatni waan jiruufi jireenya isaa keessatti isa muudate, duudhaa, aadaafi muuxannoo qabu afaaniin dhalootarraa dhalootaatti dabarsaa dhufeedha. Kanamalees, Bukenya (1994, f.85) ogafaan akkas jechuun ibsa, ogafaan giddu gala haala jiruufi jireenya namootaatiif lubbuu aadaati jedha. Kanarra kan hubannu, ogafaan haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi aadaa hawaasichi qabu hundee itti uumee kan kunuunsu ta'uu isaati. Ogafaan barsiisaa aadaafi seenaa saba tokkooti.

Kanaaf, hawaasni ogafaaniin muuxannoo jiruufi jireenyaa isaa ibsata. Yaada Kana Georgesfi Jones (1995,f.314) kallattii bu'aa ogafaan tokko hawaasaaf qabu ibsaniiru, hawaasni ogafaanitti gargaaramee dhaloota waa barsiifata, dudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa isaa beeksifata, ittiin bashannana, wal bashannansiisa jedha. Kun kan agarsiisuu, hawaasni tokko osoo akka har'aa kana midiyaaleen hawaasaa hin babalatiin yeroo boqonnaa isaa kan innii ittiin ijoollees ta'ee walii walii isaa ittiin bashannansiisuu ogafaan mataa isaati jechuudha. Dabalataanis Okpwhon (1992, f.3) gama isaatiin ogafaan yoo hiiku, ogafaan afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti kan lufu ta'uu ibsa. Yaanni biroos Finnegan (2012, f.16) yommuu ibsitu, ogafaan waan hawaasaan akka waliigalaatti dubbatamu malee barreessaa dhuunfaan abbummaaf gaaffii kaasu kan hin jirre ta'uu isaa dubbatti. Walumaa galatti, ogafaan ilaalchisee yaadoleen hayyoonni adda addaa kennan yoo ilaallu ogafaan jiruuf jireenya hawaasa tokkoo keessatti aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, eenyummaafi kan kana fakkaatan afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin daddarbu ta'uu isaati.

## 2.3. Amaloota ogafaanii

Ogafaan ogummaa hawaasaa kan afaaniin darbu akka ta'e bifa adda addaatiin hubachuun ni danda'ama. Ogafaan amaloota hedduu qaba,

### 2.3.1. Uummatummaa

Ogafaan qabeenya uummataati. Ogafaan uummata Oromoos qabeenyummaan isaa kan saba Oromoo mara waan ta'eef miseensonni hawaasichaa hundinuu abbummaa keessaa qabu. Uummatummaa ogafaanii ilaalchisee hawaasni kamiyyuu, aadaa, duudhaa, gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, fedhiifi abdii isaa kan ittiin ibsatu ogafaan mataa isaa qaba.

### 2.3.2. Lufummaa

Ogafaan hojii dhaloota tokkorratti dhaabbatu yookiin dhumatu miti. Dhalootaa dhalootatti ni daddarba. Ogafaan kan dhalootaa dhalootatti dabarsan miseensota hawaasaati. Yaaduma kana Wasanee (2008, f. 164) akka ibsutti, "Haalli ogafaan tokko dhalootaa dhalootatti darbu lufummaa jedhama" jedha. Kana jechuun, ogafaan baroota dheeraadhaaf turuufi dhalootaa dhalootatti daddarbuun isaa amala lufummaa isaa agarsiisa. Lufummaan ogafaan daangaa ce'ee hawaasa tokkorraa hawaasa biraatti makamuu isaatiin illee ibsamuu ni danda'a. Ogafaan gocha (sochii qaamaa) dabalatee deeggarsa jechaan daddarbuudha.

### 2.3.3. Miidhagummaa

Miidhaginni haala ogafaan sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa. Miidhaginni ogafaanii kan madde itti fayyadama malleen dubbii adda addaa irraati. Miidhaginni haala ogafaan sun miira sammuu ilma namaa hawwachuudanda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa. Wasaneen (2008, f. 168) "Miidhagummaan haala ogafaan sun itti faarfamu ilmaan namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mul'isa" jedha.Yaada kana irraa kan hubannu ogafaan yeroo dhiyaatu miira namaa qirqirsuun nuffii tokko malee akka dhaggeeffataniif kan haala mijeessu ta'uu isaati.

### 2.3.4. Hurrubummaa

Amaloota ogafaanii keessaa hurruubummaan isa tokkodha. Hurruubummaan ogafaan akka lubbuu horatuufi miidhagina akka qabaatu taasisa. Maalummaa hurruubummaa Simsfi Stephens (2005, f.96) yommuu ibsan, hurruubummaan yeroo hedduu kan hin qabatamne, amantaaleefi ilaalchonni akka mul'ataniifi qabatamaa akka ta'an kan godhu ta'uu isaati jedhu. Dabalataanis Finnegan (1970, f.2) yoo ibsitu. Hurruubummaan amaloota ogafaanii keessaa isa bu'uuraa ta'ee dhimma raawwii ogafaanichaa gadi fageenyaan hubachuuf wanta darbu caalaa akkaataa hirmaattonni miira isaanii sochoosanii agarsiisan wal faana darbuudha jetti.Yaada kana irraa kan hubannu, namni oduu duriis ta'ee ogafaan biroo himu/seenessuu dubbii arraba isaa bira darbee currisa fuula isaa sochii miira inni yeroo sana agarsiisu irraa wanta inni dabarsuu barbaade caalaatti hubachuu kan dandeenyu ta'uu isaati.

### 2.3.5. Yoomeessa

Gosti ogafaanii tokko hojiirra ooluuf yeroo murtawaa barbaada. Kana jechuun, bakki itti dubbatamu, yeroon itti dubbatamuufi haalli inni itti dubbatamu murtawaadha. Yaada kanaDorson(1972:45)yoo ibsu, Bakka hundatti yeroo hunda haala tokkoonis hin dubbatamu. Yoomeessi dhugaa qindeeffama

ogafaanii jiran hunda osoo ilaalamee hundumtuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan mataasaa ni qaba jedha.

### 2.3.6. Jijjiiramummaa

Ogafaan afaaniin dhaloota gara dhalootaatti kan darbuu fi umurii dheeraa kan qabuudha. Kana keessa qabiyyeen isaa yeroo dha gara yerootti jijjiirama agarsiisaa deema. Kana yeroo jedhu, qabiyyee isaa irraa hambisaa, itti dabaluu, qooddattoota jijjiiruu, haala ittiin ibsamu jijjiiruufi kana kana fakkaatan ogafaan jijjiiruuf sababa ta’u**.**Jijjiiramni ogafaanii jijjiirama fedhii hawaasaa yeroo yerootti taasifamu wajjin walsimachuuf uumama. Yaada kana Wasanee (2008:167) yommuu ibsu,”Ogafaan jijjiirammummaaf baay'ee saaxilamaadha. Ogafaan calaqqee uummataa dhalootarraa dhalootatti kan darbus afaaniin waan ta’eef jechoonni miidhagoon keessaa hafuu ykn itti dabalamuu danda’u. Hawaasni immoo diinagdeen, siyaasaan, haala jiruufi jireenyaan jijjiiramuu waan danda’uuf ogafaan ni jijjiirama “ jedha.

## 2.4. Faayidaa Ogafaanii

Ogafaan madda beekumsaa ta’ee tajaajiluu danda’a. Dhaloonnis, wal harkaa fudhee hanga gaafa haalli mijatee gara mana baruumsaatti deemee baratuutti ogafaaniin wal barsiisaa ture, ammas barsiisaa jira, gara fuula duraattis ittiin wal barsiisa. Wanta dabalataan dhagaheefi wanta maatii irraa barate walitti fidee gara barruutti jijjiiree ogafaan sadarkaa amma irraa jiruu kanaan gahe. Kanarraa ka’uun ogafaan dhalootaaf hundee beekkumsaati. Yaada kana Asafaa (2009, f. 20) yoo ibsu, “Ilmaan namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura ogafaaniin ofii isaa ibsaa ture” jedha. Namni mirga abbummaa falmatu hin jiru.  Kanaafuu, ogafaan muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa keessaa kan burqe waan ta’eef ragaa qabatamaa uummata tokkooti.

Dabalataan Wandimmuun (2016, f.12) ogafaan ilaalchisee yaada Austin & Et-el, (1994, f. 97) waabeffachuun akka armaan gadiitti kaa’eera.

> Hawaasni kamiyyuu dubbataa ogafaaniti. Waliigalteen dhibbentaa 90% ol ta’u kan gaggeeffamu karaa ogafaaniitiini. Hawaasa muraasa keessatti qofa, walquunnamtiin yaadaa, ergaa, sonaa fi kutannoon jiru gara barreeffamaatiin darba. Barreeffamni osoo hin calqabin dura wanti hunduu ogafaaniin darbaa ture. Uummanni Afrikaa har’aa bal’inaan hawaasa ogafaanitti gargaaramuudha. Sababni isaas aadaa fi ogbarruun isaanii heddumminaan ogafaaniin waan jiraniif. Osoo Naayil durii fi qarooma warra Islaamaa keessaa baasnee, Afrikaa guutuun, ardii aartii ogafaanitiin yeroo dheeraadhaaf turte jedhu.

Ardii Afrikaatti biyyoota argaman keessaa Itoophiyaan ishee tokko yammuu taatu sabaa fi sab-lammoota hedduu aadaa, afaan, duudhaafi ogafaan qabantu keessa jiraatu. Isaan kana keessaa sabni Oromoos ogafaan umurii jireenya isaatiin gitu kan qabu yammuu ta'u kanneen keessaa beekumsa kallattii adda addaatiin qabu kan ittiin dhaloota irraa dhalootatti dabarsu oduun durii isa tokkodha. Kanarraa ka'uun, oduun durii hawaasa Oromootiif tajaajila adda addaa kenna. Faayidaaleen isaas, ibsuu, cimsuu, to'achuu, rakkoo irraa wal ambisuufi kanaaf kan kana fakkaatanidha. Yaada kana Abdurrahmaan Abdulqaadir (2008, f.1) Geetaachoo (2009, f. 141) qorannoo isaa keessatti wabeeffachuun yoo ibsu, "Ogafaan faayidaalee heddu qaba. Isaan keessaa, aara itti galfachuuf, ittii bashannanuuf, akkasumas aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsuuf faayidaa guddaa qaba. Ogafaan, ogbarruufis madda" jedha. Dabalataanis Yashiin (2011, f.2) Biraanuu (2009) qorannoo ishee keessatti wabeeffachuun yommuu ibsitu, "Ogafaan ammayyuu hawaasa biratti gahee olaanaa taphata. Sababni isaas, muuxannoofi kalaqa hawaasa hunda barreeffamatti jijjiiruun kan hin danda'amne ta'uu isaatiin ogafaan hawaasichaatiin dhaloota irraa dhalootatti darba" jedha.

Ogafaan seenaa, duudhaa, yaadaa fi beekkumsa hawaasaa dhaloota tokkoo isa birootti dabarsuun alatti tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni, haala yeroo ibsuu, hir'ina jiru qeequu, honnachiisuu, boharsuu, barsiisuu fi miliqsuu dha. Haaluma walfakkaatuun Okpwo (1992, f.106) akka barreessetti, ogafaan gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaafi yaaddoo namni qaburraa qaamaafi sammuu namaa kan walaboomsuudha. Yaadni kunis ga'ee ogafaan rakkoo jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qaamaafi sammuu dhala namaarra ga'u bilisa kan baasu ta'uu nu hubachiisa. Dabalataanis Bascom (1965, f. 20) faayidaa ogafaanii hawaasa tokkoof qabu kanneen akka; barsiisuuf, cimsuuf yookiin eenyummaa agarsiisuuf, to'achuuf yookiin ittisuufi miliquuf hawaasa dhimma itti bahu tokko ni gargaara jechuun kaa'eera.

A. **Ibsuuf**: ogafaan waan nuuf hin ifne tokko nuuf ibsuuf shoora guddaa qaba. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti waantoota isaaf hin galle maraaf deebii argachuu barbaada; carraaqas. Waa'ee uumamaa, waa'ee naannoo isaa gaaffi hedduu ni kaasa. Kana ilaalchisuun Alamiituun Olii (2012, f. 47) akka ibsitutti, "Seeneffama keessatti falaasamoota gaaffilee dhala namaa deebisan hedduutu jiru. Dhalli namaa uumamaan dandeettii gaafachuu waan qabuuf wantoota dachee kanarratti arguuf gaafatee deebii argachuuf ni barbaada" jetti. Daa'immanis waa'ee dhuftee waantota uumama keessaa baruuf gaaffii garaa garaa ni kaasuu, kanaaf, abbootiin ogafaanitti gargaaramuun deebii kennu. Fakkeenyaaf, "Gaangeen maaliif hin dhaltu?" Waaqni yookaan samiin maaliif nurraa olfagaatee?" gaaffii jedhuuf durduriitti gargaaramuun deebii itti kennaa turan.

B. **Cimsuuf**: Sadarkaa beekumsaa yeroon haayyameef irratti hundaa'ee ofis ta'e naannoo isaa ibsuuf ykn hubachuuf akkuma yaalii godhu, ibsaafi hubannoo isaa kana hordofee dhaabbileefi aadaalee isaa ogafaaniin cimsa yookan gadi dhaaba. Guyyaa dhalootatii eegalee hanga du'a isaatti gochaalee raawwachuu qabu, maaliif akka raawwachuu qabu, amansiisa. Gochaaleen hawaasaa kunis akka hin badneef akka dhaloota itti aanu keessattis itti fufu taasisu hawaasa barnoota hammayyaa hin qabne (barreessuufi dubbisuu hin dandeenye) keessatti dalagaaleen raawwatan fakkeenyaaf, gootummaa, akka itti fufan gochuun kan danda'amu ogafaanitti fayyadamuudhaan ta'a. Hundeen dalagaalee hawaasaa kun akka cimu yookan gadi dhaabbatu kan godhus ogafaanidha.

C. **Miliquuf**: Dhalli namaa bu'aa bayii jireenya isaa keessatti kan isa mudatu jalaa miliquu barbaada. Bu'aa bayii jireenyaa kana jalaa miliquuf ogafaanitti fayyadama. Jireenya nuffisiisaa kolfaan dabarsa. Addunyaa haaraa keessa seenee gammachuu waliin qooddatee jiraachuu fedha. Hawaasni dhiibbaa abbootiin aangoo sababa adda addaatiin irraan gahu, kan fuulaa fuulatti mormuu hin dandeenye ogafaanitti fayyadamee morma ykn ibsata.

D. **Barsiisuu**: Ogafaan amala gaariifi tooftaalee jireenyaa barsiisuuf ni fayyada. Kanaaf burqaa beekumsa kan ta'e ogafaan aadaa uummatichaa irratti hundee godhachuun dhaloota haaraa waa'ee safuu, duudhaa, jiruuf jireenya kan Orom-durii Orom-ammaatti hima jechuudha. Kana qofa miti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti bu'aalee arjummaan, tattaafannaan, tokkummaan, jaalalliifi gootummaan qabu ni hubachiisu. Amala ijoolleefi dargaggoonni horachuu qaban daa'imummaatii eegalanii sirreessuuf ni gargaara.

E. **To'achuu**: Gosootni ogafaanii mala yookan tooftaa jireenyaatiifi amala gaarii barsiisuufamaloonni hawaasa biratti jibbaman akka hin babal'annes to'achuuf nidanda'u. Hattuummaan, sobuun, doqnummaan, gara jabummaan amala gadhee ta'uu ibsu. Akka miseensonni hawaasaa irraa ofeeggatan akeekkachiisuun to'ata. Raawwilee hawaasa biratti fudhatama qabaniifi jibbamani adda baafachuun akka qajeelfamaatti akka itti fayyadaman ni taasisu. Kunis, namfakkiiwwan ogafaan keessatti argaman keessaa kanneen jireenya haala hawaasaa irraa maqanitti kofalchiisuu, itti baacuufi cigga'un tooflaalee yeroo baayee hojiirra oolanidha. Kanneen aadaa hawaasaa kabajanii jiraatan immoo ni jaju ni dinqisiifatu. Haala kanaan seerri jireenya hawaasaa akka eeggamu to'atu.

## 2.5. Goorowwan Ogafaanii

Hawaasni karaa ittiin seenaafi eenyummaa isaa ibsatu goorowwan ogafaanii heddu qaba. Kunis, hawaasichi seenaa akkamii keessa akka darbee dhufe adda baafachuuf ogafaaniifi waan ogafaan keessatti hammataman qorachuun dirqama ta'a. Sababni isaas ogafaan waa'e labata darbee isaa

har'aati himuuf humna waan qabuuf. Ogafaan waan yaad-rimee bal'aa qabuuf haayyonni kallattii garaa garaan qoodu.Yaada kana Caaltuun (2012, f. 2) Biraanuu (2009) qorannoo ishee keessatti wabeeffachuun yommuu ibsitu,

> Ogafaan himamsi isaanii amala adda addaa qaba waan ta'eef himamsi isaanii yookiin unka isaanii irratti hundaa'uudhaan ogafaan kanneen bifa walaloon himamanfi kanneen bifa seenessuun himaman jechuun bakka lamatti qooduun ilaaluu dandeenya. Isaanis, kanneen akka sirba aadaa, geerarsa, faaruu loonii, weedduu ateetee, walaloo tapha ijoolleefi ururssaa daa'immaaniiti. Ogafaan kanneen bifa seenessuun himaman immoo afaanin walharkaa fudhamaa dhaloota dhalootattii kan daddarbuufi kan haala irratti hundaaa'uudha. Isaanis, oduu durii, mammaksa, hibboo, baacoo fa'a jetti.

Dabalataanis Finnegan (1970, f. 4) akka ibsitutti, goorowwan ogafaanii oduu durii, hibboo, geerarsa, makmaaksa, weedduu garaagaraa fa'i jechuun tarreessiti. Gama biraatinis Okpwho (1992) yommuu ibsu,

> Ogafaan Afriikaa gosoota gurguddoo saditti qoode. Isaanis, seeneffemoota, afwalaloofi unka gaggabaaboo jechuun qoqqoode. Isaaanis, afwalaloon, amala walaloon kan guutaman kanneen akka sirba aadaa, weedduu ateetee, faaruu loonii, geerarsa, tapha ijoollee fa'aadha. Kanneen unka gaggabaaboo keessatti hammataman immoo, mammaaksa, hibboo, jechamoota fa'i. Seeneffamoonni warren jaargochaa dhangala'aan himaman, raagamtaa, afseenaafi oduu duriiti jedha.

### 2.5.1. **Seeneffamoota**

Seeneffamoota keessatti qooddattonni baay'inaan bineensotaafi namoota. Bineensonni yeroo hedduu seeneffamoota keessatti namfakkiin bakka bu'anii dhiyaatu. Seeneffamoonni warren jaargochaa dhangala'aan himaman, raagamtaa, afseenaafi oduu duriidha.

#### A. **Ragamtaa**

Ragamtaan Sheekkoo amantaa jedhamuunis ni beekama. Sababniisaa, dhimma amantaan walqabsiisuun madda uumamaafi waan isaan uume uumaan walqabsiisuun kan himamuudha. Raagamtaan jechoota lama raagoofi amantaa kan jedhurraa walitti dhufee yoo ta'u, hiikoon isaa waa'ee amantaa raaguu yaada jedhu of keessaa qaba. Ragamtaa ilaalchisee Alamituu Olii (2012, f. 46) Bauman (1992) wabeeffachuun akka ibsitetti, "Raagamtaan adeemsa waliin jireenya hawaasaa keessatti osoo seerri barreeffamaa hin uumamin dura faalasamaafi aadaa qaban kan ittiin walii qoodaa turan afaanin ta'uu isaati jetti. Dabalataanis  Mulugeetaan (1991, f. 164)yommuu ibsu, "Raagamtaan

madda odeeffannoo akka ta’etti fudhatama. Kana jechuun, seenaan dhala namaa barreeffamaan osoo hin calqabaamiin dura madda ragaa ta’ee kan tajaajilaa dhufeedha” jechuun kaa’a.

**B. Afseenaa**

Afseenaan seeneffama asoosamaa yoo ta’u, akkuma sheekkoo, seeneessaafi dhaggeeffattoota isaatiin akka dhugaatti kan ilaalamaniidha. Garuu, yeroo fagoo hin taane jedhamee fudhatamu keessatti kan kaa’amaniidha. Taphattoonni isaanii ijoo immoo, nama waraana keessatti injifate, gochaa gootota darbanii, angafootaa fi moototaa walduraa duubaan sirna mootummaa bulchaa turan ni himu.

**C. Oduu durii**

Oduun durii Oromoo goorowwan ogafaanii keessaa kan bifa seenessootiin yookiin bifa holoolotiin dhiyaatudha. Akkasumas, oduun durii kan himamu calliseetuma osoo hin taane ergaafi qabiyyee mataa isaa kan qabuudha.

## 2.6. Maalummaa Oduu durii

Gosoota seeneffama asoosamaa afaaniin dubbataman keessaa oduun durii isa tokkoodha. Yaada kana Finnegan (2012, f. 310) hiika oduu durii yommuu ibsitu, oduun durii seeneffama afaaniin dubbataman ta’ee dhalootaa yeroo fagoo irraa kan dhufeefi irra caalaa immoo jechoota guutuu ta’een kan darbaa dhufeedha jetti.

Oromoon akka madda asoosamaafi seenaatti oduu duriitiin lubbuu qabeeyyiis ta’e lubbu dhabeeyyiitti fakkeessuun dhaloota barsiisa. Yaada kana Wandimmuun (2008, f. 24) Beekaan (2015) Maangashaa (1992) eeruun yoo ibsu, “Oduun durii akkuma maqaan isaa ibsutti waan dur ta’e jechuudha. Qooddattoonni oduu durii baay’inaan bineeldotaafi bineensota ta’an darbee darbee meeshaaleen manaas kan keessatti argamaniidha jedhu. Kana irraa kan hubannu, uummanni Oromoo dhaloota barsiisuufis ta’ee quuqqaa garaa isaa dubbatee baafachuuf wantoota naannoo keessatti argaman bakka buusuun fakkeessee ergaa isaa dabarfachuu isaati.

## 2.7. Amaloota Oduu Durii:

Oduun durii, gosoota ogafaanii keessaa isa tokko ta’ee ogafaan biroo irraa adda kan isa taasisu amala mataa isaa qaba. Amaloonni oduu durii jechoonni isaa daraan filatamoo miti. Qooddattoonni /dhaggeeffattoonni oduu durii namootadha. Oduun durii tokko ergaa /dhaamsa baay’ee of keessaa qabaachuu danda’a. Yoomeessi oduu durii murtaa’aa miti. Oduu durii keessatti walitti bu’insi daraan olaanaa miti. Amaloota oduu durii keessatti yeroo baay’ee waanti hin hafne, taatota gaariifi hamaa of keessatti hammata. Yeroo baayyee goota yookan gootittii qaba. Waldhabdeen gaarummaa, ija jabina yookan sammuudhaan furmaata argata. Seenaawwan tokko tokko taateewwan dhugaa irraa kan

maddan yoo ta'u, irra caalaan isaanii garuu guutummaatti fakkeessaadha. Oduun durii amaloota gurguddoo gosoota fookloorii biroo wajjin qooddatu qaba.

**A. Hunda Galeessummaa Oduu durii:**

Namni oduu durii seennessu eessattiifi yoomillee taanan namoota miiraafi hawwiidhaan isa dhaggeefatan barbaada. Dubartiinis ta'ee dhiirri, oduun durii sun kan dhiyoos ta'ee kan kanaan duraas himtee yookaan asoosama gadi fageenyaan ibsamu sana yaada isaanii faana rarraasuun kan isaan quubsu, odeeffannoo yookaan waan nama gammachiisu, kofalchiisu, waan nama dadhabsiise yookaan ba'aa jireenyaarraa kan mukuu baasu waan ta'eef dhaggeefatu.

**B. Barreessaa hin qabu:**

Oduun durii, barreessaa dhuunfaa hin qabu. Kana jechuun, ogafaaniifi ogbarruu barreeffamaa walbira qabnee yoo madaallu abbentaa dhuunfaa hin qabu. Kanaaf, oduun durii qabeenya hawaasati jechuudha. Yaada kana Pham Thi Hong Nhung (2016, f. 23) akka ibsutti, Oduu durii jechuun seenaa, duudhaa afaaniin dubbatamu ta'ee, barreessaa tokko adda baafamuu danda'u kan hin qabneefi dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraatti darbaa ture, darbaa jiruufi kan gara fuula duraatti darbuudha jedha.

## 2.8. Faayidaa Oduu Durii

Oduun durii dhaloota barsiisuufi karaa qabsiisuu keessatti shoora ol aanaa qaba. Yaada kana Pham Thi Hong Nhung (2016, f. 24) akka ibsutti,

> Oduun durii ijoollee barsiisuu keessatti meeshaa gatii guddaa qabuudha. Kunis, galtee dhugaa, badhaadhaafi hiika qabu afaaniin xiyyeeffannoo argachuuf haala mijeessa. Kanamalees, guddina qaamaa miiraa, hubannoo, muuxannoo jireenyaafi beekumsa xiqqaa waa'ee addunyaa bal'aa qabaachuun ijoolleen seenaa fayyadaman irraa hiika ijaaruuf qabiyyee sirrii ta'e akka itti gammadan haala isaaniif mijeessa jedha.

Dabalataanis, Noei1o Noverino (1985, f. 63) akka ibsutti,

> Oduun durii bara haaromsaa irraa eegalee barnoota daa'immaniif ooluu jalqaban. Barnoota Giriikiifi Roomaa durii keessatti, oduu durii keessaa isa jalqabaa ture. Shaakala leenjii qindeessuu asoosamaafi haasawaa uummataa irratti barattoonni oduu durii akka baratan, akka bal'isan, kan isaanii akka kalaqaniifi dhumarratti akka fakkeenya amansiisaatti akka itti fayyadaman ture jedha.

Oduun durii kallatti garaa garaatiin faayidaa qaba. Yaada kana William Bascom (1965, f. 4) akka ibsutti,

> Oduun durii seeneffama asoosamaa yoo ta'u akka asoosamaatti kan ilaalamudha. Akka seenatti hin ilaalaman ta'uu danda'u yookan ta'uu dhiisuu danda'u. Akkasumas, akka ciminaatti ilaalamuu hin qaban. Kanas ta'e sana, yeroo baay'ee bashannanaaf qofa kan himaman ta'us akkuma gita oduu durii naamusaa yaada kennuu qabutti hojiiwwan barbaachisoo biroo qabu jedha.

Yaanni kun akka eeruutti, oduun durii kan ittiin bashannanaa barumsa dabalataa argatan ta'uu isaa hubanna. Uummanni Oromoos, oduu duriitti gargaaramee dhaloota sammuu isaanii bohaarsaa muuxannoofi beekkumsa isaanii immoo dabarsaafii dhufan. Dabalataanis Rose, J.S (2019, f.167) akka ibsutti, Oduun durii bashannansiisuufi barsiisuuf kan yaadamanidha. Oduun durii bal'inaan amalaafi dandeettii guddisuuf ni oola jedha. Yaada kana irraa kan hubannu, himamsa sana keessa dhaamsi barbaadame darba. Kunis, ijoolleen hangafa isaanii akka kabajaniifi jijjiirama amalaa akka fidan ittiin gorsuuf oduun durii mala gaariidha.

Hawaasnii dhimmoota garaa garaa irratti yaada isaa ibsachuu yoo barbaade dubbii karaa alkallattii ta'een oduu duriitti gargaaramee ergaa isaa dabarfata. Kun immoo, uummanni Oromoo yeroo ijoolleen olguddataa deemtuu seera hawaasichaa, duudhaa, namuusaa, jaalala, gamnummaa, gootummaa, mala waan tokko jalaa ittiin ba'an oduu duriin utubamee ijoollee isaa barsiisa. Ijoolleenis, ergicha yeroo dhaggeeffatan miiraatti waan dhamdhama qabuuf nuffii tokko malee hordofu. Kana keessa bu'aan isaan argatan, dandeettii ibsa afaanii isaanii guddisuuf, ija jabina horachuuf (sodaa dhabuu), dandeettii waa yaadachuu gabbisuufi mala waajalaa ittiin miliqan barataa deemu. Walumaa galatti, oduun durii rakkoolee hawaasummaa, dinagdee, siyaasaa, aadaa ibsuufi hiikuu irratti gahee olaanaa qabu.

## 2.9. Gosoota Oduu durii

Oduun durii Oromoo goorowwan ogafaanii keessaa kan bifa seenessootiin yookiin bifa holoolotiin dhiyaatudha. Akkasumas, oduun durii kan himamu calliseetuma osoo hin taane ergaafi qabiyyee mataa isaa kan qabuudha. Akkuma ergaa dabarsuun bakka adda addaatti qoodama, yaada kana William Bascom (1965, f. 4) akka ibsutti, Oduun durii gosoota heddu qaba. Isaanis, oduu durii namaa, oduu durii bineensotaa, oduu gowwoomsaa, oduu dheeraa, oduu durii foormulaafi oduu durii safuuti jedha. Dabalataanis Wandimmuun (2008, f.25) Beekaan (2015, f.52-53) wabeffachuun akka kaa'etti, "Oduun durii akka unka yookaan qabiyyee of keessatti hammataniitiin oduu durii seenessaa, oduu durii ibsaa, oduu durii goototaafi bineensotaati" jedha.

### 2.9.1. Oduu durii seenessaa

Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti oduun durii amaloota namootaafi wantoota dhala namaa waliin walqabatan adda addaa ibsa. Isaanis, gowwummaa, gamnummaa, bashannana, walta'iinsa, waldhabiinsa, gootummaafi gantummaa ibsa. Waa'ee gochaafi namoota beekkamoo ta'aniiti. Seenichiifi gochichis yeroon itti raawwate ganama har'aatii hamma duriitti ta'uu mala. Kunis, seenaa waan tokkoo irratti hundaa'ee kan dubbatamuudha. Gosti oduu durii kunis, meemorateefi faabulateedhaan seeneffamuu danda'a. Meemoratee keessatti namichi oduu himu yookiin seenessu sun wanta qooda keessatti fudhate yookiin ijaan arge sana seenessa. Faabulatee keessatti immoo wanta yeroo ta'e dhageenye tokko akka asoosamaatti seenessuudha. Kan seeneffamu akka waan agarreetti osoo hinta'in jette, jetteen seeneffama. Oduun durii Oromoos baay'inaan kanaani. (Wandimmuu (2016, f.28).

### 2.9.2. Oduu Duriii Ibsaa

Oduun durii kun ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenya uummata tokkoofi kan kana fakkaatan ilaalchisee gaaffilee ka'aniif ibsuuf kan itti fayyadamnuudha.

### 2.9.3. Oduu Durii Gootummaa

Gosti oduu durii kun oduu durii gootummaa of keessaa qaban irratti xiyyeeffata. Kan seenessus wanta dur ta'e sababii ta'eef, namni seenessuu sun gaaffii ragaarratti hundaa'e namni isa gaafatu hin jiru. Yoo gaafatamellee wanta dur hafe jechuun amansiisuuf yaala. Oduun durii gootummaa, gochaalee tooftaan, ciminaan, gootummaan, waliigalteen akkasumas haalan hojjechuun bu'aa argamsiisanirraa akka muuxannoo argannuuf tajaajila.

### 2.9.4. Oduu Durii Bineensotaa

Oduun durii bineensotaa kun hawaasni gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkiifi amantaa, gaarummaafi hammeenya ilaalchisee fuulletti waan dubbachuu hin barbaanne horiifi bineensotatti qabachuun kan dubbatamuudha. Kana malees, oduun durii bineensotaa cimina, haxxummaa, gowwummaa, jabinaafi laafina bineelladootaa akkasumas inni guddaan ishee xinnoodhaan akka gowwoomu kan ibsudha. Oduu durii bineensotaa kan irratti xiyyeeffatu bineensonni akka dhaggeeffattootaafi akka raawwattootaatti kan irratti hirmaatanidha.

## 2.10. Uumamaafi Bifa Oduu durii

Uumamniifi bifti oduu durii biyyoota garaa garaa keessatti haala ittiin ibsamu qaba. Yaada kana Wandimmuu (2008, f.31) yommuu ibsu,

> Ingiliizitti yaadni oduu durii jedhu kan ibsu oduu durii maatii yookiin wanta nama dinqisiisu tokko kan himutti hiikama. Akkasumas, seera seenessuu baay'ee ofkeessatti hammatu, afaaninis ta'ee barreeffamaan baroota yookiin waggootarra darbee dhufetti ramadama. Fayyadama kana keessatti dhugaan barbaachisu tokko uumama meeshaa aadaa ta'uu isaati. Himaan oduu durii dheebuun isaafi hawwiin isaa yeroo hunda miira warra oduu durii isaa dhaggeefatan ofitti hawwachuufi harkisuudha jedha.

Kana jechuun, oduun durii yeroo himamuu callisumaan waan haasa'amu miti ergaa qaba. Kaayyoon seenessaas, ergaa sana dhaggeeffataa qabsiisudha. Kanarraa ka'uun, waan dubbatu hundumaa hanga itti himutti akka dhaggeeffataan isaa socho'u hin barbaadu. Sababbiin isaas, ergaa inni dabarfachuu barbaadutuu jalaa hafa waan ta'eef. Kanaaf, seenessaan yeroo dubbatu dhaggeeffattoonnii inni itti himu sun hangam akka isa hordofaa jiran to'achuun dirqama isaati jechuu barbaadeeti.

## 2.11. **Yoomeessaafi Adeemsa Himinsa Oduu Durii**

### 2.11.1.**Yoomeessa Himinsa Oduu Durii**

Oduun durii biyya kanarraa gara biyya kanaatti ce'e yookaan yeroo akkasiitti uumame kan jedhu hanga ammaatti hin argamne. Kun kan agarsiisuu oduun durii bakka ka'umsaafi yeroo irraa eegale kan hin qabne ta'uusaati. Yaada kana William Bascom (1965, f. 4) akka ibsutti, oduun durii yeroofi bakka kamittuu kan argamu yoo ta'u miira kanaan yeroo kan hin qabneefi bakka daanga'e kan hin qabne jechuun ni danda'ama jedha. Yeroo himinsa oduu durii waliin wal qabatee, oduun durii galgala maatiin walitti qabamanii wal bashannansiisuufi ittiin wal barsiisuuf kan karoorfameedha. Kunis, kaayyoon isaa inni guddaan bohaarsuu yookan bashannansiisuu ta'ee adeemsa kana keessa dhaamsa/ergaa dabarfachuun ni danda'ama. Yaada kana Rose, J.S (2019, f.169) akka ibsutti, Naannoo ibiddaatti galgala galgala maatii lakkoofsaan hin daangofneen taphatama jedha. Yaada kana irraa kan hubannu, akkuma ogafaanota biroo oduun duriis bakkiifi yeroon itti taphatamu galgala galgala ibidda bira taa'anii ijoolleen akka irbaata isaanii eeggatanii nyaataniif jajjabeessuufi bohaarsuun barsiisu.

### 2.11.2. **Adeemsa Himinsa Oduu Durii**

Hawaasa kam keessattuu, oduu duriis ta'ee ogafaan callisanii bakka dhaggeeffataan hin jirreetti hin dubbataman yookan hin himaman. Sababbiin isaas, achii as dhufteen isaatuu waa barsiisuufi ergaa dabarsuudha waan ta'eefi. Kanaaf, oduun durii yeroo himamu adeemsa keessa darbu qaba. Yaada kana Rose, J. S (2019, f.169) akka ibsutti,

> oduun durii seenaa aadaa afaaniin darbudha. Oduun durii warra irraa kan himamuudha. Dhaloota hedduudhaaf daa'imaaf yookan seeneessitoota lakkoofsa hin qabne taa'aniin kan darbuudha.

naannoo ibiddaatti galgalaa maatii lakkoofsaan hindaangofneen taphatama. Barreessaan jalqabaa eenyu akka ta'e namni beeku hin jiru. Yeroo baay'ee seenaa walfakkaataatu mul'ata jedha.

Oduun durii dubbataafi dhaggeeffataa qaba. Adeemsa kana keessatti, namni tokko yoo himu, dhaggeeffataan immoo heddummachuu danda'a. Oduun duriii yommuu dhiyaatu, tartiiba mataa isaa qaba. Himinsi isaa seenessuun kan dhiyaatudha**.** Yaada kana Faqqadaa Azzazaa (2004, f.26) kitaaba isaa keessaatti yommuu ibsu, Adeemsi himinsa oduu durii gosa sadiidha. Isaanis, akkaataa itti jalqabu, akkaataa itti dhiyaatuufi akkaata itti xumuramu kan mataa isaa qaba jedha. Oduun durii sadarkaa jalqaba mataa isaafi xumura mataa isaa qaba.

**a. Seensa:** Seenessitoonni oduu himuu otoo hin eegaliin dura oduu himaatiinis tahe dhaggeeffattootaan wanti jedhamu jira. Seensi oduu durii kuni akka 'eegaleen oduun durii itti fufa. Kunis, seenessaan oduu durii yoo jedhuu dhaggeeffataan immoo gadi guurii jedha.

**b. Jalqabbii:** Jalqabbiin qaama oduu durii isa duraati. Kunis,bara durii jedhan jechuun itti fufa. Sadarkaa kanatti odun durii kuni bal'inaan ibsamuutu itti fufa.

**c. Sadarkaa Himamsaa:** Sadarkaa kanatti dhaggeeffattoonni callisanii jalqabaa hanga dhumaatti obsaafi qalbiidhaan sadarkaa itti dhaggeeffatanii ergaa oduu durii kanaa hubatanidha.

d. **Xumura:** Seenessaan wanta seenessaa ture sana xumuruudhaaf yeroo jedhu akkas ta'e jedhama jechuun sadarkaa himamsa isaa itti goolabuudha. Walumaagalatti, tartiibni sadarkaa himamsa oduu durii jalqabaa hanga xumuraa kuni kan ibsu, himamsi afaanii bakka, yeroo, maddaafi sababa qabaachuu irra darbee itti gaafatamummaafi cimina oduu himaa kan mul'isu tahuu isaati.

## 2.12. Walitti Dhufeenya Hawaasaafi Oduu Durii

Hawaasa tokko achi as dhuftee isaa kan mirkaneessuu ogafaan isaati. Kanaaf ragaa kan ta'u immoo dhaloota har'a jiruudha. Kana jchuun, osoo dhaloonni aadaa, seenaa, duudhaafi afaan har'a ittiin tajaajilamu kana ciniinnatee asin hin geenyee dhaloonni waanirraa baratu hin qabu ture. Kunis, sirriifi dogoggora, amalli akkamii akka fudhatama qabufi amalli akkamii akka hin fudhatamneefi bu'aa maalii akka hordofu akka hubatan kan gargaaru dha.Yaada kana Pham Thi Hong Nhung (2016, f. 23) akka ibsutti, "Seenaa ogafaanitiin ijoolleen waa'ee gatiiwwan maatii, hiriyummaa, hojii cimaa, amanamummaa, amantii, jaalala, kabajafi nageenyaa hubatu. Yeroo baay'ee ijoollee xixiqqoon, warraaf ajajamuu diduu, gantummaa, dadhabbiin gaarummaa akka hin qabne irraa baratu" jedha. Kana jechuun, ijoolleen jalqaba osoo gara mana baruumsaa hin deemiin mana isaanii keessa taa'anii warra isaanii irraa wanta addunyyaan kun qabdu hanga humna isaanii hubannoo wayii gonfatanii

ba’u jechuudha. Kanaaf jalqaba hawaasni ijoollee qaree manaa kan baasuu ogafaan ta’uu dubbata.Oromoonis, ijoollee isaa bifa kanaan boca itti uumee guddisa jechuudha.

Dabalataanis Ida Bagusfi Nyoman (2018, f. 83) Mantrafi Widiastuti (2018) wabeeffachuun akka ibsanitti, ijoolleen oduu durii hubachuudhaan dandeettii afaanii isaanii guddisuu qofa osoo hin taane waa’ee aadaa isaanii yookan gatiiwwan aadaa isaanii, amantaa, seenaa, gochaaleefi aadaa biroo hawaasa isaanii keessatti yookan hawaasa biroo keessatti kabajaman hubannoo gatii guddaa qabu argachuuf carraa argatu jedhu. Yaada kana irraa kan hubannu, ijoollen hawaasa ofii isaaniifi hawaasa biroof dinqisiifannaa guddaa horachuu danda’uu isaaniti.

## 2.13. **Yaaxxina Qorannoo**

### 2.13.1. **Yaaxxina Fayyadeessumaa**

Yaaxxinni faayidaaleessummaa, ogafaan hawaasa keessatti attamitti akka tajaajilu bu’uura kan godhateedha. Kanarraa ka’uun, ogafaan jiran keessaa oduun durii, mammaaksi, hiibboofi baacoon gama dinagdeetiin, siyaasaatiin, hawaasummaatiifi aadaatiin faayidaa isaan qabaniifi ergaa akkamii akka qabaatan yaadxiina dhimmoota fookloorii xinxaluu dha. Hayyoonni fookiloorii firiiwwan fookiloorii xinxaluuf himtee itti fayyadaman keessaa inni tokko faayidaalessummaadha. Yaada kana Simsfi Stephens (2005, f.174) yommuu ibsan,

> Fookilooriin odeeffannowwan akkaataa gareen hawaasaa tokko irra jiru ibsa. Waa`ee hiikaa fookiloorii yeroo dubbannu yeroo baay’ee uummanni kan gaafatu fookilooriin kun waa`ee hawaasaa beekumsa waliin qooddate maal dubbataa? Ergaa /hiika isaa beekuuf kan deemudha. Karaalee hayyonni fookiloorii hiika isaa itti xiinxalan keessa tokko haala itti hawaasa keessatti tajaajiluudha jedha.

Himtee kanatti addadurummaan kan fayyadame William Bascom akka ta’ee ni himama. Dabalataanis, faayidaalessummaa waliin wal qabatee Dorson (1972, f. 21) akka ibsutti, ragamtaa hawaasa tokkoo kan qoratan aadaa hawaasa sanaa keessatti akkamittii, maaliif, maal akka tajaajiluufi bu’aa inni hawaasichaaf qaburratti hundaa’unii jedha. Karaa biraatiin, faayidaa gochaa hawaasa keessatti raawwataniifi karaalee faayidaaleen kuniin ittiin jireenya hawaasichaa mirkaneessan gad fageenyaan xiinxaluun bu’aa qaba kan jedhu bu’uura yaaxxina kanaati.Yaada kana irraa ka’uun qorattuun kunis, oduun durii hawaasa Godina Shawaa Lixaa biratti gama aadaatiin, hawaasummaatiin, siyaasaatiin, tokkummaatiin, dinagdeetiin tajaajila akkamii kennaa jiraa, hawaasichi hoo maaliif tajaajilamaafi hawaasichi akkamitti itti tajaajilamaa jira kan jedhu irratti xiinxala gaggeessiteerti.

### 2.13.2. **Yaaxxina Xiinsammuu**

Yaadiddamni xiinsammuu bara 1986'tti Sigmud Freudn kan maddee dha. Innis, Abbaa ogummaa xinsammuu jedhamee kan beekamuudha. Akka yaadiddama kanaatti, sammuu ilma namaaf wantoota baay'ee walxaxaa ta'een yaada bal'aa kaa'ee jira. Akkasumas bu'aa sammuu hawaasaatiifi fedhii keessoo namni qaburraa kan maddu ta'ee xiyyeeffannoon keessoo isaa fedhii keessoo namaa guutamu waliin walqabata. Kanarraa ka'uun, oduun durii yommuu himamu safuu isaa kan eeggate ta'uu qaba. Yaada xiinsammuu namaa xuqu of keessaa qabachuu danda'a. Kanaaf, yeroo himamu akkaataan itti himamuufi umuriin dhaggeeffattootaa murteessadha. Qorannoon kunis,akka hawaasa godina Shawaa Lixaatti, oduu duriitiin akkamitti dubbii walxaxaa/ dhokataa ta'e tokkoon yaada namootaa sanaa baranii oduu durii waliin wal bira qabanii wal barsiisuun akka danda'amuufi akkamitti waan badaa ta'e tokko irraa wal deebisuun akka danda'amuu xiyyeeffannoon qaaccessuun ibsuudha. Kanuma bu'uura godhachuun, qorattuun kunis yaaxxinoota maqaa dha'aman kana keessaa faayidaaleessummaa irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeessiteerti.

## 2.14. **Qorannoowwan Mata Duree Wal Fakkaatan.**

Xiyyeeffannoon mata duree kanaa, qorannoowwaan sadarkaa barnoota garaa garaarratti hojjataman qorannoo kanaan walbira qabamanii kan sakatta'aman ta'u. Qorannoowwaan kunneenis, kallattiin walsimuu baatanillee walfakkeenyiifi garagarummaan isaanii wal bira qabamuun kan ilaalaman ta'u. Qorannoon gama oduu duriitiin mata duree garaa garaan gaggeeffames jira. Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne, digrii lammaffaa guuttachuuf Wandimmuun (2008) qorannoo mata duree "Qacceessa Caaseffama Durdurii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ejeree" jedhu irratti gaggeesseen oduu duriiwwan qaaceesuudhaan ija modeela caaseffamaatiin maaltu jiraafi maaltu akka hin jirre beekuuf kan jedhu xiyyeeffannoo qorannoo isaa godhate. Qorannoo isaa keessatti ciminni jiru yaadiddama caasessummaatti gargaaramuun bifa ifaa ta'ee caasaa isaaniin qoodee kaa'era. Garuu, hawaasni nannichaa maal maaliif oduu durii kanatti gargaaramaa jira kan jedhu irratti qawaan jira.

Kanaaf qorattuu kunis, qawaa kana duuchuuf mata duree "Qaaccessa Ergaafi Itti Fayyadama Oduu Durii Godina Shawaa Lixaa Keessatti" jedhu irratti qorannoo gaggeessiteerti. Mata dureen qorannoo kanaa walitti dhiyeenya haa qabaatuu malee ergaan inni qabuufi bakki qorannoon kun itti gaggeeffame garaagari. Hawaasni Godina Shawaa Lixaa oduu durii kana maal maaliif itti fayyadamaa kan jedhuuf hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa oduu durii meeshaa godhatee aadaa, seenaa, duudhaa, safuufi barsiifata adda addaa ittiin wal barsiisuufi dhaloota karaa irraa maqe kallattii barbaachisaa ta'etti qeequudhaan, gorsuufi sodaachisuudhaan karaatti akka isaan deebi'an kan godhu ta'uu isaati. Kanamalees, oduu duriitiin tokkummaa, hawaasummaa, haala dinagdeefi

siyaasa barsiisuun akka danda'amufi goowuummaan gaarummaa akka hin qabne, gamnummaa, gootummaa, jaalala, waliif obsuu, waldanda'uufi wal deeggaruun immoo gaarummaa akka qabu dhaloota gorsaa dhufuu isaa bira ga'ameera..

Caaltuu (2012) mata dure "Qaccessa Ergaa Durdurii Mala Maltee Godina Iluu Abbaa Boor" jedhu irrattii qorannoo gaggeessiteen, durduriin mala maltee jiruufi jireenya saba Oromoo keessatti faayidaa ol'aanaa akka qabuufi keessumaa rakkoo ofis ta'e maatii ofiifi lammii ofii quunnamu irraa baraaramuuf tooftaan bakka guddaa akka qabu ifa gootera. Garuu, Oromoon oduu durii maal maaliif itti fayyadama kan jedhu tokko tokkoon qoqqooddee hin keenye. Mata dureen qorannoo kanaa walitti dhiyeenya haa qabaatuu malee ergaan inni qabuufi bakki qorannoon kun itti gaggeeffame garaagari. Qorattuun kunis mata duree, "Qaaccessa Ergaafi Itti Faayyadama Oduu Durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessatti jedhu irratti qorannoo gaggeessiteen Oduun durii, kan hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa meeshaa godhatee aadaa, seenaa, duudhaa, safuufi barsiifata adda addaa ittiin wal barsiisuufi dhaloota karaa irraa maqe kallattii barbaachisaa ta'etti qeequudhaan, gorsuufi sodaachisuudhaan karaatti akka isaan deebi'an godhu ta'uu isaati. Kanamalees, oduu duriitiin tokkummaa, hawaasummaa, haala dinagdeefi siyaasa barsiisuun akka danda'amufi goowuummaan gaarummaa akka hin qabne, gamnummaa, gootummaa, jaalala, waliif obsuu, waldanda'uufi wal deeggaruun immoo gaarummaa akka qabu dhaloota gorsaa dhufuun isaa bira ga'ameera. Kabbadaa Baqqalaa (2009) qorannoo mata duree "Qaaccessa Qabiyyee Oduu Durii Oromoo Hawaasummaa Mul'isan Akka Godina Jimmaa Aanaa Xiroo Afataatti" jedha. Qorannoo isaa keessatti ciminni mul'atu oduun durii gama hawaasummaatiin faayidaa maalii akka qabu adda baasuun qabiyyee isaa qaaccesseera. Garuu oduun durii hawaasa kana biratti maal maaliif fayyada kan jedhu ifatti wanti mul'atu hin jiru. Kaayyoon gooroo qorattuu kanaa qaaccessa ergaafi itti faayyadama oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessatti maal akka fakkaatu qoratameera. Mata dureen qorannoo kana walitti dhiyeenya haa qabaatuu malee, ergaan inni qabuufi bakki qorannoon itti gaggeeffame garaagari. Hawaasni Godina Shawaa Lixaa oduu durii kana maal maaliif itti fayyadama kan jedhu immoo xiyyeeffannoo qorattuu kanaati.

Claude. Sumner, (1997), kitaaba isaa "Oromo Wisdom Literature, Folktales Collection and Analysis" jedhu keessatti oduuwwan durii Oromoo barreessitoota garaagaraatiin qophaa'an walitti qabuun, gosa gosaan ramadee kaa'eera. Dhimma itti fayyadama oduu durii Oromoo waaliin wal qabatu waan ibse hin qabu. Qorannoo ogafaanii ta'uun wal haa fakkeessuu malee kallattiidhaan mata duree kana waliin wal hin simu. Akkasumas, yoomeessi isaas addaan isaan baasa.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

Boqonnaan kun mata-dureewwan armaan gadii of keessatti hammata. Isaanis, saxaxa qorannoo, madda odeeffannoo, irraawwatama, iddattoo, tooftaa iddatteessuu, mala funaansa ragaalee, meeshaalee funaansa ragaalee, mala ragaa qaacceessuufi namuusa qorannoo walduraa dubaan iddoo itti dhiyaatudha.

## 3.1. **Saxaxa Qorannoo**

Qorannoon kun, qaacceessa dhaamsa oduu durii qorachuu irratti kan xiyyeeffateedha. Saxaxa qorannoo Addunyaan (2011, f. 64) yoo ibsu, "Saxaxa qorannoo tokkoo kan murteessu gosa qorannoo, kaayyoo qorannoo, gaaffilee bu'uura qorannichi deebisuuf deemuufi akaakuuwwaan odeeffannoo walitti qabaamuuf deemuu irraatti hundaa'uun ta'a" jedha.

Bu'uruma kanaan, qorannoon kun saxaxa ibsaatiin dhaamsa oduu durii qaaccessuudha. Gosti qorannoo kanaa, qorannoo akkamtaa yookiin qulqulleeffataadha. Sababbiin qorannoo ibsaa fayyadamteef ragaalee kallattii garaagaraatii funaanaman walitti qabachuun, mala qorannoo akkamtaatiin fayyadamtee irra deddeebiin dubbisuufi qaaccessuun hiika isaa qulqulleeffachuun jechaan waan ibsiteef.

## 3.2. **Madda Ragaa Qorannichaa**

### 3.2.1. **Madda Ragaa 1ffaa**

Qorattuun kun, akka madda ragaa 1ffaatti kan filatte maanguddootaafi namoota mata duree kanarratti beekkumsaafi hubannoo qaban gaaffilee afaanii gaafachuun odeeffannoo gahaa naaf kennu jettee yaadde irraa walitti qabatteera

### 3.2.2. **Madda Ragaa 2ffaa**

Qorattuun kun madda ragaa 2ffaa kan filatteef, barruuwwan qorannoo waa'ee oduu durii ibsaniifi kitaabolee hidhata mata duree kanaa qaban adda addaa gadi fageenyaan dubbisuun odeeffannoo irraa fudhachuufi. Kanuma bu'ura godhachuun, qorattuun waajjira aadaafi turizimii aanaalee qorannoon kun irratti gaggeeffameefi waajjira aadaafi tuurizimii godinichaa dhaquun dokimentiiwwan jiran sakatta'uun ragaa argame fudhatteerti.

## 3.3. **Irraawwatamtoota**

Irraawwatamtoonni qaamota qorannoon tokko irraatti gaggeeffamuudha. Kunis, qaaccessa ergaafi itti fayyadama oduu duriiti. Hawaasni gochi qorannoo kanaa irratti geggeeffamu uummata Oromoo Godina Shawaa Lixaa hunda osoo koorniyaan, amantiifi qomoon hin qoodiin kan irratti

gaggeeffameedha. Bifa iddattootiin irraawwatamtoonni qorannoo jamaa qorannoo kessaa filataman maanguddoota, ogeessota waajjira aadaafi tuurizimii, barsiisota afaaniifi barattoota irraa funaaname irratti gaggeeffameera.

## 3.4. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

### 3.4.1. Iddattoo

Qorannoon kun hawaasa Oromoo Godina Shawaa Lixaa irraatti kan xiyyeeffatu ta'uu daangaa qorannoo jalatti ibsamuuf yaalameera. Haata'u malee hawaasa Godina kanaa hunda hirmaattota qorannoo kanaa taasisuun baay'ee ulfaataafi nuffisiisaa waan ta'uuf iddattoota qorannichaa jalqabaa hanga dhumaatti tarkaanfachiisuu danda'an murteessuun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uun, qorattuun mata duree qorannoo kanaaf ragaa gahaa kennu jettee kan yaaddu maanguddoota, namoota aadaafi seenaa Oromoo beekan, ogeessota waajjira aadaafi tuurizimii, barsiisota afaaniifi barattoota akka madda ragaatti na tajaajilu jettee yaadde irratti raawwatteerti.

### 3.4.2. Mala Iddatteessuu

Idatteessuun qaamotaa qorannoo tokkoof odeeffannoo walitti qabuuf qaamolee akka madda ragaatti tajaajilan tooftaa adda addaatiin hawaasa qorannoo keessaa filachuun jamaa bakka buusuudha. Qorattuunis kanuma bu'uura godhachuun, hojjattoota waajjira aadaafi tuurizimii afur manguddoota sagal barsiisota shan barattoota torba waliigala namoota 25 gandoota salgan keessa jiraatan kana mala iddatteessuu mit-carraa keessaa eeruu/darbaa dabarsaafi kaayyeffataa/murtoo fayyadamuun hirmaattota qorannoo kanaa taasisuun qorannoo kana galmaan geesserti.

#### 3.4.2.1. Iddatteessuu Miti carraa

Tooftaan iddatteessuu kun akkuma maqaasaa irraa hubaachuun danda'amutti carraadhaan kan iddattoon filatamu miti. Tooftaa kana keessaatti filannoon iddattoo kan gaggeeffame hojjattoota waajjira aadaafi tuurizimii afur ogummaa hojii isaanii irratti hundaa'udhaan maanguddoota sagal muuxannoofi hubannoo gahaa qaban bifa darbaa dabarsaan/ eeruudhaan, barsiisotaa afaanii shan fi barattoota hubannoo aadaa hawaasichaa qaban irratti hundaa'udhaan torba walumaa galatti namoota 25 irraa qorattuun kun odeeffannoo fudhatteerti. Isaan kana keessaa dhi, 17, dub, 8 irratti xiyyeefannoo kenniteerti.

##### 3.4.2.1. 1. Iddattoo Kaayyeeffataa

Malli kun, ragaa barbaachisaafi qabatamaa ta'e mata duree qorannoo kanaa ilaalchisee nama hubannoo qabu irraa argachuuf gargaara. Yaada kana Dastaa (2013: 136) yoo ibsu, "Yemmuu mala kana fayyadamnee odeeffanno funaannu odeef-kennitoota itti yaadneetuma filanna" jedha. Kanuma

bu’uura godhachuudhan hojjattoota waajjira aadaafi tuurizimii afur barsiisoonni sadarkaa tokkoffaa kutaa 5ffaa- 8ffaa afaan Oromoo barsiisan shan iddattoo kaayyeffataa/murtoo ta’anii filatamaniiru.

#### 3.4.2.1.2. **Iddattoo Eeruu/Darbaan Dabarsaa**

Mata duree qorannoo kanaa waliin wal qabatee namoonni hubannoo qaban heddu jiraachuu danda’u. Haata’umalee namoota kana bira dhaqanii ragaa fudhachuudhaf ulfaataa waan ta’eef gara waajjira aadaafi tuurizimii deemuudhaan maanguddoota sagal isaan eeran irraa ragaan funaanameera. Akkasumas, barattoota torba barsiisoonni qorattuu kanaaf eeran irraa ragaan funaanameera.

## 3.5. **Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Walitti Qabamu**

Qorannoo tokko gaggeessuuf meeshaaleen ragaa walitti qabuuf gargaaran dursanii murteeffamaniiru. Qorattuun kunis, odeeffannoo dhaamsa oduu duriifi itti fayyadamni isaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti maal fakkaata kan jedhu hubannoo keessa galchuun meshaalee odeeffannoo kanneen akka af-gaaffii, marii gareefi sakatta’a dokimentii qorannicha galmaan ga’a jettee yaadde dhimma baateerti.

### 3.5.1. **Af-gaaffii**

Af-gaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta’ee kan qorataafi namni odeeffannoon irraa funaanamu fuulaa fulatti wal arganii odeeffannoo waliif kennaniidha.Qorattuun kunis kanuma yaada keessa galchuun, odeeffannoo dhaamsa oduu duriifi itti fayyadamni isaa Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti maal maaliif oola jedhu funaannachuuf,yoomeessa akkamii keessatti ggaggeeffama kan jedhuufi yeroo ammaa kana itti fayyadama oduu durii waliin walqabatee hawaasni godinichaa maalfakkaata kan jedhu odeeffannoo bal’aa argachuuf filatamaadha. Maanguddoonni ragaan irraa funaanamu dubbisanii barreeffamaan yaada isaanii kennu waan hin dandeenyeef afgaaffiin filatamaadha. Kanamalees, gaaffiin gaafatamuu gaaffii banaa fuulaa fuulaatti taasifamu waan ta’eef gaaffii odeefkennaadhaaf dhiyaatu kallattii isaaf ifa ta’etti jijjiiruun gaafachuufi odeeffannoo fudhachuudhaaf mijataadha.

Yaada kana Dastaa (2013,111) yoo ibsu, “Af-gaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon itti funaannammu keessaa tokko ta’ee, kan qorataafi odeef-kennaan fuulleetti walarganii odeeffannoo waliif kennaniidha. Odeeffannoo af-gaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennaa gaaffachuu danda’u isaati” jedha. Kana irraa kan hubannuu, yeroo odeeffannoo odeef-kennaa irraa fudhannu gaaffii afaanitiin yoo ta’ee ragaan namni sun nuuf kennu qulqullina qabaachuu isaa, yaadni isaa akka hin banne deebisaafi jajjabeessaa odeeffannoo irra kan fudhannu ta’uu isaati. Kanuma irraa ka’uun, qorattuun mala iddattoo kaayyeeffataatiin iddattoo shanfi eeruudhaan kudhan argatte walumaa galatti namoota 15 irraa odeeffannoo waliitti qabatteerti.

### 3.5.2. **Marii Garee**

Malli kun mala odeeffannoo argachuuf namoota garee adda addaatti qooduun ragaa barbaachisaa ta'e argatanii ragaa argame sana immoo walcinaa qabanii hiikuuf nama dandeessisuudha.
Yaada kana Filee Jaalataa (2016,f.63) yoo ibsu,"Mariin garee adda addaa namoota biroon kennaman mirkaneeffachuudhaaf namoota kallattii qorannoo sanaan hawaasa keessatti muuxannoo qaban jahaa hanga kudha lamaa yeroo adda addaa bakkeewwan adda addaatti walitti fiduun odeeffannoo irraa walitti qabachuudha" jedha. Mariin garee xiyyeeffannoo qorannoo gaggeeffamu keessatti inni tokko yoo beeke inni tokko dagachuu danda'a waan ta'eef galmaan gahinsa qorannoo sanaaf mijataadha. Kanuma bu'uura godhachuun, qorattuun kunis marii garee kana keessatti iddattoo filataman keessaa namoota 12 garee lamatti qooduun marii gaggeessiteerti.

### 3.5.3. **Sakatta'a Dokmentii**

Malli kun kan qorattuun, ragaa dabalataa wantoota mata duree kanaan wal qabatan wanta barreeffamee kaa'ame dubbisuufi qorannoo mata duree kanaan wal fakkaatan ilaaluun odeeffannoo walitti qabachuun qorannicha gaggeessiteedha. Qorattuun kun waajjira aadaafi turizimii aanaalee qorannoon kun irratti gaggeeffameefi waajjira aadaafi tuurizimii godinichaa dhaquun dokimentiiwwan jiran sakatta'uun ragaa argame fudhatteerti.

## 3.6. **Mala Funaansa Ragaa**

Galma gahinsa qorannoo tokkoof odeeffannoo funaanuun isa bu'uraati. Odeeffannoo funaanuuf immoo meeshaaleen funaansaaf oolaan jiraachuu qabu. Meeshaalee ragaa funaansaaf oolan biratti immoo mallii funaansa ragaa barbaachisaadha. Kana jechuun, galma gahinsa qorannoo tokkootiif meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanamu qophaa'uun isaanii qofaan gahaa miti. Qorannoo tokko kan murteessu qophaa'uu meeshaalee odeeffannoofi mala funaansa ragaatiin deggeramuun barbachisaa ta'uu isaati. Kanuma bu'ura godhachuun, qorattuun kunis meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu waliin mala funaansa ragaa qorannoo kanaafi adeemsa qorannoo kana gaggeessuuf itti fayyadamte akka itti aanutti keesse. Meeshaalee odeeffannoo funaanuuf barbaachisan kan qorattuun dhiyeeffattee gorsaa isheen mirkanaa'e afgaaffi, marii garee xiyyeeffannoofi sakatta'a dokimeentiitti fayyadamuun ragaa odeef-kennitoota irraa karaa ittiin argachuu dandeessu karoorfachuun hojiitti seente.

Jalqaba gara waajjira aadaafi tuurizimii deemuun ogeessota dhimma qorannoo kanaa waliin hidhata qaban irraa ragaa funaannatte. Kana booda, namoota waajjirichii eeruun kenne bira deemuun kaayyoo isaan barbaaddeef qabsiistee beellamattee galtee. Dabalataanis, kan waajjirri eereen ala kan qorattuun namni kun osoon ragaa irraa fudhee galma gahinsa qorannoo koof bu'aa qaba jettee kaayyeffatte bira

deemuun kaayyoo ishee ibsiteefi beellama qabachuun deebitee. Guyyaa beellamaa eeguun gaaffilee af gaaffif qopheeffatte meeshaalee funaansa ragaa kan ta'an kan akka yaadannoo, qalama, moobaayilaafi kaameeraa waliin gara namoota odeeffannoo kennuuf eeramaniitti deebi'uun mata duree qaaccessa ergaafi itti fayyadama oduu durii waliin walqabate ragaa quubsaa ta'e odeef-kennitoota irraa funannatteerti. Ragaawwan funaanaman kana dhugummaa isaa adda baasuuf iddattoo marii garee xiyyeeffannootiif gaaffi qopheessuun akka irratti mari'atan gooteerti. Qorattuunis, oduu duriiwwan kaameeraafi moobaayiliin waraabaman dhaggeeffachuun akkasumas, yaadannootti kan qabaman irra deddeebi'uun dubbisuun akkuma dubbatanitti gara barreeffamaatti jijjiirtee qindeessuun xiinxaluuf akka mijatuuf ergaa isaan qabaniin mata duree kennuufiin ragaa argatte qoqqoddee jirti.

## 3.7. **Mala Ragaa Qaaccessuu**

Mata duree kana jalatti mala qorattuun ragaa odeef-kennitoota irraa funaanatte ittiin ibsituudha. Kana jechuun, malli qaaccessa ragaalee qorannoo kanaatiif itti fayyadamte mala akkamtaa yoo ta'u, ragaalee funaanamanii argaman ergaafi tajaajila isaaniitiin ibsa irratti kennuun xinxaludhaani.Yaada kana kan deeggaru Addunyaan (2011, f. 66) akka ibsutti,"Qaaccessi odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheeffachuun irra deebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessa isa muraasa" jedha. Odeeffannoo afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootiin meeshaalee funaansa ragaatiin odeef-kennitoota irraa walitti qabamani qindaa'an kana dhaamsa maalii dabarsa, maaliif itti fayyadamu, yoom eessa akkamii keessatti itti fayyadamuu kan jedhu dhugummaa, amanamummmaafi xumura ragichi irra gahuuf deemu madaaluufi xiinxaluun mala ragaa qulqulleeffataatiin qaaccessuufi jechaan ibsuun akka qopha'an gooterti.

## 3.8. **Naamusa Qorannichaa**

Qorannoon dirree kan qorataan/ttuun tokko iddoo qorannichi itti adeemsifamu dhaquudhaan qorannoo gaggeessu/tuudha. Hojii qorannoo keessatti namuusni qorannoo gahee guddaa qaba. Yaada kana Neuman (2007, f. 5) akka ibsutti, Seeraafi namuusa eeguun qorataan icciitii hawaasa irraa qoratuu eeguufi kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisuudha jedha. Kunis qorannoo gaggeeffamu keessatti seeraafi icciitii hawaasichaa eeguun, qulqullinaafi amanamummaa qabaachuu qorannichaaf qooda guddaa qaba. Kanaafuu, qorattuun osoo qorannoo hin adeemsisiin dura haala aadaa, safuu, duudhaa, afaaniifi amantii hawaasa qorannoon irratti adeemsifamu eeguun odeeffannoo qorannoo sanaaf ta'u odeef-kennitoota bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabuuf fayyada.

Kanarraa ka’uun, qorattuun aanota qorannoon kun irratti gaggeeeffame qaamaan deemuun namoota odeeffannoo irraa sassaabbachuuf filatte wajjin wal argitee yeroo gara ragaa funaaannachuutti seentuu haalli gaaffii odeef-kennaaf itti dhiyeessitu bifa namuusa isaa eeggateeni. Kana jechuun, ifachuu, aaruu, tuffachuufi kan kana fakkaatan irraa of qusachuun odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabatteerti. Kunis, Jalqaba qorattuun odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwan ittiin qorattuufi gaaffilee qopheeffachuun iddattoo filataman fedha isaanii gaafachuun ragaa isaan kennan yaadannoofi waraabbiin fudhatteerti. Kanamalees, odeeffannoo walitti qabaman gara marii garee xiyyeeffanootti deebifattee mariisisuuf iddattoota filatama keessaa nama 12 fedha isaanii gafachuun bakka lamatti hirtee qorattuun itti gaafatamummaa fudhattee marisisteerti. Odeeffannoowwan walitti qabaman irra deebiin ilaalamanii xiixnxalamuun dhaamsa isaanitiin qaacceffamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaan kun, ragaa dhiheessuufi qaaccessuu irratti kan bu'ureeffateedha. Kana jalatti, qaaccessa dhaamsa oduu durii waliin wal qabatee Oromoon Godina Shawaa Lixaa maal maaliif itti dhimma bahaa kan jedhu wal duraa duubaan akkaataa dhaamsa qabaniin qoqqoodamaniiruu. Oduuwwan durii walitti qabamanis, lakkoofsaan 26 yoo ta'uu kenneen keessaa 20 ergaa isaanitiin qaacceffamaniiru. Hawwaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa oduu duriitti fayyadamee dhaloota kan barsiisu, tokkummaa, jireenya hawaasummaa, haala dinagdee, siyaasa, jaalala, waliif obsuu, waldanda'uu, wal deeggaruufi daree barnootaa keessattillee oduu duriitiin dhaloota barsiisuuf kan itti fayyadamu ta'uu isaa agarsiisa.

Dabalataanis gootummaa akka horatan, gowwummaan badaa ta'uu, gamnummaan gaarummaa akka qabuufi miidhaa gorsa diduun fidu oduu duriitti fayyadamee akkamitti akka gorsu kan of keessatti hammateedha. Akkasumas, yoomeessa oduu durii waliin walqabatee bakkeewwan heddutti haa fayyadamanii malee baay'inaan beekkamtii kan qabu galgala galgala ibidda birattiifi yeroo jaarsummaaf odaa jala taa'an akka itti fayyadaman odeef-kennitoonni qorattuu kanaaf kan kennan ta'uus boqonnaa kana jalatti eerameera. Gama biraatinis, haala itti fayyadamaafi itti fufiinsa oduu durii dhaloota si'anaa biratti mul'atu quubsaa ta'uu dhabuu isaa odeef-kennitoota irraa kan adda ba'e ta'uu isaa boqonnaa kana jalatti wal duraa duubaan dhiyaataniiru.

## 4.1. dhaamsa Oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Biratti

Dhaamsi, oduun durii jiruuf jireenya hawaasaa keessatti jabaatanii hojjechuu, rakkina adda addaa keessa lufuu danda'uu, tokkummaafi abshaala ta'uu dhaloota barsiisuu keessatti shoora olaanaa qaba. Dabalataanis, adeemsa jiruuf jireenyaa mo'achuu keessatti namni tokko dadhabuu yookan abdii kutachuu danda'a. Yeroo kana, oduu duriiitti fayyadamuun namni sun jabaatee rakkoo keessa jiru sana keessa bahee sadarkaa itti aanutti akka ce'u jajjabeessuun ni danda'ama. Kanamalees, aadaa hawaasa keessatti hin barbaachisne yookan safuu hawaasaa tuquu danda'u akka hin dalagne oduu duriitiin gorsuun karaa sirri irra deemsisuufi rakkoo jireenya keessatti nama mudate tokko jalaa bahuuf karaa alkallatti ta'een yaada kan ittiin ibsatan ta'uu isaati.

Oromoon Godina Shawaa Lixaas, oduu durii meeshaa godhatee aadaa, seenaa, duudhaa, safuufi barsiifata adda addaa ittiin wal barsiisaa dhufe. Kanamalees, oduu duriitiin gargaaramanii dhaloota karaa irraa maqe kallattii barbaachisaa ta'etti qeequudhaan, gorsuufi sodaachisuudhaan karaatti akka isaan deebi'an godha.  Qorannon kunis, hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa oduu duriitiin dhaamsa akkamii waliif dabarsuuf itti fayyadama, yoomeessa akkamii keessatti fayyadamaafi haalli

itti fayyadama yeroo ammaafi itti fufiinsa dhaamsa oduu durii walin wal qabatee abdiin dhaloota irra jiru maal fakkaata kan jedhuuf wal duraa duubaan karaa afgaafi karaa marii garee deebii argateera.

Qorannoo gaggeeffame kana irratti, hirmaattonni afgaaffii irratti hirmaatan qorattuu kanaaf yaada kennanii jiru. Odeef-kennitoonni, 1R, 1Lfi 2B tokko tokkoon yaada isaanii gaafa guyyaa (07/08/2016) qorattuu kanaaf akka ibsanitti, oduun durii hawaasa Oromoo Godina Shawaa Lixaatiif lafee dugdaati jedhu. Kunis, ogafaan jiran keessaa akka dhaloonni umurii daa'imummaa isaanirraa ka'anii hanga umurii isaan lafa kanarra jiraatanitti kallattii kamiinuu karaa irra buusu ta'uu isaa dubbatu. Dabalataanis, 1Bfi 1A gaafa guyyaa (11/08/2016) haaluma walfakkaatuun yaada qorattuu kanaaf kennaniin oduun durii uummata Oromoo Shawaa Lixaatiif dilbiidha jedhu. Kana jechuun, qabeenya guddaa hin sochoone kan akka meeshatti itti gargaaramee ijoollee isaa waan heddu ittiin barsiisuudha jedhu.

Akkasumas marii garee xiyyeeffannootiinis, odeef-kennitoonni,1F, 1T, 1Q, 1Qfi 2A qorattuu kanaaf gaafa guyyaa 02/08/2016) akka ibsanitti, oduun durii kan uummanni Oromoo Shawaa Lixaa haala kam keessayyuu dhaabbatee dhugaa qabu ittiin barbaaduufi ijoollee isaa ittiin barsiisudha jedhu. Akka yaada odeef-kennitoota kanarraa hubatamutti,hawaasni kun,dhaamsa oduun durii of keessaa qabutti fayyadamee wanta hamaas ta'ee gaarii isa qunname karaa alkallattii ta'een yaada isaa ibsata. Kanamalees, ijoolleen isaanii wanta hamaa ta'e tokko irraa akka of eeganiifi jireenya gaariif akka of qopheessaniif gorsa jedhu. Oduu duriitiin gootummaa akka horatan, mala waa jalaa ittiin miliqan, rakkoo mudateef furmaata barbaaduu, gowwummaan miidhaa akka malee akka fidu, namni gorsa didu gara badiitti akka deemu itti himuun gorsa cimaa dhalootaaf kenna. Dabalataanis jaalala barsiisuu, tokkummaa, wal danda'uu, wal gargaaruu/deeggaruu, waliif obsuu, jireenya hawaasummaa, dinagdee, seenaa, aadaa, duudhaa, eenyummaafi safuu barsiisuuf itti fayyadamuu kan jedhuudha.

Uummanni Oromoo dhaamsa oduu duriitti fayyadamee dhaloota namuusa, safuu, seenaa, jaalala, seeraafi duudhaa isaa barsiisuun lafa qabsiifata. Oduun durii, amala dinqisiifannaa waan qabuuf dhalootni utuu irraa baratuu itti bashannana. Yaada kana Dorson (1972, f. 60) akka jedhutti, "Oduun durii adda durummaan kan yaadameef hojiin isaa inni guddaan bashannanaaf jedha. Kanamalees, oduun durii aadaa hawaasa keessa jiru dhaloota barsiisuuf tajaajila, Kana jechuun, amantaa, aadaa, duudhaa, seenaa, saafuu, akkaataa hojii, waan gaarii yookan hamaa jedhamee fudhatamu barsiisa" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti oduun durii dhaloota bashaannansiisuu qofa osoo hin taanee barsiisuuf illee iddoo guddaa qabaachuu isaati. Kunis oduun durii namuusa barsiisuuf, jaalala barsiisuuf, tokkummaa, wal danda'uu, wal gargaaruu, waliif obsuu, jireenya hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa barsiisuun ijoollee karaarra buusuu isaati.

4.1.1 **Tokkummaa Barsiisuu**

Ogafaan uummata Oromoo biratti baay'inaan dhaamsa dhaloota barsiisu qaban keessaa inni tokko oduu duriiti. Oduun durii, uummata Oromootii lafee dugdaati. Kana gaafa jennu, uummanni Oromoo osoo akka har'aa kana ijoollee isaa gara mana baruumsaatti hin ergin dura oduu duriitti gargaaramee dhaloota wanta gaarii akka itti jabaatan wanta yaraa akka irraa fagaatan uumama lafa jiruun fakkeessee barsiisaa dhufe. Odeef-kennituun afgaaffii 2B gaafa guyyaa (07/08/2016) yaada qorattuu kanaaf kenniteen oduun durii uummata Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti, tokkummaa hawaasaafi maati keessattillee faayidaan inni qabu olaanadha jetti. Tokkummaan kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti gaddaa, gammachuufi rakkoo hawaasummaa isa muudate tokko ta'ee ittiin walirraa qolatuudha. Akkasumas, faallaa kanaa immoo, tokkummaa dhabuun rakkoo garaagaraaf kan nama saaxilu ta'uu isaa uummanni oduu duriitti fayyadamee wal barsiisaa dhufee jetti. Kanuma bu'ura godhachuun, qorattuun kun oduu durii tokkummaa agarsiisan akka armaan gadiitti keesserti.

A. **Sangoota Sadii ta'anii Bosonatti Galan**

Bara durii jedhan, sangoota sadiituu bosona keessa waliin jiraata ture. Sangoonni sunis, bifti isaanii burree, adiifi gurraacha. Sangoota kana waraabessi nyaachuuf ni adamsa ture. Yeroo waraabessi isaan adamsu sun itti dhufe tokko ta'anii wal gargaaranii gaanfa isaaniin of irraa faccisu turan. Waraabessis sangoota kana nyaachuuf mala tokko malate. Sangoota isaan bifti isaanii burreefi gurraacha ta'an lamaan ofitti waamee "Isin of hin argine malee yeroo maraa diinni kan isin argee isin adamsuuf sangaa isa bifti isaa adii ta'e sanatuu alaalatti mul'ataa adii sana of keessaa baasaa malee dhumuu keessanii" jedheen. Isaanis, "Edaa situu nutti waraabessa fidaa" jedhanii sangicha of irraa ari'ani. Waraabessichis, gaafa sangaa isa adii sana qophaa isaatti argatu nyaate. Ammas, deebi'ee isaan lamaan hafan sanaan "Sangaan inni burreen kun alaalatti mul'ata ati immoo gurraacha waan taatefuu dukkana waliin wal fakkaatta osoo gargar baatanii" jedheen. Isaanis, kanuma dhaga'anii wal lolanii wal irraa deemani. Waraabessiis, gaafa kana arguu tokko tokkoon guuree isaan nyaatee fixe jedhama. 1B gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkaattiwwaan oduu durii kanaa sangootaafi waraabessa. Afgaaffi dhiyaateef odeef-kennaan kun akka yaada qorattuu kanaaf kenneen, ergaan oduu durii kanaa akkuma Oromoon "Mixiin wal qabattee laga ceeti" jedhu tokkummaan humna ta'uu nama hubachiisa. Kunis, yeroo waraabessi isaan adamsu sun itti dhufe tokko ta'anii wal gargaaranii gaanfa isaaniin of irraa faccisaa turan. Yeroo tokko ta'anii jiran sanattii diinni isaan billeessuu hin dandeenye. Garuu erga isaan gargar ba'anii tokko tokkoon funanee fixe. Kun immoo, tokkummaan bu'aa qabaachuufi tokkummaa dhabuun miidhaa akka qabu barsiisa.

Dabalataanis, gaaffii marii gareetiif oduu durii kana ilaalchisee dhiyaate irratti gaafa guyyaa (05/08/2016) 1Q,2A, 1Q,1Tfi 1F yaada isaanii qorattuu kanaaf akka ibsanitti akkuma "Odeechaan oduu balleechee albaa'an mooraa balleechee" jedhee mammaaku namni oduu sobaa odeechuu hin toluu osoo odeechaan gidduu galuu baatee jarri iyyuu gargar hinba'an turanii jedhu. Sangoonni kun walii galanii diina isaanii yeroo of irraa dhorkan waliin nagaatti jiraataa turan. Garuu, gaafa diinni isaan gidduu galee tokko tokkoon adda isaan baasuu gatii lubbuu isaan kanfalchiise jedhu. Akka yaada odeef- kennitoota kana irraa hubatametti, dhaamsi oduu durii kanaa waa lama nama hubachiisa. Inni tokkoffaan, haala rakkisaa ta'e kamkeessattuu, yaada, ilaalchafi kaayyoo tokko qabatanii walii galanii wal deeggaranii yoo socho'an diinni kamuu qawaa ittiin seenee balleessu akka hin arganne hubachiisa. Tokkummaan humna guddaa diina ittiin hinjifatan ta'uu barsiisa. Inni lammaffaan, haala kamkeessattuu ilaalchi jiruufi yaadni jiru tokko hin taane yoo ta'ee diinaaf balballi banaa ta'uu isaati. Kana jechuun tokkummaa dhabuun, wal jibbuun, wal qooduun diinaan hinjifatamuu akka ta'e barsiisa.

B. **Hiriyoota Sadii Ta'anii Deeman**

Bara durii jedhan, hiriyoota sadiitu waliin karaa deemaa ture. Sadan isaaniiyyuu yeroomanaa ba'an "Waanti fedheyyuu yoo nutti dhufe tokko taanee wal irraa qolla malee gargar hin baanuu" jedhanii waadaa waliif galan. Utuu deemaa jiranuu leenci itti dhufe. Yeroo kana, utuu leenci isaan har'uu hiriyoota sadan keessaa isaan lamaan mukatti ol ba'an. Inni tokko, callisee akka nama du'eetti ciise. Kana booda, leencichii du'aa hin nyaatu waan ta'eefi gadi jedhee funyaan isaatiin fuunfate du'aafi jiraa ta'uu isaa gargar baasee irraa adeeme. Warri mukatti ol ba'an daddafanii muka irraa gadi bu'anii "Maal sitti himee deeme leencichi ammaa?" jedhanii isa gaafatani. Innis deebisee "Nama yeroo rakkoo si baqatu waliin hin deemiin naan jedhe" jedhee itti himee jedhama. 1R gaafa guyyaa ( 07/08/2016) yadannoon kan fudhatame)

Fakkaattiiwwan oduu durii kanaa namaafi leencaa. Af gaaffii dhiyaateef odeef-kennaan kun ergaa oduu durii kanaa akka qorattuu kanaaf ibsetti, hiriyaa jechuun nama yeroo rakkinaas ta'ee gammachuutti nama biraa hin hafneedha jedha. Oromoon yeroo oduu duriitti gargaaramee dhaloota barsiisu dhaloonni gara fuula duraatti rakkoo isaan qunname kamuu waldeeggaruun tokko ta'anii akka injifatan uumama lafa irraatiin wal bira qabee barsiisa. Hiriyoonni sadii ta'anii mana ba'an kun waadaan isaan waliif galanii ba'an tokko taanadha. Garuu yeroo wanti isaan sodaachisu itti dhufe waadaa waliif galan dagatanii karaa karaa goranii lubbuu isaanii du'a olchuutti hiriyaa isaanii isaan biraa kufee hafe bineensaatti dhiisanii muka koranii.

Dhaamsa oduu durii kana irratti gaffii marii garee xiyyeeffannootiin yaadni qorattuu kanaaf kenname (1F, 1Q, 1Q, 1T,2Al gaafa guyyaa ( 05/08/2016) akka qorattuu kanaaf yaada isaanii ibsanitti, hiriyaan kan yeroo bashannanaa,gammachuu, kolfaa qofa osoo hin taanee kan yeroo rakkoo, gaddaa nama waliin dhaabbatu akka ta'e barsiisa. Kunis, warri, mukatti ol ba'an daddafanii muka irraa gadi bu'anii "Maal sitti himee deeme leencichi ammaa?" jedhanii isa gaafatani. Innis, deebisee "Nama yeroo rakkoo si baqatu waliin hin deemiin naan jedhe" jedhen kun kan agarsiisu, hiriyaan yeroo rakkoo, gaddaa, gammachuufi bashannanaaf kan nama biraa adda hin baane ta'uu isaati.

4.1. 2. **Dhaamsa oduu duriitiin Jireenya Hawaasummaa Barsiisuu**

Uummanni Oromoo oduu duriitti gargaaramee kallattii garaa garaatiin ijoollees ta'ee walii walii isaa barsiisaa dhufe. Kun immoo, oduun durii achii as dhuftee isaa keessatti seenaa hawaasni tokko keessa darbee dhufe calaqqisiisuu, eenyummaa hawaasa sanaa beeksisuu, naannoo ofiis ta'ee addunyaadhaaf ilaalcha hawaasni qabu mul'isuu, dhaloota karaarra buusuuf, waan hamaa jalaa baasuufi jaalala barsiisuuf oola. Hawaasummaan dhuunfaanis ta'ee gareedhaan dhimma yookaan kaayyoo tokkoo galmaan gahuuf kan walitti qabamaniidha.

Dhimma hawaasummaa dhaloota barsiisuu waliin walqabatu, odeef-kennituun afgaaffii 2B (07/08/2016) hawaasummaa ilaalchisee yaada akka qorattuu kanaaf kennitetti, hawasummaan dhimma hawaasni jiruufi jireenya isaa kamiyyuu keessatti waliin ta'uun jireenya hawaasummaa gaggeeffatuudha. Kana yeroo jennu, hawaasni gaddaafi gammachuu jireenya isaanii keessatti waliin qaban kan qooddataniidha. Hawaasni oduu duriitti gargaarame gadda isaa ittiin wal dagachiisuu, wal bashannansiisuufi wal jajjabeessuuf ittiin fayyadama jetti.Yaada kana kan deeggaru,Thompson (1946, f. 428) akka jedhutti, Oduun durii bashannansiisuu, barsiisuuf, safuu hawaasaa eeguuf, dandeettii dubbisuu guddisuuf kan fayyaduudha jedha. Yaada kanarraa kan hubannu, oduu duriitiin hawaasni ijoollees ta'ee gaheessota jireenya hawaasummaa keessatti safuufi safeeffannaa, jaalalli bu'aa maalii akka qabuufi jibbi miidhaa akkamii akka qabu adda baasanii akka barataa deeman taasisa. Erga kana gargar baafatanii yaaddoo tokko malee jireenya hawaasumma utuu haaraa itti hin ta'in ollaas ta'ee maatii wajjin jireenya isaanii itti fufu kan jedhuudha.

**A. Jaldeessa, Qamaleefi kanniisa**

Bara durii jedhan jaldeessa, qamaleefi qanniisa jedhanii afoosha walitti qabu turan. Afoosha kanas dabaree walii naqaniiti abbaan dabaree afooshaa qopheessa ture. Guyyaa gaafa jalqabaa dabareen kan kannisaati. Kanniinsni gaafa dabaree ishee damma ishee irraa booka hojjattee bifa gaariin qopheessitee eegde. Dabareen itti aanuu kan jaldeessaa ture. Jaldeessi, kanniisa ofitti waamee "Waan akka kana mi'aawaafi foolii gaarii qabu kana maal irraa hojjattee?" jedhee gaafate. Kannisnis, dhugaa

jirtu “Bobbaa kooti” jettee itti himte. Jaldeessis, guyyaa dabareen afoosha isaa gahuu akkuma kanniisaa bobbaa isaa qopheessee eege. Yeroo dhufanii gara mana isaa seenanii foolii bobbaa isaafuu karaa taa’an dhaban. Kana booda, kannisni aaree jaldeessa oliif gadi ari’ee hiddee fixe. Qamaleen immoo muka gubbaa baatee itti kolfaa “Yaa jaldeessoo! akka hiriyaa badde dheenfa hin badinii kara bishanitti!” jettee gorsinaan innis bishaanitti of darbatee jedhama. (1R gaafa guyyaa, (07/08/2016) yaadannoon kan fudhatameedha)

Fakkaattiwwaan oduu durii kanaa qamalee, jaldeessaafi kannisa. Hariiroo jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti akkuma wanti gaariin nama qunnamuu wanti hamaanis nama qunnamuu danda’a. Garuu, osoo rakkoon tokko hin uumamiin dursa qaama waliin hariiroo uuman adda baafachuun barbaachisaadha. Akka odeef-kennaan kun yaada isaa qorattuu kanaaf ibsetti,ergaan oduu durii kanaa kan barsiisuu, fakkaataa ofii malee hariiroo hawaasummaa uumuun miidhaa malee bu’a akka hin qabnedha. Kunis, kanniinsni gaafa dabaree ishee damma ishee irraa booka hojjattee bifa gaariin qopheessitee eegde. Jaldeessii, kanniisa ofitti waamee “Waan akka kana mi’aawaafi foolii gaarii qabu kana maal irraa hojjattee” jedhee gaafate. Kannisnis, dhugaa jirtu “bobbaa kooti “jettee itti himte. Jaldeessis, guyyaa dabareen afoosha isaa yeroo gahuu akkuma kanniisaa bobbaa isaa qopheessee eege. Akkuma uummanni Oromoo yeroo maammaaku “Mi’a wal fakkaatu wal biratti suuqu” jedhu waanti hunduu iddoo isaa malee akka hin bareednedha kan agarsiisu jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, warri afoosha wal biraa qaban kun, uumamni isaanii, oolmaan isaanii, hojiin isaaniifi yaadni isaanii tokkolle kan wal hin fakkaanne waan ta’eef waanti hudi fakkaataa ofii malee hin bareedu kan jedhuudha. Kan qamaleen,”akka michuu baddee dheenfa hin badini” jetteenis kanuma ibsa.

### B. Waraabessaa fi Harree

Bara durii jedhan, waraabessaafi harreetu walitti firoomna jedhanii walii galan. Kana booda waraabessi akka intala Harree fuudhuf murteessanii kaadhimmatan. Osoo kanaan jiranii guyyaa tokko abbaan waraabessaa jalaa duunan warri harree afooshafi ollaa isaanii hunda ajajatanii warra du`aa kana warra waraabessaa bira dhaqan. Warra du`aa kana awwaala oolanii achumaan jajjabeessanii galuudhaf warra waraabessaa wajjin gara manatti goran. Erga goranii, “Qarshii waan qabnu harka keessa keenyee jabaadha jennee deemna” jedhanii hasaasanii walitti himan. Yeroo kana haati harree yookan haati soddaa kun “Qarshii bay’ee of harkaa hin qabnu waan ta`eef isaan foon keenya jaalatu foon keenyarraa tokkicha tokkicha haa kutatan” jetteen. Isaanis, yaada ishee kana fudhatanii qaama isaanirraa bakka kutatan waliin mari`atanii “Hidhii keenyarraa haakutatan” jedhanii murteessan.

Murtoo kanas, suuta jedhanii waraabessatti himnaan innis baayyee gammadee “Tole!” jedhee hidhii harrootaa kana tokko tokko irraa kutatee yeroo bakka teessuma isaatti deebi`ee achi ilaalu harroonni hundi waan hidhiin irra hin jirreef waan kolfan fakkatu. Warri waaraabessaa kunis, maal kan ta`uuf abbaa keenya du`ee nutti kolfu jedhanii warra harrootaa kana goodaa keessa olii gad hari`anii hunda isaanii fixan jedhama (Dokmentii waajjira aadaafi tuurizimii aanaa Dandii irraa fudhatame)

Fakkaattiwwan oduu durii kanaa waraabessaafi harreedha. Uummanni Oromoo aadaa boonsaa qabu keessaa jaalalaa waliin qabu mirkaneeffachuuf kan itti gargaaramu tokko aadaa fuudhaaafi heerumaati. Kunis, namni ilma ofii fuusisuu barbaadu intala nama jaalatuu akka ilma isaa fuusifatu barbaada kun immoo jaalala duraan jiru caalatti gara firummaatti akka jijjiramuufi. Garuu, faallaa kanaa warra kana balleessufis fira fakkaatee kan deemu hin dhibu. Kanarra dhaabbateeti, Oromoon ijoolleen isaa akka firaafi orma adda baasuu danda’an gorsa. Akkuma beekamu, harreefi waraabessii duruyyuu diinaa caalatti diinummaan yoo babal’ate malee isaan lamaan giddutti firummaan hin yaadamu. Jireenya hawaasummaa keessatti amalli, ilaalchiifi yaadni namaa jiru garaagarummaa qaba waan ta’eefi bu’aa bayii kana darbuuf diinaafi fira adda baafataa deemuun barbaachisaa ta’uu Oromoon oduu durin deeggaramee ijoollee isaa barsiisaa deema.

Kunis, abbaan waraabessaa jalaa duunan warri harree afooshaafi ollaa isaanii hunda ajajatanii warra du`aa waraabessaa bira dhaqan. Warra du`aa kana awwaala oolanii achumaan jajjabeessanii galuudhaf warra waraabessaa wajjin gara manatti goran. Erga goranii, “Qarshii waan qabnu harka keessa keenyee jabaadha jennee deemna” jedhanii hasaasanii walitti himan. Yeroo kan haati harree yookan haati soddaa kun “Qarshii baayyee of harkaa hin qabnu isaan foon keenya jaalatu waan ta`eef foon keenyarraa tokkicha tokkicha haa kutatan” jetteen. Isaanis, yaada ishee kana fudhatanii qaama isaanirraa bakka kutatan waliin mari`atanii “Hidhii keenyarraa haakutatan” jedhanii murteessan.Yaada afgaaffiif dhiyaateen (1L, 1Dfi 1D gaafa guyyaa (07fi 16/08/2016) akka ibsanitti, waarri harree waadaa kaleessa waliif galan cimsuuf, jaalala isaanii ibsachuufi jireenya hawaasummaa babalisuuf jechaa gadda warra waraabessaa waliin hirmaachuun hanga foon ofii kutaniifitti gahani. Waraabessi garuu waada giddu isaanii jiru dagatee hanga isaan bira darbee oollaa isaaniillee fixuu bira gahe. Kunis,”Hiriyaa malee bahanii gaggeessa malee galanii" akkuma Oromoon jedhu wanti hunduu hiriyaa yookan fakkaataa ofii walin bareeda jedhu. Odeef-kennitoonni marii garee (2F, 2S, 2C, 1S 2Sh fi 1R dhaamsa oduu durii kanaa qorattuuf yommuu ibsan, namni tokko nama amanatee yoo of itti gate nama sanaaf ofeeggachuu akka qaban barsiisaa. Akkasumas, amanamummaa dhabuun, imaanaa nyaachuufi waadaa cabsuun gaarummaa akka hin qabne oduu duriitiin deeggaramee of eeggachiisa. Dabalataanis goowwummaan gaarummaa akka hin qabne, yeroo hundaa diinaafi fira adda baafachuuf abshaala ta’uun barbaachisummaa akka qabu barsiisa jechuun ibsu.

C. **Adurree fi Antuuta**

Bara durii jedhan, adureefi antuutatu walitti firoomuu barbaadan. Isaanis, akka wal hin nyaanneefi bakka wal arganittis akka wal hin dheensine waadaa waliif galan. Sirumayyuu firummaa isaanii cimsuuf intala walii fuudhanii warra soddaa akka ta`an walii galtee jabeessan. Warri adduree ilma gahe qabu warri antuutaas intala geessuu waan qabaniif jarri lachuu akka walitti soddooman barbaadani. Warri adurree jaarsa olla walitti qabanii warra antuutatti ergatan. Warri antuutaas waanta keessummaadhaaf barbaachisu hunda qopheeffatanii keessummaa kana simatanii waa`ee gaa`ila ijoollee isaanis dubbatanii keessumaayyuu warri adurree kun qeensa isaanii akka of irraa qoran itti himanii walii galtee isaanii gammachuu guddaadhan xummuranii guyyaa cidhaas beellamatanii galan.

Guyyaan cidhaa kunis, dhihaachaa waan deemef jidduutti warri antuutaa kun mucaa isaanii xiqqaa erganii warri adurree kun maal keessa akka jiran haala isaanis adda baasuuf caalatti immoo warri adurree kun qeensa isaanii akka qoratanis walii galteerra waan jiruuf kana hunda adda baasuuf gara warra adurreetti ergan. Warri antuutaa waan of sodaataniif “Firummaan isaanii kun dhugaadha moo malaan nu fixuuf?” jedhanii waan shakkaniif haala isaanii baruu barbaadan. Haaluma kanaan, mucaan warra antuuta kun akkuma warra isaa biraa gorfamee bahetti warra adurree sana dhaqee balbala irra taa`ee sodaadhumaan keessumaahee qeensa isaaniis haala isaanis hunda adda baafatee yeroo ilaalu waan itti hin tolleef dafee gale. Haata`umalee waanti warri antuutaa kun sodaatan waan oole miti. Mucaan kunis haala isaanii ilaalee galuudhan “Of eeggadhaa yaa warra antuutaa jarri qeensi isaanis keessi isaanis waan jijjiirame miti” jedhe. Kanarraa ka’uun warri hantuutaa walii galanii mataa mataa isaanitiin boolla qotatanii eegan.Yeroo warri adurree sirbaa dhufanii malaan itti siqanii butuuf qeensa isaanii yaasanii itti utaalan warri hantuutaa boolla qopheeffatanitti seenuun jalaa ba’an jedhama.

(1A gaafa guyyaa (10/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkaattonni oduu durii kanaa, adurreefi hantuuta. Durumaayyuu hantuunniifi adurreen waliif diina fira ta’anii hin beekanii. Garuu adurreen hantuuta gowwoomsee nyaachuuf yaalii gaggeessuyyuu warri hantunni abshaala ta’uun mala malatanii harkaa ba’aniiru. Kunis, warri antuutaa kun waan of sodaataniif “Firummaan isaanii kun dhugaadha moo malaan nu fixuufi” jedhanii waan shakkaniif haala isaanii baruu barbaadan. Haaluma kanaan mucaan warra antuuta kun akkuma warra isaa biraa gorfamee bahetti warra adurree sana dhaqee balbala irra taa`ee sodaadhumaan keessumaahee qeensa isaaniis haala isaanis hunda adda baafatee yeroo ilaalu waan itti hin tolleef dafee galuudhan “Of eeggadhaa yaa warra antuutaa jarri qeensi isaanis keessi isaanis waan jijjiirame miti“ jedhe. Ergaan

oduu durii kanaa inni guddaan, firaafi diina adda baafachaa deemuun barbaachisaa akka ta'eedha. Dabalataanis, yeroo hiriyaa yookaan fira baafatan jaalala afaaniin dubbatamu amanuu osoo hin taanee jaalala namni sun keessa isaatii qabuuf hubatee itti siquu akka qabu barsiisa. Kanamalees, mala waa jalaa ba'aniin qopheeffachuun du'a akka nama oolchu barsiisa.

4.1.3. **Oduu Duriitiin Haala Dinagdee Barsiisu**

Hawaasni Oromoo oduu duriitti fayyadame dhaloota kan ittiin barsiisu keessaa dinagdeen isa tokkoodha. Kunis, ijoolleen isaa akkamitti qabeenya horachuu akka danda'an isa horatan immoo akkamitti akka itti bulan oduu duriitiin deeggaramee barsiisa.

A. **Abbaa Warraafi Haadha Warraa Qabeenya Qaban**.

Bara durii jedhan, abbaa warraafi haadha warraa qabeenya gar malee qabantu ture. Qabeenyi isaanii baay'achuu irraa kan ka'ee to'achuu hanga dadhabanitti ture. Gaaf tokko, abbaan warraa haadha warraatiin "Jigii kadhadhee irbaata isaanii naaf qopheessii" jedheen. Isheenis, "Tole" jettee hanga gaafa guyyaan hojjatan ga'utti wantoota hojjataaf barbaachisan hunda qopheeffatte. Garuu guyyaa gaafa hojii sana abbaan warraa hojii deeme waan ta'eef, horii tiksuufi irbaata hojjataa qopheessun ishuma ta'e. Haata'umalee hojii kana galmaan gahuuf achi kaatti as kaatti sa'aatiin irbaata hojjataa gahaa jira. Isheen immoo mo'achuu hin dandeenye. Ituma isheen kanaan jirtuu kadhattuun "Mee waa naa kennaa" jechaa gara isheetti dhufte. Isheenis, baay'ee ajaa'ibsiifattee "Ati ammanuma dubbattee nyaattaa ani muka muka irraan bu'eeyyuu hojjadhee qaqqabsiifachuu dadhabee, mee har'a anuu sii kadhataan oola irbaata hojjataa kana naaf qopheessi" jetteen. Isheen kadhattuunis,"Tole" jettee hojii ishee itti fufte. Isheen haadha qabeenyaa qalqalloo ishee baattee guyyaa guutuu gandarra deemaa ooltee. Isheen kadhattuun, yeroo hojjataan xumuree gara manaatti galu waan hundaa qopheessitee eegde. Abbaan warraa dura gara manaa dhufee yoo ishee waamu haati warraa hin jirtu. Kan mana jiru ishee Kadhattuudha. Yeroo inni 'Eessa dhaqxe" jedhee gaafatu waan jiru maraa itti himte. Innis, caljedhee hojjataa isaati irbaata laatee gaggeessee manatti ol deebi'e. Kana booda, isheen Kadhaa baatee guyyaa guutuu raafamaa oltee waan dur hin barre beelaan waxalamtee kan dadhabde gara mana ishee dhufte. Yeroo isheen dhuftu abbaan warraa gadi ba'ee "Inni mana kootii siif hin ta'u, isuma filatte waliin ba'i!" jedhee ari'ee ishee kadhattuu hojii wal qixxeessiteefitti hafee jedhama. (2A gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkaattin oduu durii kanaa nama. Jireenyi addunyaa kanarraa bu'aa ba'ii baay'ee qaba. Inni tokko, beekaa inni biraa immoo wallaalaadha. Inni tokko, hiyyeessa inni biraa sooressa. Tokko, utuu qabuu itti buluu wallaalaa.Tokko immoo, waan ittiin bulu dhabee asiifi achi joora. Kanaaf Oromoon oduu duriin deeggaramee dhaloonni akka jireenya isaa gara fuula duraatiif of qopheessu barsiisa. dhaamsi

oduu durii kanaas, kanuma cimsa. Dubartittiin qabeenya haa qabaattu malee haala ittiin qabattu yookaan bulchitu irratti hubannoo hin qabdu. Osoo qabeenya gahaa qabduu itti wallaaltee dabarsitee namaaf laattee qicaa barbaacha gandarra deemte. Isheen, dhabdee kadhaaf gandarra deemaa turte immoo qabeenya qophaa'atti dhuftee itti jiraatte. Kun kan agarsiisuu, qabeenya qabanitti buluu wallaaluun miidhaa akkamii akka qabu/hammam gatii akka nama kanfalchiisu barsiisa. Kana jechuun, olaantummaan abbaan warraa dubartittii qabeenya ishee waliin gahattee osoo jirtuu guyyaa tokko dadhabdee manaa baatee joora ooltee gaafa isheen galtuu qabeenya ishee itti dadhabde irraa ari'atee akka isheen itti hin bulleef nama biraatiif dabarsee kennuun isaa olaantummaa dhiirri dubartii irratti agarsiisu yookan mirga ishee sarbuu isaa agarsiisa. Utuu dadhabbii ishee qooduufiin irraa eegamuu humnaan irraa hari'achuun isaa mirgaishee sarbuu agarsiisa. Inni biraan gowwummaa dubartii kanaallee ni agarsiisa.Kunis, duraa duuba isaa eeggattee hojjattee galmaan gahachuu utuu dandeessuu yaada hin danda'u jedhu sammuu ishee amansiisuun qabeenya ishee gadi dhiiftee deemuun ishee gowwummaa isheeti. Walumaa galatti oduu durii kanarraa waanta baay'ee barachuu dandeenya. Garuu irra caalatti qabeenya waliin hidhata waan qabuuf dinagdee jalatti ibsame.

4.1. 4. **Oduu Duriitiin Siyaasa Barsiisuu**

Uummanni Oromoo haccuuccaa mootummoota dhufaa darbaan irra gahuu kallattiin osoo hin taanee karaa alkallattii ta'een oduu durii akka meeshaatti gargaaramee uumama lafa irraatti fakkeessuun bakka buusee ergaa isaa dabarfata. Kana jechuun, dhugaa qabu kallattiin yoo himate miidhaa dabalataatu jira waan ta'eef haqa isaa barbaaduuf uumaama bakka buusee yeroo dubbatu agarra. Kun immoo, uummanni kun achii as dhuftee isaa kan dhaloota irraa dhaalee namuusa qabaachuu isaa agarsiisa.

**A. Waayimaa (qaalluu)**

Bara durii jedhan, nama waan barri fidu raagee himu yookaan qaalluu tokkotu jira. Innis, yeroo hundumaa barri yoo jijjiiramu waan barri baatee dhufu ni hima. Barichis akkasuma ta'a. Namichis, umuriin isaa geenyaan ni du'e. Namichi kun ilma tokkicha qaba. yeroo barri haaraan seenuuf jedhu, mootiin bara sana bulchaa jiru "Ilma namichaa fidaa waan barri kun ta'u haa raaguu" jedhee itti erge. Namichis, "Abbaa kootuu raaga malee ana mitii" jedhee dide. Dirqamsiisanii jennaan "Tole" jedhe. Guyyaan inni raaguuf dhaqu geenyaan, "Maaliin hima?" jedhee guddaa osoo dhiphatuu karaa bu'e. Utuu deemuu jeedala tokkotti dhufe dhimma deemuuf itti hime. Isheenis, kanatu si yaaddessaaree jettee mala malteef "Barri kun bara waraanati jedhi! yeroo achii baate immoo ofiidhuma keetii lola kaasi" jetteen. Innis, mootii biratti olseenee "Mootii barri kun baay'ee sodaachisaadha bara waraanatii" jedheenii isaa biraa ba'ee ofuma isaati lola kaasee yeroo deebi'ee jeedala bira gahu ishee

rukuchuudhaa meeshaa yoo inni itti sirreeffatu isheen boollatti seentee jalaa milqxe. Ammas, barri nanna’ee dhufee jennaan mootiin akka inni dhufee raaguuf ajaja baasee. Innis,jeedala gaaf sana isa qajeelchite barbaacha eegalee. Utuu karaa deemaa jiruu jeedala gaaf sanaatti dhufe. Isheenis,kanatu si dhiphiseeree, “Barri kun bara beelaati jedhiitii ofiidhuma keetii maasii namaa keessaa miidhaan gubii fixi!” jetteen. Innis, akkuma isheen jetteen jedhee ba’ee midhaan lafarraa balleessuu jalqabe. Bara sana keessa namni waan nyaatu dhabee beelaan miidhame.

Barri naanna’ee dhufnaan ammas mootiin akka inni deebi’ee dhufuuf ajaja baase. Namichis, jeedala barbaaduu jalqabe. Utuu ishee barbaadaa jiru itti dhuftee jennaan “Yaa jeedoo bara kana immoo maalan jedhaan?” jedhee ishee gaafate. Jeedallis,”barri kun immoo bara quufati jedhiin” jetteen. Innis, akkasuma jedhee barichi akka bara quufaa ta’e haa jedhaniif waan qabus kannamaas akka mana mootii dhaqu godhe. Mootinis, badhaasa kenneef. Badhaasa isaa fudhatee jeedalaa hoolaa bitee qaleefii gale. Ammas, barri naanna’ee yeroo dhufu mootiin akka inni deebi’ee raaguuf ajaja baase. Innis, karaa bu’ee jeedala barbaadu jalqabe. Jeedallis, itti dhufnaan jeedaloo “Bara isa kana hoo maalan jedha?” jedheen. Isheenis,”Barri inni kun bara araarati” jedhiin jetteen. Namichis, mootii bira deemee yaa mootii barri kun bara araaraati jedheenii mootii biraa erga deemee jeedala bira dhaqee yaa jeedoo isan osoo ati karaa natti agarsiiftuu si ajjeesudhaaf si ari’adhe sana naaf dhiisi jedheen. Isheenis, “Tolee yaa namichoo kan waraana fides numaa kan beela fides numaa kan quufa fides numaa kan araara fidus numaa rakkoo hin qabu koottu ni araaramnaa” jetteen jedhama.(1T gaafa guyaa, (02/08/2016) yaadannoon kana fudhatame)

Fakkaattonni oduu durii kanaa namaafi jeedala. Utuu akka har’aa kana hundi namaa beekaa/raajii ofiin hin jedhin Oromoon beekaa yookaan qaalluu uumamaan waa arguu danda’uu kan mataa isaa qaba ture. Qaalluun beekaa waan hundaati.Waan har’a ta’u,waan boru ta’uufi waan gara fuula duraatti ta’u waaqni isaa itti agarsiisa. Innis, qulqulluudha. Waan hin argine sobee arge hin jedhu. Sodaa namaa dhugaa kan hin dabsuu. Yeroo hundaa nama duratti sodaatamaa, kabajamaafi ulfaataadha. Qaalluun kun waggaa waggaadhaan mootii bara sanaa bira deemee wanta’uuf deemu itti hima. Waantichis ta’ee argama. Lafa kanarra jiraachuuf umuriin namaa daanga’aadha waan ta’eef yeroon geenyaan namichi qaalluun sun du’e. Qaalluun kunis, ilma tokko qaba ture. Mootiin yeroo sanaa beekaa/qaalluun kun akka waa itti himu barbaada waan ta’eef waggaan geenyaa ilma isaa akka barbaadan ajaja baase. Oromoon yeroo mammaaku ”Abbaan damma nyaateef ilma afaan hin mi’aawuu” jedha. Abbaan beekaa ta’eef ilmi hin beeka jechuun rakkisaadha. Ajaja mootii fudhahuun dirqama itti ta’ee aaraa karaa bu’e. Utuu deemaa jiruu jeedalli itti dhuftee jennaan dhimma deemuuf itti hime. Isheenis, lubbuu isaa olchuuf waggoottan mootiitti deebi’u hundumaa waan jedhu itti himte. Kunis, yeroo mootiin barri kun maali siin jedhu bara waraanati jedhi ofuma keetii waraana kaasi.

Barri kun bara beelaati jedhi beelli akka bu'uuf midhaan horii namaa deemii gubii beela buusi. Barri kun bara quufaati jedhi miidhaan akka mana mootii dhaquuf ajaja baasi waan qabdus, mootiidhaa geessi. Barri kun bara araaraati jedhi ofuma keetii araara buusii jetteen.

Namichis, akkuma isheen jette bara waraanaa mootiidhaan barri kun waraana jedhee ba'ee osoo waraana kaasee meeshadhaan fixaa jiruu ishee rukuchuuf yoo itti qabu isheen boolla lixxee jalaa baate. Namichis, baroota isheen gorsite kana xumuree waa yaadate. Innis, bara mootiin ilmi namichaa dhufee waan barri kun ta'e natti haa himu fidaa jedhee ajaja baase waan godhu dhabee isaa ofitti aaraa deemaa jiru mala jeedalli malteef. Kanaaf gochaan isherratti raawwadheef araara gaafachuun qaba jedhee jeedala bira deeme. Isheenis, namicha simattee "gochaa kana hundaa kan raawwate numaa koottu ni araaramnaa" jetteen. Ergaa oduu durii kanaa ilaalchisee, odeef- keennan ob Tasammaa Caalaa yaada isaa qorattuu kanaaf akka qoodeetti,lafa kanarratti dirqamees haata ta'uu jaalatee lola,beela,quufaafi araara yookaan nagaa buusuu kan danda'u nama mataa isaati. Osoo namni walii galee araaraafi nagaa biyya isaa buusee biyyattiin nagaatti jiraatti jedha.

4. 1.5. **Jaalala, Obsa Qabaachuu, Waldanda'uufi Wal Deeggaruu Dhaloota Barsiisa**

Uummanni Oromoo dhaamsa oduu duriitti fayyadamuun dhaloota jaalala, obsa, waldanda'uu, wal deeggaruufi waliif yaaduu ittiin barsiifataa dhufe. Kun immoo, uummata Oromootiif kalaqa addaa bakka bu'aa hin qabneefi qabeenya dhuunfaa isaati.

**A. Maatii Hiyyeessaafi Maatii Soreessa Ollaa Walii Jiraatan**

Bara durii jedhan, maatii hiyyeessaafi maatii soressa tokkotuu ollaa walii jiraata ture. Mana tokko keessa abbaa qabeenyaa dubara baay'ee miidhagdu qabutu jiraata. Namichi sooressi kun, dubara sana malee ijoollee biraa hin qabu. Sababa kanaaf, hamma bahee galu ishuma ija keessa ilaala. Ollaa isaanii immoo haadhaa fi gurbaa hiyyeessa abbaa hin qabne kan baay'ee gabaabaa mataa guddatuufi miilli isaa 'shafoo' ta'e tokkotu jiraata ture. Innis, abshaalaafi nama waan hundaa obsu ture. Gurbaan kun intala namicha kanaa yaadaan qabeera. Intalaaf, waraqaan kaadhimaa guyyaa guyyaadhaan kallattii garaa garaatii dhufa. Haata'umalee, abbaan intalaa tokkittii kana waan qabuuf akkasumas namuusaan waan guddiseef ilma abbaa qabeenyaafi nama bareedaatti heerumsiifachuu barbaada. Garuu, ulaagaa barbaade argachuu waan hin dandeenyeef tole hin jedhu.

Gurbaan ollaa jiru kunis, namaan mari'achuu haa baatuu malee guyyaa tokko waa'ee isheetiif ciisee bulee hin beeku. Gaaf tokko haadha isaa waamee teessisee " Intalli abbaa qabeenyaa kun natti bareeddee fuudhuun barbaadaa" jedheen. Haati mucaa garuu, iyyummaafi bifa ilma ishee kana tuffattee" haa..haa…haa… " jettee itti kofaltee "Namicha nama akka bishaanitti yaa'u kanatti heerumsiisuu didetu sitti herumsiisaa" jettee itti qooste. Inni garuu, abdii kutachuu hin dandeenye.

Guyyaa biraas, deebi’ee haadha isaa marisise. Haati isaas, “Tole ilma koo yoo si kenneefoo waraqata itti ergadhu” jetteen. Gurbaanis, waraqata barreessee abbaa mucayootti geessee kenne. Abbaan intalaa, nama biraatu isa ergate jedhee “Ati immoo maal fidde qucuraa” jedhee harkaa fuudhee yeroo dubbisuu waraqatichis intala kee naaf kenni kan jedhuudha. Qucuraan maqaa tuffii mucicha ollaan ittiin waamudha. Abbaan intalaas, “ haa…haa…haa.. “ jedhee kolfeet “Intala koo fuudhi” jedheen.

Gurbaanis, baay’ee gammadee haadha isaa bira dhaqe “Abbaan intalaa fuudhi naan jedheeraa dafii cidha koo naaf qopheessi“ jedheen. Isheenis, baay’ee gammaddee cidha raawwatteefi fusifte. Gurbaanis, guyyaa gaafa fuudhee manatti galfatee ka’ee manaa baasee hin beeku. Kunis, yoon mana baasee intalli ni bareeddi waan ta’eef namatu najalaa fudhatee bada jedhee bishaan isatu waraabaa qoraan isatu guura waan isheen hojjachuuf maltu hunda ofii isaatiif hojjata. Yeroo manaa bahu isheetti balbala cufee baha. Guyyaa tokko firri isaa duunaan tasa dhaga’ee balbala osoo hin cufin bahe. Intallis, balbala banaa argattee ollaa bira dhaqxee rakkoo ishee itti himatte. Warri isheen rakkoo ishee itti himatte kunis, “Galiitii na dhukkuba jedhii ciisii yeroo inni dhufe mana yaalaa na geessii ani danda’ee hin deemuu oollaan naa haa baatuu jedhiin achumaan si fudhannee bannaa” jedhaniin. Isheenis, akkuma isaan jedhaniin goote.

Gurbaanis,”Erga dhukkubsatte ka’ii mana yaalaan si geessaa”jedheen. Isheenis, ”Danda’ee hin deemuu warri ollaa naa haa baatanii” jetteen. Innis,”Lakki anumatu si baatee si geessaa ka’ii” jedhee miilla isheetii hanga mataatti wayyaa itti maree dugda isaatti baatee gara mana yaalaa geese.Yeroo mana yaalaa gahan “Hanga dabareen gahutti na buusii” jetteen. Gurbichis, “Lakkii namni si argee narraa si fudhataa sin buusuu” jedheen. Utuu kanaan jiranuu dabareen ishee gahee jennaan ogeessi fayyaa waame. Gurbichis baatee geese. Ogeessi fayyaas, “Dugda keerraa buusii teessisii ba’ii ala turi“ jedheen. Gurbichis, “Lakki anuma irratti yaalaa” jedhee buusuu didee baatee dhaabbate. Ogeessis,”Maalshee dhukkuba”? jedhee gaafate. Innis, “Mataa isheeti“ jedheen. Qoricha mataa fuudheefi baattatee osoo namni tokkollee hin argin fudhatee galee umurii isaa guutuu waliin jiraatee jedhama. (Dokimentii Waajjiraa Aadaafi Tuurizimii aanaa Ejeree irraa Kan Fudhatame)

Fakkaattin oduu durii kanaa namaa. Kunis, namni umurii lafa kana irra jiraatu keessatti maatii horatee jiraachuu barbaada. Garuu, akka garaa ofii jiraachuuf haalonni lafa kanarratti nama rakkisan heddutu jira. Ta’us, haala hundumaa keessa darbuuf abshaala ta’uunii, of jajjabeessuunfi obsa qabaachuun bu’uura jireenya ilma namaati. Oduun durii kun bu’aa bayii dhalli namaa jireenya isaa keessatti isa muudatu kan ibsuudha. Kunis, gurbaan kun hiyyummaa haa qabaatu, bifa haa dhabu garuu mala ittiin waan yaade galmaan gahatu qaba. Abbaan intalaa, bifa intalaafi qabeenya isaa abdatee ulaagaa heddu

intala isaatti baasee warra fuudhuudhaaf waraqata ergate dhowwate. Garuu, gurbaan ulaagalee abbaan intalaa kaa'e keessaa dhabu illee jaalala laphee isaa keessaa isheef hin dhabnee.

Guyyaa tokko, yaada ofii yaade kana haadha isaa mariisisee. Isheenis, akkuma ollaan tuffatee maqaa itti moggaase tuffattee itti kofalte. Inni garuu, abdii hin kunnee obsa godhatee. Deebi'ee ishee mariisise. Isheenis,"ilma koo warraa akka bishaanii yaa'anii waraqata fidan kanattuu hin kenninee si'i ilma iyyeessa abbaafi qabeenya hin qabne kanatti kennaa ergadhu kaa yoo siif kenneefoo" jetteenii eeyyamteef. Innis, abbaa intalaattii waraqata ergate intala fuudhee mala mataa isaatti gargaaramee waliin jiraataa ture. Ergaan oduu durii kana kan hubachiisuu, namni abdii hin kunne hanga dhumaatti dhabbatuu iddoo yaade akka gahu gorsa. Kanaaf, Oromoon ijoollee isaatti abdii horuuf jecha oduu durii kanaan jajjabeessa. Bara jiraatan keessatti waanti ulfaatan hanga fe'e yoo nama qunname illee abdii kutuu osoo hin taanee hanga dhumaatti jabaatanii dhaabachuun galma gahinsa jireenya ofiitiif bu'aa guddaa qaba kan jedhuudha.

B. **Ijoollee Haadha Hin Qabne Lamaan**

Bara durii jedhan, abbaa warraafi haadha warraa ijoollee lama qabantu waliin jiraataa ture. Utuu waliin jiraataa jiranuu haatii ijoollee lamaan abbaa isaanitti gattee duute. Abbaan ijoollee, yeroon booda dubartii biraa fuudhee.Isheenis,ijoollee kana jibbitee guyyaa guyyaadhaan reebdii. Abbaan ijoollee isaa kana mala ittiin jiraachisu malatee "Fira biran geessa" jedhee fuudhee mana bahee yeroo isheen manaa baatee bishaan waraabuu deemtu dhoksee galchee dogoogoo baaqilaa qabu keessa buusee. Yeroo isheen dhuftuu, "Ayyaana abbaa koon kabajaa bixxillee tolchii dhadhaan makii gumbii kana keessa bishaan wulleettii naqii waliin buusi yeroo buustu immoo ijaan hin ilaaliin ayyaanni abbaa koo ija si jaamsaa" jedheen. Isheenis, akkuma inni itti himetti raawwatte.

Gaaf tokko dubartoota olla waliin otoo taa'anii hasa'aa jiranuu, "Abbaan warraa koo bixxillee tolchii dhadhaan makii gumbii keessa bishaan wullee waliin guyyaa guyyaan buusii ayyaana abbaa koon sooraa naan jedhaa anis guyyaa guyyaadhaniin bixxillee gumbii keessa buusaa" jettee ollaa ishee kanatti odeessite. Warri ollaa sunis, mee akkas godhi jedhanii gorsan " Kana booda bixxillee miti bishaan danfisii gadi itti naqii" jedhaniin. Isheenis, akkuma warri ollaa sun ishee gorsan goote. Yeroo isheen bishaan danfistee gadi itti naqxuu, ijoolleen qarqara qarqaratti jalaa siqanii isheen walakkaa midhaanitti naqxe. Bishaan danfaan sun baaqilaa sana laaffiseefi isa nyaataa turan. Guyyaa biraa, utuu isheen akkas gootu argee ijoollee achi keessaa baasee galaa isaanii waliin fudhatee deeme. Sadan isaanituu utuu deemaa jiranii itti dhiinaan muka wayii jala ciisani. Abbaan isaanis, ijoollee lamaan gidduu ciisee yeroo muguu isaani argu muka gudeelcha gidduu isaanii ciibsee gate irraa deeme.

Halkaan walakkaa yeroo ta'u ijoollee sanatti waraabessi itti dhufe. Ijoollee lamaan keessaa, isheen hangafaa abshaala waan taateef itillee irra ciisaan xixiqqeessitee kuttee kuttee waraabessatti utuu darbattu itilleen jalaa dhumnaan kophee miilla ishee irraa fuutee itti darbatte. Waraabessis, utuu qophee intalaa qorquu itti barinaan irraa sokke. Ijoolleen sunis, achii ka'anii utuu deemaa jiranuu qilxuu guddaa tokkotti dhufanii "Yaa qilxuu nana mana nuuf ta'ii" jedhanin. Qilxuun guddaan sunis, mana ta'eef. Ollaa qilxuu sanaa kan jiru immoo bulguu horii baay'eefi mana bareeda qabu tokko ture. Isheen guddoon yeroo bulguun horii isaa bishaan obaasuuf deemuu suuta jettee dhokattee mana isaa lixxee aannan itittuu jalaa naqattee galti. Intalli isheen qixisuun, obboleetti isheetiin "Ati yeroo hundumaa deemtee itittuu nuu fiddee dhuftaa har'a anuu nan deemaa" jettee rakkiste.

Isheenis,"Lakkii utuu ati mana keessa oliif gadi deemtee yaa mana isa jettuu bulguun sitti deebi'ee dhufaa hin deeminii!" jetteen. Isheen diddee dhaqxe. Akkuma isheen jette utuu mana keessa oliif gadi nannoftee "Hi,hi,hi.yaa mana isaa utubaa sibiilaa qaba" jettuu ol itti seene. Innis, baay'ee gammadee qeensa ishee irraa qoree,mataa irraa aadee, qalqalloo keessa kaa'e, bishaan gaanitti ibidda irra kaa'e horii isaa galfachuu deeme. Isheen guddoon, kaattee dhuftee obboleettii ishee qalqalloo keessaa fuutee dhakaa guddaa qalqalloo keessa keessee obboleettii ishee fudhattee galte. Yeroon geenyaan bulguun horii isaa galchee ibidda bira taa'ee ulee isaatiin udduu qalaqalloo tumataa/yookaan rurrukutaa "Nyamu....nyamuu... koo... har'a anumatu si nyaataa" jedhee utuu itti qoosuu dhakaan gubbaa irraa itti bu'ee dhoosee ajjeese. Ganama isheen abshaallii suuta jettee yeroo dhuftee ilaaltu inni du'ee ciisa. Isheenis gottottee baastee gatte.

Kana booda, qabeenyi bulguun sun qabu hunduu kan isaanii ta'ee ittiin jiraachuu jalqaban. Guyyaa tokko, intalli isheen qixisuun obbolleetti ishee guddoodhaan Ati yeroo mara laga buutee bishaan waraabda har'a immoo anatu dhaqee waraaba jetteen. Obbooleettiin isheen guddoon garuu "Lakkii atii okkotee dhiqxee lagatti gadi naqxeeti gaadduun si wajjin galtii anuu nan deemaa jetteen. Isheen, "Lakki hin naqu" jettee waadaa galtee laga bishaan waraabuu buute.Yeroo laga geessuu, bishaan waraabuuf jettee irraanfattee okkotee dhiqxee lagatti naqxe. Yeroo isheen mana geessu gaadduun sagal waliin dhufte. Obboleettiin, isheen guddoon warra intala wajjin dhufan nyaachiftee obaaftee saddeettan saanii walitti hiitee raffistee isa tokko qophaa isaa raffiste. Halkan walakkaa yeroo ta'u warri walitti hidhamanii jiran utuu gadi na dhiisi jedhanii wal lolanuu wal fixanii inni qophaa isaa raffiste abbaa warraa ta'eefi hafee jedhama. (1 D gaafa guyyaa (05/08/2016) yaadannoodhaan kan fudhatame)

Fakkaattiiwwan oduu durii kanaa nama, waraabessa,bulguufi gaaddudha. Jiruuf jireenya hawaasaa keessatti namni tokko maatii horatee waliin jiraachuun waanuma jiru. Garuu, rakkoo ta'ee gargar

ba'uunis jira. Adeemsa kana keessa maatiin yeroo gargar faca'u ni mul'ata. Akka fakkattiwwan kanaatti abbaan ijoollee haati manaa jalaa duunaan ijoollee isaa waliin jireenyi itti ulfaannaan haadha warraa biraa fuudhee utuu waliin jiraatu isheen immoo ijoollee isaa jibbite. Innis,ijoollee isaatiif mala malee dogoogoo kessa buusee akka isheen soortuuf ayyaana abbaa isaa fakkeessee itti hime.Isheenis,hamma hubannoo hin qabnetti ijoollee isaa haala gaariin sooraa turte. Yeroo booda ollaa irraa oduu fudhachuun ijoolleetti danfa naquu jalqabdee. Kanaanis, haalli hin mijannee.Galaa qopheessee fuudhee baasee karaatti yeroo gatu agarsiisa. Akka abbaan gate ijoolleen of hin gannee abshaala ta'uun waraabessa isaan nyaachuu dhufe itillee irra ciisaan kukutanii itti kennuu of irraa ittisaniiru. Kanamalees,obboleetiin intalaa isheen guddoon ishee xiqqoo harka bulguu keessaa baasuun du'a oolchiteerti. Qabeenya bulguun walitti qabates, dhaaluun kan ofii godhataniiru.

dhaamsi oduu durii armaan olii kan hubachiisuu, haadha dhabuun hammam akka gatii guddaa nama kanfalchiisu hubanna. Darbees, jaalalli haati namaaf qabduufi abbaan namaaf qabu hammam akka wal irraa fagaatus ni agarsiisa. Kana yommuu jennu, garaan haadhaa dhalatti jabaatee binensatti hin gatu waan ta'eef. Kanamalees, gara jabina ollaaf haadha ormaas ni agarsiisa. Dabalataanis, namni tokko waan namni dhiisi jedhe dhiisuu akka qabu walii dhagahuun barbaachisaa akka ta'e barsiisa. karaa biraa immoo obsa qabaachuun ammam bu'a qabeessa akka ta'eefi milkaa'ina akka qabu barsiisaa. Kana qofa miti,oduun durii kun jaalala illee ni barsiisa.kunis,obboleettiin isheen guddoon qixisuu ishee du'a oolchitee afaan bulguu keessaa baasuun ishee jaalala obbolummaa agarsiisa. Walumaa galatti ergaan oduu durii kanaa, bu'aa ba'iin yoo baay'ate iyyuu milakaa'inni akka jirufi namni obsa qabu bu'aa bayii jireenyaa kamuu hinjifachuun akka danda'u agarsiisa.

### 4.1.6. **Oduu Durii Manneen Barnootaa Keessatti Barsiisuufis itti fayyadamu**

Akkuma Godinaalee Oromiyaa keessa jiran biroo, Godina Shawaa Lixaa keessatti oduu duriitiin ijoollee barsiisuun manneen barnootaa keessatti ni mul'ata. Oduu durii keessaa, barattoonni hambaa aadaa isaanii argatu. Kunis karaa isaanii kan murteessu yaaduu, fedhii, amala, ilaalchafi duudha isaanii akka waliigalaatti guyyaa gara guyyaati irraa barataa deemuu. Akkasumas, fakkaattiwwan oduu durii keessatti argaman waldhabdee furuufi murtee kennuu irratti humna waan qabaaniif barattoonnis murteewwan haalawwan qormaataa ta'an keessatti murteessuu irraa barataa deemu.Yaada kana ilaalchisee,(2M, 2B, 1L gaafa guyyaa (10-16/08/2016) qorattuu kanaaf akka yaada kennitetti, dhaamsi oduu durii keessaa bahuu amala bashannansiisuu of keessaa qaba waan ta'eef barattoonni kaka'umsa olaanaadhaan akka baratan gochuufi beekkumsa gahumsa qabu akka horatan kutaa keessatti haala mijeessuuf faayidaa guddaa qabaa jedhu. (2 F, 2S, 2C, 1S, 1Sh fi 1R dhamsa oduu durii kanaa qorattuuf yommuu ibsan, sagantaa barnoota afaan Oromoo keessatti oduu

duriitiin yommuu baratan barattoonni dandeettii dubbisuufi dubbachuu akka cimsataniif ni fayyada jedhu. Yaada kana kan deeggaru, Pham Thi Hong Nhung, (2016: f.15) akka ibsutti,

> Oduun durii barattoota barsiisuu keessatti meeshaa gatii guddaa qabuudha. Galtee dhugaa, badhaadhaa, hiika qabu kan kennan yoo ta'u, adeemsa afaan barachuu keessatti xiyyeeffannoo argachuuf haala mijeessa. Dabalataanis, Ijoolleen seenaa ni jaallatu kanaaf daree keessatti oduu durii fayyadamuun barattootaaf muuxannoo gammachiisaa ta'uu waan danda'uuf qophiifi fooyya'iinsa barsiisonni gochuu qaban hunda gatii qaba jedha.

Akka yaada armaan olii irraa hubannuutti, oduun durii daree barnootaa keessatti akka meeshaa barnootaa tokkootti itti fayyadamanii barsiisuun akka danda'amudha. Kana keessa immoo, ijoolleen oduu durii beekan walii walii isaanitii qooduudhaan ergaa achi keessaa darbuun bashannanaa barnoota argatu kan jedhuudha.

4.1.2.**Hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa Oduu Duriitti Fayyadamee Dhaloota Gorsa**

Hawaasni kun, ijoollee isaas ta'ee walii walii isaa oduu duriitiin akka isaan waan hundumaa dura dhaabbatanii milkaa'uu danda'an onnachiisuu, jajjabeessuun, wanta hamaa ta'e tokko irraa akka of eeganiifi jireenya gaariif akka of qopheessan taasisuuf gorsa. Kana malees, akka gootummaa horatan mala waa jalaa ittiin miliqaniifi rakkoo isaan mudate sanaaf fala itti barbaaduu danda'an oduu duriitti gargaaramee gorsa. Kana qofa miti, gowwummaan miidhaa akka malee akka fiduufi gorsa diduun gara badiitti akka nama geessu itti hima jechuudha.

4.1.2.1. **Oduu Duriitti fayyadamuun Dhaloota Gootummaa Akka Horatan Gorsuu**

Uummanni Oromoo gootummaaf iddoo guddaa kenna. Kanaaf, oduu duriitti fayyadamuun dhaloota jajjabeessuun onnachiisa. Kana jechuun, namni lola dhaqu tokko akka hin seesne yookan duubatti hin deebine gochuuf gootni tokko kaayyoo ba'eef akka galmaan gahu oduu duriitti gargaaramee onnachiis uun dhaloota gorsa. Oduu durii gootummaa agarsiisan akka armaan gadiitti eeramaniiru.

A. **Haadholii Sadan Ijoollen Isaanii Duula Deeman**

Bara durii haadholii sadiituu Ganda tokko keessa jiraachaa ture. Haadholiin sadan kun ijoollee dhiiraa tokko tokko qabu. Guyyaa tokko mootummaan bara sanaa waraana biyya biraa irraa isatti ka`e qolachuuf jecha dargaggoota biyya keessa jiran dirqamaan qabee gara waraanatti ergaa ture. Haluma kanaan dargaggoota hadholii kana sadaniis qabee gara waraanatti erginaan haati dargaggota kanaas garmalee boo`anii dhiisuu didan. Yeroo kana jaarsii beekan ollaa isaanii tokko gara isaanii dhaqee"Maaliif boochu?" jedhee gaafate.

Haadholiin sadan kunis waan isaan boochisu tokko tokkoon itti himatan. Yeroo kana jaarsi kun haadha ishee tokkoon “Ilmi kee kan akkamiiti?” jedhee gaafate. Haati kunis, “Ilmii koo goota beekkamaadha waraana irraa duubatti hin jedhu itti deeme na jalaa du`a jedheen booha” jettee itti himatte. Jaarsi kunis “Ati hin boo`in gootni ajjeesuu malee yoom du`ee beeka ammaa diina ajjeesee siif gala” jedhee jajjabeesse.  Haadha ishee lammaffaas maalif akka boochu gaafannaan isheenis kanauma itti himatte “Ilmi kee kan akkamiiti?”jedhee gaafate. Haati kunis, “Ilmi kiyya sodaataa du`aadha waraanatti hin siqu osoo duuba deemuu abbaan ta`e dhahee na jalaa ajjeesa“ jettee boo`ichumaan itti himatte.

Jaarsi kunis, “Atis hin boo`in sodaatan bakka waraanaa yoom dhaqee beeka ilmi kee amma siif gala hin boo`in” jedhee jajjabeesse.Bifuma kanaan haadha ishee sadaffaa kanas gaafannaan isheenis akkuma jara kaanii waan ishee boochisu itti himatte. Jaarsi kun “Ilmi kee hoo kan akkamiiti?” jedhee gaafannaan isheen immoo“Ilmi kiyya gootas miti sodataas miti garlameedha dhaqumoo dhiisu jedhee osoo yaadan rakkatuu jidduutti najalaa du`a jedheen boo’a “jettee itti himatte. Jaarsi kunis, “Ati illee dhugaa qabda jabaadhuu boohi yaa haadha ilma garaa lamaa jedheen jedhama. (1B, gaafa guyyaa, 10/08/2016) yaadannoon kan fudhatame)

Fakkaattiin oduu durii kanaa nama. Oromoon goota maqaa isaa waamsisu akkuma qabu dabeessa maqaa isaa nyaatuus qaba. Kana irraa ka’uun ijoollee olguddattu gurra abbaa ishee akka hin nyaaanne dhugumaan kanaan dura akka wanti kun raawwatameetti fakkeessee gara fuula duraattii ijoolleen akka goota malee dabeessa hin taane akkasumas akka walaalamii hin taane oduu duriitiin gargaaramee gorsa. Ergaan oduu durii kanaa, haadholiin sadanuu kan jalaa waraana deeme ilmoo waanta’eef boo’uun isaanii jaalala ilmoof qaban agarsiisa. Garuu, haati gootaa hin boochu. Sababbiin isaas, gootni mo’ee galuu malee mo’amee hin beeku kan jedhu abdii qabdii. Dabalatanis, dabeessi kan haadhati akkuma jedhamu haati dabeessa deesse shakkii hin qabdu.Sababbiin isaas, dabeessi iddoo lolaa dhaqee hin beeku waan ta’eefidha. Haata’umalee, haati ilma walaalamii deesse cimsitee boowuu qabdi.Sababbiin isaas, namni murtoo hin qabne asii achi osoo jedhuu gidduutti miidhamuu danda’a waanta’eef boowudhuma qabdii jechuun oduu duriitiin deeggaramanii nama walaalamii ceepha’u. Kanaaf, namni gootni ammam akka fudhatama qabu, dabeessi immoo iddoo lolaattis ta’ee bakka kamittuu tuffatamaa akka ta’efi walaalamii ta’uun immoo gonkumaa bakka lolaattis ta’ee eessattu akka hin barbaachifne cimsee oduu durii kanaan gorsa.

4.1.2.2. **Oduu Duriitti Fayyadamuun Gowwummaan Badaa Ta'uu Gorsu**

A. **Haadha Warraa Fi Abbaa Warraa Gowwaa**

Bara durii jedhan, abbaatu ilma isaatiin "Yaa ilma koo haadha warraan si fusisaa fuudhii" jedheen. Innis,"Tole" jedhee haadha warraa fuudhee waliin jiraachuu jalqaban. Hamma waliin jiraatan sanatti guyyaa tokko bira gahee hin beeku. Kana booda, haati warraa isaa haadha ishee bira deemtee waan jiru hundaa itti himte. Haatis, "Yaa intala koo galii fuldura isaa taa'ii yeroo argee innuu waa siin jedhaa" jetteen. Intalliis, akkuma haati jetteen goote. Galgala utuu ibidda bira taa'aa jiranuu argee "Mali maltu si rukute akkas si godhe?" jedhee gaafate. Isheenis, umtuu na hin rukunnee uumamumaa jettee waan jiru hundaa akka haati ishee gorsitetti hubachiiftee jennaan bira gahee arge. Barii isaa ka'anii gara mana warra ishee dhaqani. Intallis, gorsa haati ishee itti himte sana raawwachuu haadhatti himte. Inni abbaa warraa immoo, waanta arge sana utuu afaan isaa keessaa hin buune karaa yeroo deemuus, abbaa mucayyoo bira taa'ees "Mi'ooftuu!… mi'ooftuu!" jedhee dubbata. Abbaan intalaa "Maal jedhaa gurbaan?" jedhee haadha intalaa gaafate. Haatis,"Dhiisaa inni wanuma arge haasa'a" jette. Inni immoo, lakki mee! "Ishee mi'ooftuu halkan edaa naaf kennite sana abbaa dhafis haa kennitu jedheenii!" jedhe.

Utuu kanaan jiranuu intalli garaatti baattee ilma deesseef. Innis, baay'ee gammade gara warra ishee dhaqee itti hime. Haati intalaa/amaatiin isaa "Yaa ilma koo maal siif deesse?" jettee gaafatte. Innis,"Dhiira argannee" jedhee itti hime. Amaatiin isaas, "Ishoo marree boru eegee sangaatti hidhattanii" jetteen. Yeroo kana dhaga'u dafe gara mana isaatti deebi'ee haadha warraa isaatti waan haatii ishee jetteen hime. Isheenis,"Tole" jettee nyaata kenniteefi jennaan mucaan nyaata afaan banee fudhachuu dinnaan "Horii tiksuu dheenfa nyaata diddaa?" jetteen. Abbaanis, rukutaa geessee harka isaa eegee sangaatti hidhee bobbaase. Sangaan galgala gara manaatti yommuu galu harka mucaa qofa fuudhee gale. Namichis aaree,"Ofii isaatii taphatti goree harka isaa qofa natti ergaa" jedhee rukuchuuf barbaacha ba'e. Utuu deemuu mucaa du'aa mixiin afaanitti nam'ite argee "Ani sin barbaadaa ati as ciifteet nuugii namaa nyaattaa?" jedhee achitti mucaa du'aa rukutee. Isa mucaa godhan hundumaa yeroo dhaqee amaatitti odeessu amaatiin aartee "Badi asii! isin warra badu" jetteen. Innis, galee haadha warraatiin "Amaatiin koo badaa isin warra badu nuun jettee ka'ii! hin bannaa gala nuuf qopheessii!" jedheen .Isheenis,galaa garbuu akooftee daakkatanii fudhatanii baduuf karaarra bu'ani. Utuu deemanuu laga tokkotti dhufani "Beelofneerra gala keenya bishaan kanaan laaffisii nuuf kennii!" jedheen. Isheenis, daakuu abootteedhaan fuutee bishaanitti gadi naxxi. Bishaan fudhatee adeema. Ammas, inuma itti dabalti fudhatee deema. Daakicha yeroo fixxu "Achi gadi bu'ee nyaachuuf na jalaa fudhatee deemaa" jettee bishaanitti gadi of darbatte. Abbaan warraa yeroo gadi

ilaalu bishaan keessa ciifti. Innis “Ani beela’een as taa’aa isheen bishaan keessa ciiftee bassoo dhugdii” jedhee dhakaa fuudhee yoo gadi itti darbatu dhakaan mataa tarsaasee jennaan bishaan dhiiga ol darbate. Innis,“Surumaa barbaree itti naqattee bassoo dhugdii?“ jedheet gadi itti of darbate.Isaan lamaanuu akkasittiin dhumanii jedhama (1A gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkaattiwwan oduu durii kanaa, namaafi horiidha. Akka aadaa Oromootti abbaan ilma gahe fuusifachuun waanuma jiru. Akkuma Oromoon abbaa warraafi haadha warraa laga tokkoo waraabu jedhu inni fuudhees isheenis gowwaadha.Isaan lachuu, ilmoo argatanii gammadanii gara warra isheetti himuu dhaqe. Achumaan, haati intalaa gammaddee “Ishoo! marree boru eegee sangaatti hidhattanii” jetteen. Haalli isheen isaaf gammaddee itti himte hin galleef. Amaatii kan jetteen ilama dhiiraa argachuun keessan gaariidha gaafa guddate horii isiniif tiksaa kan jedhudha. Haalli inni ittiin hubate, akka waan har’a kana ka’ee sangaa eegufiitti. Gochaa isaan mucaa irratti raawwatan irraa kan ka’e amaatiin aartee “badi asii isin warra badu” jetteen. Ammas, yaadni isheen jetteefi yaadni isaa wal hin arganne waan ta’eef, galee ka’i hin bannaa jedhee haadha warraa gowwaa akkasaa fudhatee bade. Amaatiin garu, nabiraa deemii jetteen. Gowummaan jara kanaa hanga maatii manaa fixutti ga’e. Waan namatti himame tokko osoo hojiirra hin oolchiin duraa duuba isaa hubachuun gamnummaa akka ta’eefi gowwummaan hanga lubbuu balleessutti miidhaa akka qabu itti himuun gorsa.

B. **Jaldeessaafi Qamalee**

Bara durii jedhan, jaldeessifi qamaleen utuu waliin taphataa jiranuu qamaleen jaldeessaan “Ani boolla kana keessaan bu’a as keessatti ibidda natti qabsiisi” jetteen. Jaldeessiis akkuma isheen jetteen “Kottuu bolla seeni egaa” jedheenii erga isheen seentee fura yookaan cidii gadi itti firfirsee ibidda fudhachuu ollaa deeme.Yeroo inni ibiddaaf deemu suuta jettee achi keessaa baatee muka gubbaatti ol baate. Jaldeessis, qamaleen achi keessa jirti jedhee ibidda itti kaa’ee oliif gadi utaalee gammada. Erga ibiddi dhumee “Jaldeessoo asan jiraa!” jetteen. Innis, baay’ee rifatee “Qamuu eessan baatee?” jedheenii gaafate. Isheenis,”Kara aarri qal’oon baatu sana keessaniin ba’e” jetteen. Jaldeessis, Amma immoo dabareen kan kootii anis aara qal’oo sana keessaniin ba’a natti qabsiisi!“ jedhee boollatti yommuu seenu qamaleen ibidda itti qabsiiftee achi keessatti gubdee ajjeeftee jedhama. (1D gaafa guyyaa (12/08/2016) yaadannoodhaan kan fudhatame)

Fakkaattiwwan oduu durii kanaa, Qamaleefi jaldeessa. Akkuma beekkamuu jaldeessi gowwummaan maqaan isaa dhahamaa. Qamaleen immoo faallaa kanaa gamnummaan beekkamtii. Haata’umalee, lamaan isaanituu waliin taphataa jiru. Tapha keessa qamaleen, jaldeessaan “Ibidda natti qabsiisi” jetteeni. Isheen mala jalaa ittiin baatu waan beettuuf jaldeessa ajajje. Inni dhuguma se’ee cidii itti firfirsee gubuuf ibidda fuudhuu deeme. Isheen garuu utuu hin gubatin jalaa baate. Abshaalummaa

isheetiin jaldeessi kun ammam akka isheef yaadu adda baafatte.Waliin taphatu, waliin jiraatu garuu akka isheen duutuuf haala mijeessee ibidda ittiin gubee ajjeesu barbaacha deeme. Afgaaffii dhiyaateef odeef-kennaan 1D qorattuuf akka ibsutti, ergaan oduu durii kanaa kan agarsiisu, diinni fagoodhaa namaa hin dhufu waan ta’eef firaafi diina adda baafachaa deemuun gamnummaa barbaada kan jedhuudha. Kana jechuunis,kan nama waliin jiraatu hundi namatti kolfeef nama wajjin nyaateef fira miti gamnummaan adda baafachaa deemuun barbaachisaa akka ta’e oduu duriitiin Oromoon dhaloota gorsaa dhufe. Akka Oromoon mammaakutti,”Boolla namaaf qotan ofumaaf itti lixuu” jedhu jaldeessiis, gowwummaa isaa irraan kan ka’e boolla qamalee gubuuf qophaa’e keessatti ofuma isaatii gubate. Kanaaf, namaaf daba yaaduun gaarii akka hin taane deebi’es akka nama balleessu oduun durii kun dhaloota gorsa.

4.1.2.3. **Oduu Duriitiin Gamnummaan Gaarummaa Akka Qabu Gorsuu**

## A. Qamaleefi Leenca

Bara duri jedhani, qamaleefi leencatuu naannoo tokko ture. Lamaan isaanituu utuu deemaa jiranuu, leencii sangaa argate. Qamaleen immoo harree argatte. Qamaleen harree ishee yeroo rukuttu daaratu irraa bunnisa. Isheenis, “Argitanii obboo leencoo cooma ishee akkatti inni irraa ol bunnisu” jetteen. Leencis, kana yoo argu sangaa isaa rukute. Sangaa isaa irraa umtuu hin bunnisu. Leenciis, aaree “Fidi kan keen fudhadhaa “ jedhee harree qamalee fudhate. Qamaleenis,”Tole fudhaa” jettee ofii isheetii sangaa fudhatte. Lamaan isaanituu, qalachuudhaaf aaduu barbaacha deeman. Qamaleen baallee Joobiraa baay’ee argatte. Leenci immoo aaduu sibiilaa tokko qofa argate. Qamaleen immoo, baallee joobiraa bobaa ishee jalatti heddu baattee “Ilaa obboo leencoo yoo tokko na dide tokkoon sharaf tokko yoo dide tokkoon sharafin godha” jettee itti himti. Innis, isheen aaduu heddu of harkaa qabdii ani akkamitti tokkitti baadhee taa’a jedhee “Fidi dafiitii” jedheen. Isheenis, laboobaa joobiraa itti kennitee aaduu ishee fudhatte. Lamaanuu qalachuu jalqaban. Qamaleen, aadudhaan qalti waan ta’eef daftee qalattee foon ishee manatti guurrattee qamaleen leenca bira dhaxxee “Qaltanii hin findhee” jetteen. Leenci immoo, laboobaa joobiraa tokko tokkoon osoo itti riguu utuu hin qalatin ture waan ta’ee sababa tureef itti hime. Kana booda, qamaleen aaduu fiddeefi foon qalee “Koottuu manatti ol naaf guuri” jedheen. Isheenis,”Tole“ jettee foon gara mana isaa dhiistee gara mana ofiitti guurtee fixxe.

Haati warraa leencaa immoo ulfaa dadhabduudha mana keessa ciifti. Qamaleen dhiiga afaan isheetti dibde biraa baate. Yeroo xumuree nyaachuuf gara mana isaa dhufu foonichi hin jiru. Qamalee “Meerre foon ati manatti ol naaf guurte?” jedhee gaafate. Isheenis, deebistee “Anoo asuman kaa’e obboo leencoo kunoo afaan koos ilaalaa dhiiga hin qabu garaa koos amma isheen geessu ilaalaa afaan

haadha warraa keessaniirra dhiigatu jira. Garaan ishees amma ga'u isheetu nyaate ta'uu hin oolu obboo leenco" jetteen. Leencis, achumaa utaalee haadha warraa isaa ciree ulfa ishee waliin ajjeese. Kana booda qamalee daftee gara mana isheetti deebitee boolla qottee eeboo keessa dhadhaabdee akka hin mul'anneetti dhoksitee teessoo obboo leencoof irra keessee gara mana isaa deemtee waamtee "Koottaa foon mana kootuu jiraa isa nyaadhaa" jetteen. Obboo leencoonis, "Tole" jedhee gara mana ishee yeroo dhaqu boolla keessa bu'ee eeboon wawwaraanee ajjeese. Kana booda qamaleen waraabessa waamtee lafee kenniteefi osoo inni lafee nyaachaa jiruu dhoksitee eegee leencaa eegee waraabessaatti hodhite. Waraabessaan, "Osoo obboo leencoon sitti dhufee maal gootaa?" jettee gaafatte. Waraabessis, "Ayyallaan ayyallaa hin jedhuu ba'een jalaa fiigee badaa" jedheen. Qamaleenis," Waraabo duuba kee ilaali mee obboo leencoo" jetteen. Waraabessis, deebi'ee duuba isaa yommuu ilaalu leenci eegee isaarratti hodhamee jira. Waraabessi rifatee reenfa leencichaa fuudhee ayyallaatti bade jedhama. (1 B gaafa guyyaa 02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkattiwwan oduu durii kanaa leenca, qamaleefi waraabeessa. Uumama lafa kanarra jiran keessaa hawaasni Oromoo leenca gootaan bakka buusee dubbata. Qamalee immoo abshaalaan bakka buusee dubbata. Waraabessa abbaa garaa kan nyaatee hin quufne jedhee bakka buusuun dubbataa. Fakkeessee bakka haa buusu malee dhugaan jirtu ijoollee waa gorsuuf yookaan waa barsiisuuf deemudha. Kunis, akka leecaa goota akka ta'an ,akka qamalee abshaala akka ta'an akka waraabessaa garaaf akka hin duune dhaloota gara fuula duraa ittin kallattii qabsiisuuf. Leencii gootummaa haa qabaatu malee bakka kanatti qamaleedhaan gowwomfamee jalqabaa hanga dhumaatti miidhamuu isaati. Kunis, sangaa argatee harreen jijjiirrachuu isaa, aaduu argatee laboobaa allattitiin jijjiiruu isaa, gochaa isheen irratti raawwatte kana osoo irratti hin barin amanatee foon gara manaatti akka guurtuuf ajajuufi nama foon sana nyaate osoo gargar hin baasiin qulqulluu dadhabdee ciiftu qamalee amanee haadha warraa isaa ajjeesuunifi koottuu foon nyaadhu jettee boolla qottee eeguun ishee oduu durii kana keessatti itti waamama inni qabu gootummaa jalaa balleesse gowwummaa mana isaafi lubbuu isaa miidhu kan itti fide ta'uu irraa hubanna. dhaamsi oduu durii kanaa, iddoo itti eegamanitti argamuu dhabuun madaallii namaa gadi buusa. Dabalataanis, nama hunda dubbii arraba isaa amananii itti of gatuu akka hin qabne hubachiisa. Kan biraa, wanta raawwachuuf deemaan tokko duraa duuba isaa gargar baafachuun raawwachuudha. Kana jechuun dubbichi dhugaadha moo dhugaa mitii jedhanii utuu waanti hamaan nama irra hin ga'in adda baafachaa deemuun barbaachisaa ta'uu isaati. Inni biraa, abshaalummaan waanta fedhan/barbaadan akka argataniif haala mijeessa. Abbaa garaa ta'uun, garuu miidhaa hanga du'aatti nama irra geessisu of keessaa qabaachuu isaati.

## B. Waraabessa, Leencaafi Qamalee

Bara durii jedhan, qamaleetu laga bu'ee bishaan dhugee utuu galuuf deemtuu leenci itti dhufe. Leencis, "Eessaa deemta qamalee?" jedhee gaafate. Qamaleenis,"biyya baalan fixxoo" jetteen. Leencis,"eessaree baalli ati baattu?" jennaan qamaleen "Utuun fiiguu narraa bu'ee bade" jetteen. Guyyaa biraas, akkuma kanaan duraa qamaleen laga buutee bishaan ishee dhugdee utuu galuu deemtuu leenci itti dhufee "Essaa deemtaa qamalee?" jedhee gaafannaan "biyya baalaan fixxoo jetteen. Leenci aaree akkuma kanaan duraa na sobdee darbuufi jedhee qamalee mukatti hidhee goraa ittiin rukutu barbaacha deeme. Utuu qamaleen hidhaa jirtuu waraabessi itti dhufee "Maali qamalee eenyutu asitti si hidhee ?" jedhee gaafate. Qamaleenis,"Obboo leencootu cooma nyaattaa asumatti na eegii naan jedhanii cooma naa fiduu dhaqan" jetteen. Qamaleen waraabeessan, "Kan koo garaan xiqqoodhaa kan kee guddaadhaa yeroo obboo leencoon cooma naaf fidan nyaatta koottuu asitti eegii" jetteen. Waraabessiis dhuguma se'ee "Tole" jedhee ishee hiikee ofii isaati hidhaa seene.

Leenci yeroo goraa fidatee dhufu waraabessi hidhaa jira. Leencis,waraabessaan "Ati immoo maal asii goota?" jedhee gaafate. Waraabessiis, "Aaddee qamaleetu cooma nyaattaa obboo leencoon cooma naa fiduu dhaqanii jettee asitti na hiitee deemtee" jedheen. Leencis,"Coomni qamaleen nyaattu kana" jedhee goraadhan dhaqna isaa duguugee fixe. Waraabessis, "Yaa qamalee ani gubadhe jedhee yoo gara isheetti iyyu qamaleen immoo, "Dhaqii goodaa gurraattii sanatti gangaladhu" jetteen. Inni ammas, dhuguma jette jedhee dhaqee yoo itti gangalatu mixiin gurraattiin itti nam'ite. Ammas,"Yaa qamalee ani gubadhe" jedhee gara isheetti iyye. Qamaleenis,"Dhaqii dirree diimtuu sanatti gangaladhu" jetteen. Yeroo dirree diimtuu irratti gangalatu mixiin diimtuun itti nam'ite. Ammas deebisee "Yaa qamalee ani gubadhe jedhee itti iyyate isheenis, "Laga fuldura kee jiru sanatti of darbadhu jetteen jedhama. (2C gaafa guyyaa (11/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkattiwwan oduu durii kanaa qamalee, leencaafi waraabessa. Akkuma beekkamu leencii gootummaadhaan, waraabeessi garaadhaan,qamaleen immoo kan isheen beekkamtu yeroo maraa abshaalummaadhaani. Qamaleen bishaan dhugdee gara mana ishee deemti. Leenci immoo gidduu kanatti humna qabu itti agarsiisuuf qabee hidhe. Qamaleenis, abshaalummaa isheetiin leenca jalaa ba'uuf jettee ulee ishee eeggatu coomatti jijjiirtee waraabessa gowwomsitee hiitee deemte. Akkuma Oromoon,"Kan garaa malee kan maqaa yoom nu dhibe" jedhe waraabessi jedhee mammaaku, waraabessi garaa isaatiif jedhee hidhame. Ergaan oduu durii armaan olii, abshaalummaan du'a akka nama olchufi gowwummaan immoo akka miidhaa qabu barsiisa. Dabalataanis, ijoolleen wanta garaagaraatiin akka hin gowwoomfamne gorsa. Akkasumas, waanta isaan miidhuu jalaa ba'uuf abshaala akka ta'an dhaloota barsiisa.Kana malees, maqaan garaa akka caalu gorsa.Oromoon yeroo mammaku "Maqaa baduurra mataa baduu wayyaa" jedha. Kun kan agarsiisu, garaadhaaf jedhanii

salphachuurraa maqaa ofii kunuun fachuu yookaan of kabajuun akka caalu oduu duriitiin deeggaramee dhaloota gorsaa dhufe.

### C. Leencaa, Waraabessafi Qamalee

Bara durii jedhan,waraabessaafi leencatu ture. Leenci sangaa qaba, waraabessi immoo sa'a qaba. Lamaan isaanii otoo waliin jiraatanii dabaree dabareedhaan horii tiksu. Gaafa tokkoo guyyaa dabaree leencaa saani warabessaa dhalte. Leencis, obbaatii sa'aa sangaa isaa dibee "Sangaa kootu dhale" jedhe. Waraabessi immoo "Akkamitti sangaan dhala sa'a kootu dhale malee" jedhe. Lamaan isaaniyyuu walii galuu dadhabnaan dhugaa isaan qaban kana akka ilaalamuuf bineensota bosona keessa jiraatan jaarsumaa waammatan. Bineensota jaarsummaaf waamama keessaa qamaleen yeroo dabarsitee dhufte. Obboo leencoonis, "jaarsummaa koo tuffatte malee akkamitti barfattee dhufte" jedhee qamalee gaafate. Qamaleenis, "Dhiifama naaf godhaa obboo leencoo lafatu tarsa'e jennaan hangan hodhuttin ture" jetteen. Obboo leencoonis, "Duruu lafti hodhamaa" jedhee qamalee gaafate. Qamaleenis, "Obboo leencoo duruu sangaan dhalaa?" jette muka korte jedhama. (1B gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbii kan fudhatame)

Fakkaattiwwan oduu durii kanaa leencaa, waraabessaafi qamaleedha. Odeef-kennituun kun dhaamsa oduu durii kanaa yommuu qorattuu kanaaf ibsitu akkas jetti, uummanni Oromoo oduu duriitti gargaaramee dhugaa isaa yeroo barbaadu uumama naannoo isaatti dhimma bahuun ergaa isaa dabarfata. Dhugaan hanga fedhaniiyyu yoo dhoksan yeroon yoo gahu utuu itti hin yaadiin baati. Kunis, dhugaan dhokattee akka hin hafneedha kan nutti agarsiisu jetti. Dabalataanis, akkuma beekkamuu leencii mootii bineensotaati. Akka barbaade gochuu danda'a. Kanaaf, qabeenya kansaa hin taanee mala malee humnaan fudhachuuf yeroo dhugaa jiru dabsee haala mijeessuudha kan mul'atu.

Haata'umalee, abshaalummaadhaan qamaleen waan hin jirre tokko leencaa duratti dubbachuun dhugaa jiru innumti akka dubbatu gootee qabeenya waraabessaa lola tokko malee akka deebi'uuf dhugaa baaftee harka isaa galchiteef. Kunis,"Lafti tarsa'ee jennaan lafa sana walitti hodhuufan ture obboo leencoo jetteen. Leenciis, utuu hin beekiin dhugaa jirtu dubbatee"Lafti duruu hodhamaa?" jedheen. Deebii isheen kenniteefis, "sangaan duruu dhalaa obboo leencoo?" jetteen. Deebii isheetti, quufuus quufuu baatus dhugaan jirtu baatee mul'atteerti. Qamaleenis dhugaa jiru tooftaatti gargaaramte himtee. Kan ishee baasu mala barbaaddattee muka korte jedhu.Kanarraa kan barannu, dhugaan aangoodhaanis ta'ee humnaan dhokatee achiin hinafuu,"Dhugaan hin qal'atti malee hin cittu" kan jedhamuufis kanuma. Dhugaa namaa dabsuun hanga fedhe yoo waan qajeele fakkaatuyyuu galma

hin ga'uu. Turee bulee yoo mul'ate nama salphisa waan ta'eef dhugaa dabsuun sirrii miti kan jedhu ergaa dabarsa.

### 4.1.2.4. **Oduu Durii Miidhaa Gorsa Diduun Fidu Agasiisan**

### A. **Harreefi saree**

Bara durii jedhan, harreefi sareen biyya tokko keessa waliin jiraataa turan**.** Otuma waliin jiraatanuu gaaf tokko biyyaa bahanii deemani. Utuu deemaa jiranuu, aduun isaanitti dhiitee jennaan,boqachuuf marga lalisaa tokkotti goran. Harreen margicha cirachuutti gadi teesse. Sareenis, beelofte waan ta'eef cinaa harree  marmarattee ciifte. Harreen marga ishee cirattee, cirattee garmalee quufnan, "Yaa saree margi garaa na afuufee tokkicha alaakee afuura baafadhuu?" jetteen. Sareenis, "Lakki yaa harree akkuma ta'etti danda'iitii obsi malee, yoo ati alaaktu sagalee kee dhaga'eet waraabessi nutti dhufaa" jetteen. Garuu, harreen obsuu hin dandeenye waan ta'eef, "Afuura baafachuun qaba," jetteetu sareetti wixxifte. "Egaa jettee sagalee gadi qabadhuutii afuura baafadhu," jetteen sareen. Harreen garuu akka ofii barbaaddetti tokkicha alaaktee afuura baafatte. "Ammas dabaluu?" jetteen harreen sareedhaan. "Egaa ani amma hinbeeku sigorseeraa, kana caalaa ani keessaa hinqabu. Garuu, "ammas akkuma ta'etti obsin siin jedha!" jetteen sareen. Haata'u malee, ammas harreen gorsa saree hindhageenye. "Wanti dhufu haa dhufu malee ani bokokee hindu'u," jetteeti harreen alaakatti kaate.

Akkuma sareen sodaatte, battaluma sana waraabessi sagalee harree dhaga'uudhaan gulufee dhufee yeroo isaan bira gahuu harreen gurra ishee qar gootee ilaalte. Waraabessis, "Harreedhaan gaanfa kee kanaa malee silaa hin xaphannaa" jedheen. Isheen immoo, gurra ishii sana akka gaanfa hin taane asii achi raaftee "Kun gaanfaa mitii gurraa" jetteen. Waraabessis, gaafa kana dhaga'u jala seenee garaa jigse. Xiqqoo turee immoo yoo asifi achi ilaalu, cinaa harree sareen nijirti. "Ati maal asii gootaa?" jedhee waraabessi saree gaafate. Sareenis, "Yaa gooftaa koo! harree faana duulletan biyyaa bahee asi jira," jetteen. Waraabessis sareedhaan, "Koottuu foon ishee gosa gosaan baasi!" jedheen. Sareen daftee, "Tole gooftaa koo!" jetteen. Garuu,"Onnee harree anaaf olkaa'i! foon hafe hunduu kanuma keeti," jedheeti waraabessi saree ajajee, gara jiruusaatti deeme. Akkanatti lubbuu ishii bira waraabessi darbuun baay'ee waan ishii gammachiiseef, sareen rakkoo malee hojii ajajamte onnee guutuun jalqabdee xumurte. Sareenis erga hojii ishii xumurtee booda, onnee olkaayi jedhamte sana ofiif nyaatte.  Waraabessi iddoo dhimma isaa gahatee gara sareetti deebi'e. Innis, "Saree, kanan siin jedhe sana baaftee?" jedheen. "Maaloo yaa gooftaa koo! foon isin jettan sana anillee baasera. Garuu, onnee isin jettan sana harreen of keessaa hin qabdu. Otoo onnee qabaattee harreen maaliif yeroon ani gorsu sana gorsa koo diddiiyyu?" jette sareen waraabessaan jedhama. (1B gaafa guyyaa (10/08/2016) yaadannoon kan fudhatame)

Fakkaattonni oduu durii kanaa, saree, harreefi waraabessa. Hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa ijoollee isaa yeroo gorfatu uumama naannoo bakka buuseeti. Akkuma Oromoon yeroo mammaaku "Hima didduun du'a hin didduu' jedhu harreen kun yeroo sareen sagalee kee gadi qabadhuutii halaaki jettuun tole jettee dhageessefii hin nyaatamtu turte. Kanas ta'e sana hima diduun ishee hanga du'a lubbuutti gatii ishee baasise. Ergaan oduu durii kanaa,waan namni dhiisi jedhe dhagaa'uun gaarii akka ta'eedha.Yoo waan namni jabaan dhiisi namaan jedhe dhiisuu didan kuufaatii/miidhamni garmalee akka nama qunnamu oduu durii kanaan barsiisa.

## 4.2. **Yoomeessa Oduu Durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa Biratti**

Himteewwan afaaniin dhaloota irraa dhalootaatti darban yoomeessi uumama isaanii daanga'aa miti.Yaada kana ilaalchisee, Wandimmuu, (2008:f.32) qorannoo isaa keessatti akka ibsutti,

> Oduun durii kun, umuriidhaan kan baay'ee fagoo seenarra caaluufi kan ardii tokkon daanga'u yookiin qarooma tokkoon kan daanga'uu miti. Tarii seenaan iddoodhaa iddootti gargar ta'uu danda'a. Haallifi sababni oduu durii himuu tarii akka nuti lafaa lafatti sochoonuun jijjiirama; yookiin immoo jaarraadhaa jaarrattifi hanga yoonatti iddoo kamittuu haala wal-fakkaataadhaan bu'uura ta'ee hawaasaafi dhuunfaa tajaajilaa jira jedha.

Yaada kana irraa kan hubannuu, oduun durii maddi isaa eessa akka ta'eefi yeroo kam akka jalqabe ifatti ba'ee hanga ammaatti kan beekkame hin jiru kan jedhudha. Haata'umalee, haala itti fayyadama yookaan haala raawwii isaa waliin wal qabatee yoomeessi isaa ifaadha. Kunis, bakka maatiis ta'e namni lamaafi lamaa ol argamutti bifa namuusa qabuun galgala ibidda hoo'ifachaa ijoollee barsiisus ta'ee gorsa itti kennaniidha.Ogafaan Oromoo martii yoomiifi eessa mataa isaa qaba. Kana jechuun, lafaa ka'amee, hin mammaakamuu, hin hiibbifatamuu, hin odeeffamu yeroofi bakka mataa isaa qaba jechuudha

Odeef-kennitoota afgaaffii (1A,1R gaafa guyyaa (07-11/08/2016) yoomeessaa oduu durii ilaalchisee yaada walfakkaata qorattuu kanaaf akka ibsanitti, ogafaan Oromoo marti yoomeessa mataa isaa qabaa. Oduun duriis, ogafaan Oromoo keessaa isa tokkoodha. Kunis, akkuma barnoonni idilee bakka itti baratamuufi nama barsiisu qabu oduun duriis Oromoo Shawaa Lixaa biratti baay'inaan kan beekkamu galgala galgala abbootii haadholiifi obbolaa hangafaatiin kan adeemsifamuudha. Kanamalees, namoonni sababa jaarsummaa, daboo/jigii irratti erga hoji irraa galanii dadhabbii wal oolchuuf yookaan mukuu wal baasuuf, gadda irratti wal jajjabeessuuf walitti qabaman irratti ni himama jedhu. Yaada kana kan deeggaru, Rose J.S, (2019:f.169) akka ibsutti, "Naannoo ibiddaatti galgalaa maatii lakkoofsaan hin daangofneen taphatama" jedha.Akka yaada odeeffannoo iddattoon qorannoo kanaa agarsiisutti oduun durii maatiidhaan yookiin obbolaa angafa ta'aniin galgala yeroo

maatiin hundinuu bakka oolee galee walgahee taa’u iddoo ibiddaatti ijoollee barsiisuuf, bashannansiisuufi ittiin gorsuuf itti fayyadamudha. Kanamalees, yeroo jaarsummaaf odaa jala taa’an dubbii ittiin hiikuuf kan itti fayyadaman ta’uu, mannee barnootaa keessatti ijoollee ittiin barsiisuufi bakkeewwan garaagaraatti dadhabbii ittiin ooluufi waarii ittiin dheereffachuuf akka ooluu nu hubachiisa.

### 4.2.1. **Galgala Ibidda Biratti**

Hawaasa Oromoo biratti, oduun durii akka meeshaa barnootaattiidha kan ilaalamu.Kunis, ijoolleen aadaafi duudhaa maatiin qabu baay’inaan kan barattuu yeroo maatiin walitti qabamuudha. Carraan walitti qabamuu maatis, galgala erga horii galfatanii itti cufanii ibidda bira taa’aniiti. Bakka kanatti barnoonni darbuu, duudhaafi safuu jiru qixisuun hangafa isaa akka kabaju barsiisuudha. Kan biraa immoo jireenya hawaasummaa barsiisa. Kunis, maatiin yeroo wal gahee taa’u jireenyi hawaasummaa gaarummaa kan qabu ta’uufi namni qophaa jiraachuu akka hin dandeenye barsiisuudha. Kana keessa oduu duriitti gargaaramee, gowummaan, doqnummaan, jibbi, ofittummaaniifi tuffiin gaarummaa akka hin qabne uumama nannoo ijoolleen sun beekaniin wal bira qabee barsiisa. Dabalataanis, tokkummaan, arjummaan, jaalallii, obsa qabaachuun wal danda’uuniifi waliif yaaduun bu’aa gaarii akka qabu bakka kana ta’ee oduu duriin deeggaramee ijoollee isaa jireenya boruuf qara/qajeelcha.

### 4.2.2 . **Yeroo Jaarsummaaf Odaa Jala Taa’an**

Jaarsii qaama hawaasaa keessaa isa tokko ta’ee, nama umuriin bubbule, yaadaan bilchaate, muuxannoofi hubannoo cimaa kan qabuudha. Akkasumaas, hawaasa naannoo biratti dhageettiifi fudhatamummaa guddaa kan qabuufi nagaafi tasgabbii naannoofi biyyaa buusuu keessatti qooda cimaa kan qabuudha. Jaarsummaan immoo, araarri aadaa jaarsota hawaasa naannootiin raawwatamu ta’ee mala gosoonni Oromoo hundi waldhabdee isaan giddutti uumame furachuuf itti gargaaraman keessaa isa ijoodha.Kanumaan wal qabatee, jaarsoliin yeroo araaraf walitti qabaman meeshaan isaan ittiin wal araarsan inni beekkamaan ogafaani.

Kana jechuun, ogafaan dubbii fiduufi dubbii fixuuf, dubbii miidhaksuuf ergaa dabarsuuf, dubbii hiikuuf gahee olaanaa kan qaban ta’uu isaaniti. Isaanis, kanneen akka mammaaksaa, oduu durii, baacoofi kan kana fakkaataniidha. Ogafaan jiran keessaa jaarsoliin yeroo araaraaf walitti ba’anii muka safuu kan ta’ee odaa jala taa’anii oduu duriitti fayyadamanii dubbii jirtuu hiikuufi murtoo dhugaa kennuuf gahee akka qaban agarsiisa.

A. **Waaqaafi Jaarsa**

Bara durii jedhan, waaqatuu waan afur uumee “Gurguri” jedhee jaarsatti kenne. Waanti arfan jaarsatti kennaman kunis, cubbuu, kakuu, ganuufi dhugaadha. Jaarsiis, ajaja fudhatee gurguruuf gabaa ba’e. Yeroo gabaa ga’u, cubbuu, abukaattootti gurgure. Kakuu, daldaltotatti gurgure. Ganuu, dubartiitti gurgure. Dhugaa immoo, nama irraa bitu dhabee fuudhee gale. Guyyaa tokko, ammas Waaqnifi jaarsi walitti dhufan. Waaqnis, jaarsan “Adaraan sitti kenne sana maal gootee?“ jedhee gaafate. Jaarsis,”warren natti kenname keessaa cubbuu, kakuufi ganuu gurgureeraa tokkicha dhugaa qofatu narkatti hafee” jedheen. Waaqnis, deebisee jaarsichaan “Dhugaan hanga gaafa abbaan itti argamutti suma harka haa teechuu” jedheenit dhugaa jaarsa harkatti dhiisee jedhama. **(**1Q gaafa guyyaa (05/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkaattiwwan oduu durii kanaa, namaafi Waaqa. Uummanni Oromoo uumama lafa kana irra jiru keessaa uumaatti aansee kan amanuu jaarsa biyyaati. Odeef-kennaan afgaaffii (1Q oduu durii kana waliin walqabatee yaada qorattuu kanaaf yeroo ibsu, Jaarsi dhugaa jaalataa dhugaa dubbataa, dhugaa murteessaa, gaarii yaada. Kanarraa ka’uun, yeroo hundaa hawaasni jaarsa akka ergamaa waaqaatti ilaala. Sababbiin isaa, wantoota waaqa fuula duratti badii ta’an of harkaa gurguree fixeera. Kan harka isaa keessatti hafe dhugaa qofa. Dhugaa kanas, waadaa galee waaqa harkaa fuudhe waan ta’eef hin gannee dabaree dabareedhaan dhaloota irraa gara dhalootaatti dabarsaa dhufe. Kun immoo, amanamummaa jaarsi qabuuf wabiidha jedha.

Akka odeefkennitoota gaaffii marii garee xiyyeeffannoo irratti (1Q 1F 1Q 2A gaafa guyyaa (05/08/2016) yaada qorattuu kanaaf kennanitti, jaarsi yeroo hundumaa bakka dhugaan jirtutti itti waamama qabaachuu isaati. Kana yeroo jennu, bakka sobni, hanni, ajjeesuuniifi balleessuun jirutti jaarsi qooda keessaa hin qabu. Sababbiin isaas, dhugaan harka isaa keessa jira. Dhugaan immoo, faallaa, sobaa, ganuu, ajjeesuufi balleessuti waan ta’eef yeroo mara itti waamamni dhugaa waaqaa gaditti jaarsa ta’uu isaa hubachiisu.

Walumaa galatti, akka odeef-kennitoonni jedhanitti, dhaamsi oduu durii armaan olii kun kan nama hubachiisu, Inni guddaan dhugaan gatii guddaa qabaachuu isaati. Kana yommuu jennu, dhugaan jaalalaa, miira tokkummaa of keessaa qaba, hawaasa ija tokkoon ilaala waan ta’ee dhugaan hawaasa hunda biratti amanamummaa guddaa qaba. Kanaaf, waaqni imaanaa guddaa kana jaarsatti kenne. Jaarsoliinis, kanarraa ka’ani “Dhugaan ilmoo waaqati” jedhu. Kanamalees, ergaan oduu durii kun kan barsiisuu cubbuun akka gatii hin qabne. Sababbiin isaas, firdii dhugaa jallisa waan ta’eef. Kakuunis, akka gatii hin qabne hubannaa. Kunis, waan soba ta’e dhugaa fakkeechee kakata waan ta’eefidha. Akkasumas, gantummaan gaarummaa akka hin qabne oduu durii kanarraa hubanchuu dandeenya.

B. **Qamalee, Jaldeessa, Billisa, Waaqa, Lafaafi Hattuu**

Bara durii jedhan qamalee, jaldeessa, billisa, waaqa, lafaafi hattuu tokko jedhanii bakka tokko waliin jiraatu turan. Gaafa tokko “Yaa waaqaafi lafa nanaa qe’ee koo naaf eegaa hamman iddoo tokko ga’ee deebi’utti!“jedhee isaan keessaa inni tokko horii isaa waaqaafi lafatti kennatee deeme. Inni hattichi isa jala gargalee qe’eedhaa deeme jedhee horii isaa jalaa hoofee deeme. Horii hatee hooffatee deeme kana waaqni hin arga lafti hin arga lafa ittiin dhaqu dhabe. Namichi inni abbaa horii “Anii isin amnadhee isinitti kennadhee deemenii hattuun horii koo na jalaa fudhattee?” jedhee waaqaafi lafa gaafate. Isaanis, “Dhiisi laftis ani asan jiraa waaqnis gubbaa gadi ilaalaa eessa dhaqa nujalaa jedhanii” hatticha gubbaadhaa waaqni qabee laftis ofirratti qabee horii nama jalaa bade sanaaf deebisanii galchaniifii jedhama. (1 Q gaafa guyyaa (05/08/2016) waraabbiin kanfudhatame)

Fakkaattiiwwan oduu durii kanaa qamalee, jaldeessa, billisa(Illeentii), Waaqa, lafaafi hattuudha. Uummanni Oromoo dhaloota waa gorsuus ta’ee barsiisuu yoo barbaade uumama naannoo isaa jirutti fayyadamee barsiisa. Kun immoo, kalaqa mataa isaatti fayyadamee akka dhaloonni irraa waa barachuu danda’utti mimmi’eessee bifa hawwataa ta’een dhiyeessaaf. Bifa hawwata ta’een dhiyaatee dhaloota barsiisuuf bu’aa guddaa kan qabu keessaa tokko oduu duriiti. Oduun durii armaan olitti caqafame kunis, uumama lafa kanarraa kanneen akka qamalee jaldeessa billisa waaqaafi lafa fakkeessanii bakka buusuudhaan dhugaan eessattuu akka namaan hin dabne barsiisu. Namichi yaa waaqaafi lafa nana “Qe’ee koo naaf eegaa! hamman iddoo tokko ga’ee deebi’utti” jedhee isaan keessaa inni tokko horii isaa waaqaafi lafatti kennatee deeme kan jedhu kun waan hundumaa caalaa kan waa to’achuufi eeguu danda’uu waaqa tokkichaa waan ta’eefi amanannaa horii isaa kan ta’eef uumaa ta’uu isaa Oromoon waaqa bakka buusee ittiin dhugaa jirtu dhaloota barsiisa.

Odeef-kennaan afgaaffii obboo Qannaasaa Xaafaa akka yaada qorattuu kanaa kennanitti,waantii fuula waaqaa dura kaawwatan kallattii kamiinuu eegamaa akka ta’e barsiisa. Namni fuula isaa duraa eessattuu dhokachuu akka hin dandeenye barsiisa. Horii hate hooffatee deeme kana waaqni hin argaa lafti hin argaa lafa ittiin dhaqu dhabe jedha. Ergaan oduu durii kanaa, namni waan namaa fuudhe akka hin milkoofneefi hatuun gaarummaa akka hin qabne gorsuu isaati. Kanamalees, kallattii kamiinuu yoo deeman dhugaan kan Rabbiiti waan ta’eef haguugamee dhokatee achiin hin hafu. Dhugaa jalaa hirigittuu miliqanii jalaa bahuun hin danda’amuu. Kanaaf hattuun waan namaa fuutee hiriguu hin geessuu naannoftee naannoftee harkuma waaqaafi lafaatti yookaan dhugaa sanatti deebitee galti kan jedhudha. Kanajechuun, namni dhugaadhan adeemuu hin gufatu jechuudha. Waaqnis dhugaa jaalataa namnis dhugaa jaalataa dhugaan yoo adeeman dhugaa hin dhabanii jechuudhaan jaarsi oduu duriitti gargaaramee dhugaa jirtu merteesse walitti araarsee ka’a jedha.

C. **Bosonuu Fi Qeerransa**

Bara durii jedhan, bosonuufi qeerransa jedhanii naannoo tokko waliin jiraatu turan. Isaanis, wal hin xuqnuu waliin jiraannaa jedhanii waadaa waliif galanii yeroo dheeraa waliin jiraachaa turan. Utuma waliin jiraachaa jiranuu, bosonuun muka ishee nyaachaa ooltee bulti qeerransi immoo waan nyaatu dhabe.Yeroo kanaa, qeerransii bosonuudhaan "Waadaa yoo diiganii maal ta'uu?" jedheen. Bosonuunis, deebiftee "Har'aa humaa hin ta'uu garuu boruuf badaa" jetteen.Yeroo isheen akkas jettuun,"Waadaan boruuf bada malee haraaf humaa hin ta'uu?" jedheen. Bosonuunis, "Eyyee" jetteen. Qeerransiis,"Anoo har'an beela'ee isa boruu maaltu na dhiberee?" jedhee tokkichuma kana dhaga'ee bosonuutti yeroo utaalu isaan lamaan gidduu gufuu/gurcuu qara qabu tokkotuu dhaabbata ture.Qeerransis,gufuu sana irratti lafa yommuu dha'u gufuun garaa isaa uree dugda keessan ba'e. Gara itti baasu dhabee "Yaa bosee cubbuun har'aaf humaa hin qabu boriif malee naan hin jennee?" jedhee ishee gaafate. Bosonuunis, deebistee "Ayii yaa qeerransoo! wanta warri kee dur balleessan beekaayii?" jetteen jedhama. 1Q gaafa guyyaa (05/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

Fakkaattiwwan oduu durii kanaa, qeerransafi bosonuudha. Waadaan, uummata Oromoof kallattii ittiin dhugaa kunuunfatuudha. Oromoo biratti namni waadaa cabsee argamee akka nama aadaa, safuufi duudhaa balleessetti ilaalama waan ta'eefi ni balaaleffatama. Ergaa oduu durii kanaa ilaalchisee, odeef-kennaan kun yaada qoraattuu kanaaf kenneen, Waadaan dhugaatti waan fakkeeffamuufi namni waadaa cabsee akka waan dhugaa dabseettis ni ilaalama. Dhugaan yoo dabe, gatii nama kanfalchiisa. Miidhama waadaa cabsuun fidu kana barsiisuuf jecha Oromoon kallattiin osoo hin taane alkallattiin dhugaa fakkeessee uumama lafa irra jiru fakkeenya fudhachuun oduu duriitiin deeggaramee dhalootni akka cubbuu irraa of eeggatu godha jedha.Qeerransi,waan nyaatu dhabe.Yeroo kanaa,qeerransii bosonuudhaan "Waadaa yoo diiganii maal ta'uu?" jedheen. Bosonuunis, deebiftee "Har'aaf humaa hin ta'uu garuu boruuf badaa" jetteen. Yeroo isheen akkas jettuun,"waadaan boruuf bada malee haraaf humaa hin ta'uu?" jedheen. Bosonuunis, "eeyyee" jetteen.

Qeerransis, kan "Boruu yoom na dhiberee jedhee utaalee dugda isheerra bu'uu yommuu dhaqu ishee hanqatee gufuu irra bu'ee garaa keessan ba'ee dugdaan ba'e. Qeerransichis, gara itti baasu dhabee "Yaa bosee! Cubbuun har'aaf humaa hin qabu boriif malee naan hin jennee?" jedhee ishee gaafate. Bosonuunis, deebistee "Ayii yaa qeerransoo! wanta warri kee dur balleessan beekaayii?" jetteen. Ergaan oduu durii kanaa, inni guddaan waadaa diiguun hangam gatii ulfaata hanga du'a lubbuutti kan nama kanfalchiisuu ta'uu isaati.Kan biraa immoo, waadaa diiguun cubbuu ta'uu isaati. Cubbuun kun, har'a deebii hojii keenyaa argachuu yoo baannellee dhaloota darbaa dabarsaa keessatti akka nama

biraa hin hafne ergaa dabrsuun dhaaloonni cubbuu kamuu hojjachuu irraa akka of eegu gorsa jechuun yaada isaanii ibsan.

D. **Dubartii Dhala Dhabde**

Dubartii tokkotu, dhala dhabdee yeroo dheeraa turte. Isheenis, seexanni dhala akka isheef kennuuf gaabii wareegdeef. Dubartittiin sun waggaa tokko booda dhala erga argattee gaabii ishee baattee seexana barbaachatti kaate. Karaa fagoo erga adeemtee booda jaarsa tokko argitee “Bakka seexanni jiru beektuu?” jettee dhimma ishee jaarsa sana haasofsiifte. Jaarsichis, “Dhaqiitii warra jaarsummaa taa’aa jiran sana bira callisii taa’itii sanaan booda nama araara dide yoo argite gaabii kee darbadhuutii irra buusi isaadha seexanni” jedheen.Isheenis, haaluma sanaan yommuu raawwattu namichi araara dide sunis waa’ee gaabii kanaa dubartii sana yommuu gaafatu isheenis yaadicha bal’inaan akkuma jaarsichi jedheen itti himte. Sana booda namichi jaarsummaadhaan aararamu dide kuni hojiin seexanaa badaa ta’uu waan quba qabuuf kana irraa adda ba’uuf deebi’ee araarame jedhama. (Dokmentii Waajjiraa Aadaafi Tuurizimii aanaa Ejersa Lafoo irraa gaafa guyyaa (01/08/2016) kan fudhatame.

Fakkaattiiwwan oduu durii kanaa namaafi seexana. Odeef-kennitoonni af gaaffitti hirmaachuun deebii qorattuu kanaaf kennan, 1A, 2 gaafa guyyaa (07/08/2016) jaarsoliin kan ittiin beekaman nama karaa irraa goree karaatti deebisuudhani. Kan karaa sirri irraa nama qabu uumama lafa kanaa keessaa seexana. Seexanni immoo, yeroo maraa kan ittiin beekamuu waan gaarii hin taaneeniidha. Kanaaf, namni waan jaarsoliin jedhan hin dhageenye yookaan hin hojjannee seexanatti fakkeeffama. Kanarraa ka’uun Oromoon oduu duriitti fayyadamee dhaloonni wanta hamaa irraa akka deebi’u kallattii kaa’a jedhu. Yaada dubartittiin, karaa fagoo erga adeemtee booda jaarsa tokko argitee “Bakka seexanni jiru beektuu?” jettee dhimma ishee isa deemtuuf jaarsa sana haasofsiifte. Jaarsichis, “Dhaqiitii warra jaarsummaa taa’aa jiran sana bira callisii taa’i. Sanaan booda, nama araara dide yoo argite gaabii kee darbadhuutii irra buusi isa seexanni” jedhe. Kana irraa kan hubannuu, oduun durii namoota badii dalaganiifi yaada manguddootaa cabsan, tuffatan yookaan karaa nageenyaan araara jibban ceepha’uudhaan yookaan gorsuudhaan gara amala gaariitti deebisuudhaaf gahee olaanaa qabaachuu isaati.Kanamalees, oduun durii kan namni gaariis hojjatu yaraas hojjatu hojii isaa sana akka daawwitiitti keessatti ilaallatu ta’uu isaati. Walumaa galatti, oduun durii kun nama karaa sirrii irra hin jirre karaa sirriitti deebisuu isaati.

4.2.3. **Oduu Durii Manneen Barnootaa Keessatti Barsiisuufis itti fayyadamu**

Akkuma Godinaalee Oromiyaa keessa jiran biroo, Godina Shawaa Lixaa keessatti oduu duriitiin ijoollee barsiisuun manneen barnootaa keessatti ni mul’ata. Oduu durii keessaa, barattoonni hambaa

aadaa isaanii argatu. Kunis karaa isaanii kan murteessu yaaduu, fedhii, amala, ilaalchafi duudha isaanii akka waliigalaatti guyyaa gara guyyaati irraa barataa deemuu. Akkasumas, fakkaattiwwan oduu durii keessatti argaman waldhabdee furuufi murtee kennuu irratti humna waan qabaaniif barattoonnis murteewwan haalawwan qormaataa ta'an keessatti murteessuu irraa barataa deemu.Yaada kana ilaalchisee 2M, 2B 1L gaafa guyyaa (10-16/08/2016) qorattuu kanaaf akka yaada kennitetti, oduun durii amala bashannansiisuu of keessaa qaba waan ta'eef barattoonni kaka'umsa olaanaadhaan akka baratan gochuufi beekkumsa gahumsa qabu akka horatan kutaa keessatti haala mijeessuuf faayidaa guddaa qaba. Dabalaataanis, sagantaa barnoota afaan Oromoo keessatti oduu duriitiin barsiisuun barattoonni dandeettii dubbisuufi dubbachuu akka cimsataniif illee ni fayyada jedhu. Yaada kana kan deeggaru, Pham Thi Hong Nhung, (2016: f.15) akka ibsutti,

> Oduun durii barattoota barsiisuu keessatti meeshaa gatii guddaa qabuudha. Galtee dhugaa, badhaadhaa, hiika qabu kan kennan yoo ta'u, adeemsa afaan barachuu keessatti xiyyeeffannoo argachuuf haala mijeessa. Dabalataanis, Ijoolleen seenaa ni jaallatu kanaaf daree keessatti oduu durii fayyadamuun barattootaaf muuxannoo gammachiisaa ta'uu waan danda'uuf qophii fi fooyya'iinsa barsiisonni gochuu qaban hunda gatii qaba jedha.

Akka yaada armaan olii irraa hubannuutti, oduun durii daree barnootaa keessatti akka meeshaa barnootaa tokkootti itti fayyadamanii barsiisuun akka danda'amudha. Kana keessa immoo, ijoolleen oduu durii beekan walii walii isaanitii qooduudhaan ergaa achi keessaa darbuun bashannanaa barnoota argatu kan jedhuudha.

## 4.3. **Haala Itti Fayyadamaafi Itti Fufiinsa Oduu Durii Dhaloota Si'anaa Biratti Mul'atu Akka Godina Shawaa Lixaatti**

Ogafaan, meeshaa aadaa, safuu, duudhaafi barsiifata adda addaa dhaloota ittiin barsiisuuf kalaqameedha. Kana jechuun, uummanni Oromoo ijoollee isaa osoo akka yeroo ammaa kana gara mana baruumsaatti erguun hin jalqbin dura kallattii garaa garaan uumama naannoo jirutti fayyadamee bakka gorsi barbaachisutti gorsaa, bakka waa beekuu qabu jedhee yaadetti barsiisaa, bakka dadhabbii isaanii argetti jajjabeessaa, bakka abdii dhabanitti abdii itti horaa dhaloota har'aa kanaan gahe. Aadaa boonsaa Oromoo mara birattii beekkamtii qabu kana ogafaaniitti fayyadamee dhaloota aadaa, duudhaa, safuu, seenaafi barsiifata garaa garaa barsiisaa dhufe, har'as barsiisaa jira, gara fuula duraattis ittiin barsiisa. Ogafaanota jiran keessaa oduun durii ijoollee barsiisuuf isa bu'uraati. Garuu, dhaloonni yeroo ammaa kun aadaa miidhagaa kanaaf dhaggeettiin inni qabu gadi bu'aa dhufeera. Kun immoo, gara fuula duraatti ogafaan kunuunsuufi itti fayyadamuu irratti abdiin hawaasni dhaloota kana irraa qabu daran gad aanaadha. Kanas ta'ee sana, oduun durii calaqqee

eenyummaa saba tokkooti. Sabni tokko sabummaan isaa kan beekkamu itti waamama isaa kan ta’e aadaa, seenaa duudhaa amantaa fi eenyummaa isaati.

Yaadni odeef-kennitootaa afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo biraa deebi’ee wal fakkaataa ta’us akka armaan gadiitti dhiyaateera. odeef-kennitootaaf afgaaffii dhiyaate irratti 1B 2A, 2I 2S,1S,2C gaafa guyyaa (4-11/08/2016) yaada qorattuu kanaaf kennaniin, Abbotiin ijoollee isaanii, oduu durii itti odeessuun karaa qabsiisuurra meeshalee teeknolojii walqabatan kanneen akka teleevziinii raadiyoo dhaggeeffachisurratti yeroo isaanii akka dabarsan haala mijeessu. Kunis,taphoota mobaayilii, feesbuukii, tiiktookiifi kan kaa fakkaatan taphachiisuu filatu. Kun immoo, gadi bu’uu ogafaan Oromoo keessayyuu oduu duriitiif sababoota guddaa ta’aa dhufeera jedhu. Kana jechuun meeshaaleen teeknolojii kun dagatamuu oduu duriif sababa ta’a jechuu osoo hin taane, kan dursu aadaa keessatti dhalatanii ittiin guddatan kana qabsiisanii akka isaan meeshaalee teeknolojii kanaan aadaa kallattii hundaan karaa nama qabsiisu kana addunyaadhaaf feesbuukiin, tiiktookii, iimoofi miseejiin akka dabarsan gochuu qabu kan jedhuudha.

Dabalataanis yaaduma kana cimsuuf,gaaffii marii garee xiyyeeffannootiif dhiyaateen 1F, 1Q, 2A, 2S, 1S,2C gaafa guyyaa (05-11/08/2016) wal duraa duubaan yaada isaanii akka qorattuu kanaaf kennanitti, Kallattii garaagaraatiin itti fayyadamni oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti baay’ee gad bu’aa dhufeeraa jedhu. Kanaafis sababoota kan ta’an, dhaloonni yeroo ammaa kun safuu Oromoon qabu dagachuu isaati jedhu. Keessumattu waggoota 35 (soddomii shanan) kanaa asitti dhaloonni waanuma aadaa waliin walqabatu gateera. Kunis,ammayyummaa barbaaduu irraan kan ka’e aadaa ofii mul’isuu caalaa aadaa ormaa keessaan mul’achuu barbaaduudha. Yeroo maanguddoonni waa dubbatan ati hin beektuu taa’i maal haasa’aa jaarsi jechuun safuu abbaa irraa fuudhuun ni mul’ata. Kun immoo oduun durii aadaa, safuu, duudhaa, barsiifata, seenaafi eenyummaa of keessaa qaba waan ta’eef of dagachuu mul’saa. Ijoolleen yeroo ammaa safuu hin beektu,nama guddaa hin kabajjuu abbaa hin kabajjuu,ollaa hin kabajjuu kun immoo aadaan kaleessa Oromoon ittiin bulaa dhufe jiraa yoo jedhamee nama qaanfachiisaa jedhu.

Kanamalees, ijoolleen waan maanguddoonni dubbatan tuffachuu irraan kan ka’e waan durii, waan hafaa,kan irraan darbe jechuun qeeqa tuffii agarsiisuu ni mul’ata. Yaada kanaSimsfi Stephens(2005, f.12) AFS wabeeffachuun akka ibsanitti, ogafaan akka waan salphaatti kan durii, kan baadiyyaa, kan qotee bulaa, kan nama hin barannee, kan dhugummaan isaa hin beekmne yookan kan du'efi namoota seenaan isaanii darbee wajjin kan walqabatee ta’us ni hubachiisa jetti. Yaanni kun kan ibsu, ogafaan akkuma walii gala biyyattiiti cunqurfamaafi dhiibamaa jiraachuu isaa nu hubachiisa. Dabalataanis, yaada kana Finegan (2012, f.310) yommuu ibsitu, hojiiwwan kalaqaa ogbarruu afaaniin dubbataman

balaadhaaf saaxilamaniiru, sababiin isaas giloobaalayizeeshiniin fi jijjiiramni hawaas- dinagdee ariifataa hawaasa xixiqqoo irratti dhiibbaa walxaxaa ta'e kan geessisu yoo ta'u, yeroo baay'ee gochaalee beekumsa aadaatiif qormaata ta'a jetti. Kana jechuun, Babal'achuun saayinsiifi teeknolojii bu'aa oduun durii qabu daran cimsa. Garuu,dhaloonni utuu saayinsiif teeknolojiin liqinfamuu/ to'atamu baatee ofii isaati to'atee meeshaalee teeknolojii kanaan aadaa kallattii hundaan karaa nama qabsiisu kana addunyaadhaaf feesbuukiin, tiiktookii, iimoofi miseejiin dabarse bu'aa isaa yeroo gabaabaa keessatti argaachuun ni danda'ama kan jedhuudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqqoonnaan kun qabxiilee gurguuddoo sadii qabatee jira. Isaaniis cuunfaa, argannoofi yaboo ta'anii haala waliigalaa hojiiwwan qorannoo kana keessatti, hojjetamaniifi akkaataa itti hojjetaman, ragaan walitti qabame maal maal akka barsiisu, gaaffileen qorannichaa, kaayyoo qorannichaafi kan kana fakkaatan fiixan baasuuf ragaan funaaname maal akka ibsuufi gara fuula duraatti bu'aan qorannoo kanaa eenyuuf oola kan jedhu walduraa duubaan kan ofkeessatti hammatuudha.

## 5.1. **Cuunfaa**

Mata duree kana jalatti, qorannoo kana galmaan gahuuf hojiiwwan hojjataman walduraa duubaan cuunfamanii bakka itti kaawwamaniidha. Dabalataanis, qorannoon kun akkaata itti hojjataman ragaan bakka itti dhiyaatudha.Bifuma kanaan, dhimmoonni raawwataman kaayyoo qorannichaa irratti xiyyeeffachuun bifa duraa duuba isaa eegeen akka itti aanutti dhihaateera. Kaayyoo guddaan qorannoo kanaa dhaamsi oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti maal maaliif kan jedhu qaacceessuu irratti kan xiyyeefateedha. Qorannoo kun akka qoratamuuf ka'umsa kan ta'e dagatamaa deemuu ogafaan Oromoo keessattuu oduu durii Oromooti. Ogafaan ummatichaa, akka cirracha galaanaa hammaramee hin dhumne kun hanga barbaadame bahee hin mul'anne. Akka Godina Shawaa Lixaatti,oduun durii bakka tokko tokkotti haa qoratamu malee,dhimma itti fayyadama waliin wal qabatee dhaamsa oduu duriitti hawaasni kun maal maaliif itti fayyadama kan jedhuu tokko tokkoon qaacceffamee qindaa'ee dhaloota boruuf akka taa'uf qorannoon qoratamee hanga qorattuun kun sakattaatetti hin jiru waan ta'eef dhaamsa oduun durii qabuu qaacceessuun dhaloonni akka hubatu gochuuf qorattuun ka'umsa taasifatte.

Kaayyoowwan qorannoo kanaa galmaan gahuuf mala iddattoo miticarraa keessaa kaayyeffataafi eeruu/darbaa dabarsaatti gargaaramuudhaan iddattoowwan filatamaniiru. Odeeffannoon barbaachisuus, manguddoota, ogeessota waajjiraa aadaafi tuurizimii aanaa Ejersa Lafoofi aanaa Dandii, barsiisotaafi barattoota mana barumsa Olmaa Addaa sadarkaa tokoffaa Oolankomiifi dookimentiiwwan garaagaraa sakatta'uni. Meeshaalee ragaan ittiin funaaname afgaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi sakatta'a galmeeti. Ragaan qorattuun walitti funaannatte baay'inaan oduu durii **26** yoo ta'u, ragaa walitti qabame keessaa baay'inaan **20** kan ta' u mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun ergaa isaatiin qaaccessiteerti.

dhaamsa oduu durii waliin wal qabatee Oromoo Shawaa Lixaa biratti, oduun durii meeshaa dhaloonni ittiin tokkummaa, hawaasummaa, haala dinagdeefi siyaasa ittiin wal barsiisuu ta'uu isaafi goowuummaan gaarummaa akka hin qabne,gamnummaa, gootummaa, jaalala, waliif obsuu, waldanda'uufi wal deeggaruun immoo gaarummaa akka qabu  dhaloota gorsaa dhufuun isaa ergaawwan oduu durii qaacceffaman keessatti ibsamaniiru. Dabalataanis, Oduu duriitiin, jiruuf

jireenya hawaasummaa keessatti jireenyaa mo'achuuf jabaatee rakkoo keessa jiru sana keessa bahee sadarkaa itti aanutti akka ce'u jajjabeessuu, Kanamalees, aadaa hawaasa keessatti hin barbaachisne ykn safuu hawaasaa tuquu wanta danda'u akka hin dalagne oduu duriitiin gorsuun karaa sirri irra deemsisuufi rakkoo jireenya keessatti nama mudate tokko jalaa bahuuf karaa alkallatti ta'een yaada kan ittiin ibsatan ta'uun isaa ibsameera.

Oduun durii galgala galgala yeroo miseensonni maatii walgahanii taa'an bifa taphaatiin abbootii fi haadholiidhaan daa'imanitti himama. Kana keessa ijoollen bashannanaa jireenya isaanii gara fuula duraatti maaltu akka isaan eeggatu baraa deemu akka danda'an Uummanni Oromoo dhaamsa dabarfachuu yoo barbaade uumama lafa kanarra jirutti fakkeesseeti.Fakkaattiwwan oduu durii funaanaman kana keessatti argaman; Waaqa, nama, uumama ijaan hin mul'anne, bineensota, bosonaafi beelladoota manaaati. Kanneen keessaa oduun durii kun kan ofkeessatti hammate;waaqa, nama, leenca, waraabessa, qamalee, harree, jeedala, saree ,qeerransa, hantuuta, uumama ijaan hin mul'anneefi adurreedha. Ogafaanota jiran keessaa oduun durii ijoollee barsiisuuf isa bu'uraati. Akka godina Shawaa Lixaatti garuu, dhaloonni yeroo ammaa kun aadaa miidhagaa kanaaf dhaggeettiin inni qabu gadi bu'aa dhufuu isaa adeemsa qorannoo gaggeeffame kana keessa bira ga'ameera. Kun immoo, gara fuula duraatti ogafaan kunuunsuufi itti fayyadamuu irratti abdiin hawaasni dhaloota kana irraa qabu daran gad aanaa ta'uu isaati kan jedhu xumura walii gala qorannoo kanaati.

## 5.2. Argannoo

Mata-duree kana jalatti kan caqafamu, qorannoo gaggeeffame keessatti bu'aan argame kan itti ibsamuudha. Dabalataanis, gaaffiwwan qorattuun ka'umsa qorannoo ishee jalatti kaaste, kaayyoo qorannichaafi dhimmoota kana fiixaan baasuuf odeeffannoo qaacceffameedha. Qaaccessa dhaamsa oduu duriifi itti fayyadama oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti jedhu irratti af-gaaffiifi marii gareetiin manguddoota, ogeessota waajjira aadaafi tuurizimii, barsiisotaafi barattoota irraa argameen, oduun durii dhaamsa akkamii akka qabuufi Oromoon Godina Shawaa Lixaa oduu duriitiin maal barsiisaa, yoomeessa oduu durii, haalli itti fayyadamaafi itti fufiinsaa wal duraa duubaan dhiyaataniiru. Kanuma bu'ura godhachuun qorattuun qorannoo gaggeessite keessati bu'aa argatte akka armaan gadiitti keesserti.Isaanis;

1. Dhaamsi oduun durii irraa darbuu, kan hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa meeshaa godhatee aadaa, seenaa, duudhaa, safuufi barsiifata adda addaa ittiin wal barsiisuufi dhaloota kallattii barbaachisaa ta'etti qeequudhaan, gorsuufi sodaachisuudhaan karaatti akka isaan deebi'an godhu ta'uu isaati. Kanamalees, oduu duriitiin tokkummaa, hawaasummaa, haala dinagdeefi siyaasa barsiisuun akka danda'amuufi goowuummaan gaarummaa akka hin qabne,

gamnummaa, gootummaa, jaalala, waliif obsuu, waldanda’uufi wal deeggaruun immoo gaarummaa akka qabu dhaloota gorsaa dhufuun isaa bira ga’ameera.

2. dhaamsi oduu durii filatamanii qaacceffaman irraa kan hubatamee namni tokko bara jireenya isaa keessatti waanti ulfaatan hanga fe’e yoo isa qunname illee abdii kutuu osoo hin taanee hanga dhumaatti jabaatee dhaabachuun galma gahinsa akka qabu bira gahameera. Kanamalees, salphaatti waan hubachuu danda’aniif bashannansiisuu bira darbee barsiisuu, gorsuu, qeequ, miliquu, danddeettii waa yaaduu cimsuu, ijoolleen ija jabinaan yaada isaanii ibsachuu akka danda’an kan gargaaru ta’uu isaa bira ga’ameera.
3. Oduun durii yoomeessa mataa isaa kan qabu ta’ee, ogafaanota jiran keessaa dhalootaaf utubaa jiruuf jireenyaa kan ijoollummaa isaanii irraa kaasee hanga umurii lafa kanarra jiraataniitti biraa hafuu hin dandeenyeefi karaa qabsiisaa deemuu ta’uu isaati. Oduun durii galgala galgala yeroo miseensonni maatii walgahanii taa’an bifa taphaatiin abbootiifi haadholiidhaan daa’imanitti himama. Kana keessa ijoollen bashannanaa jireenya isaanii gara fuula duraatti maaltu akka isaan eeggatu baraa deemu akka danda’an
4. Ummanni Oromoo dhugaa qabu kallattiin himachuu irra karaa alkallattii ta’een uumama lafa irraa fakkeessee ergaa isaa dabarfachuun isaa uummanni kun achii as dhuftee isaa kan dhaloota irraa dhaalee namuusa qabaachuu isaati hubatame. Fakkaattiwwan kunis, waaqa, nama, bineensota, bosonaafi beelladoota manaafiuumaafi uumama ijaan hin mul’anne ta’uu bira ga’ameera.
5. Kallattii garaagaraatiin itti fayyadamni oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa biratti baay’ee gad bu’aa dhufuun isaa bira ga’ameera. Kanaafis sababoota kan ta’an, dhaloonni yeroo ammaa kun ammayyomuu barbaaduu irraan kan ka’e aadaa ofii mul’isuu caalaa aadaa ormaa keessaan mul’achuu barbaaduu isaaniti. Kanamalees, ijoolleen waan maanguddoonni dubbatan tuffachuu irraan kan ka’e waan durii, waan hafaa, kan irraan darbe jechuun qeeqa tuffii agarsiisuun isaanis bira ga’ameera.
6. Abbootiin ijoollee isaanii, oduu durii itti himuun karaa qabsiisuurra meeshalee teeknolojii walqabatan kanneen akka teleeviziiniifi raadiyoo dhaggeeffachisurratti yeroo dabarsuu, taphoota mobaayilii,feesbuukiifi tiiktookii taphachiisuu filachuun gadi bu’uu ogafaan Oromoo keessayyuu oduu duriitiif sababoota guddaa ta’aa dhufuu isaa hubatameera.

## 5.3.**Kallattii Gara Fulduraatti**

Mata duree kana jalatti immoo, argannoo jalatti qabxiilee ka’an bu’uura godhachuun gara fuulduraatti maaltu taasifamuun akka irra jiru, dhimmoota murtaa’an irratti xiyyeeffannoon akka godhamuuf cimsamee bakka hubachiisni itti kennamudha. Kuns, murtee isa dhumaa osoo hintaane, qorattoonni

biroos akka qorachuu danda'aniif karaa saaqee jira. Haaluma kanaan, gara fuula duraatti maaltu taasifamuu qaba kan jedhu qorattuun akka itti aanutti eertee jirti. Mata duree argannoo jalatti akkuma ibsametti, "Qaaccessa dhaamsa oduu durii Oromoo Godina Shawaa Lixaa keessatti" jedhu irratti oduun durii dhaamsa akkamii akka qabuufi hawaasni kun oduu duriitti fayyadamee maal maal barsiisa, yoomeessa oduu duriifi haala itti fayyadamaafi gara fuula duraatti itti fufiinsi isaa maal fakkaata kan jedhu irratti kan xiyyeeffate ta'ullee qorannoon kun qofti waan hundaa bakka bu'a jechuun hin danda'amu. Kanaafuu, ogafaan jiru keessaa oduu durii qofarratti osoo hin taane qorattoonni ogafaan Oromoon qabu mara irratti osoo qorannoo gaggeessanii bu'aan argamu hedduudha.

- Ogummaa uummanni kun osoo hin baratin sammuu isaatiin kalaqee asiin gahe kana dhaloota ammaa harkatti akka hin kufneef guddiffachuu, muuxannoowwan aadaa, seenaa, amantaa falaasama hawaasichaa ibsan kana kunuunsani qorannoo irratti gaggeessuun dhaloota dhufuuf olkaa'uun gahee dhaloota ammaati.
- Abbootiin, ijoolleen yeroo kanaa yaada nama irraa hin fudhattuu nama tuffatti, abbaa salphistii jedhanii osoo itti hin himin bira darbanii aadaa boonsaa kana fudhatanii du'uurraa haala mijataas ta'ee haala hin mijanne keessatti kallattii kamiinuu dhaloonni kun akka waa irraa baratuuf gahee mataa isaanii bahuu qabu.
- Oduun durii uummata Oromootiif dilbii hin sochoonedha. Dilbii kana immoo namni tokko sochoosee hin danda'u. Kanaaf, ogeessonni waajjira aadaafi tuurizimii, barsiisonni afaaniifi qorattoonni kallattii garaagaraan afaan Oromoo irrattii qorannoo gaggeessan xiyyeeffannoo isaanii osoo oduu durii irra godhanii bu'aan argamu daraan olaanadha.
- Babal'achuun saayinsiifi teeknolojii bu'aa oduun durii qabu daran cimsa. Kunis, dhaloonni utuu saayinsiif teeknolojiin liqinfamuu/ to'atamu baatee ofii isaati to'atee meeshaalee teeknolojii kanaan aadaa kallattii hundaan karaa nama qabsiisu kana; addunyaadhaaf feesbuukiin, tiik tookii, iimoofi miseejiin dabarse bu'aa isaa yeroo gabaabaa keessatti argaachuun ni danda'ama.

# WABIILEE

Abdurrahmaan Abdulqaadir. (2008). Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu.waraqaa eebbaa digrii 2ffaa yuunivarsitii Finfinnee:kan hin maxxanfamne.

Abrahams, R. D. (Ed). (1983). *African folktales: Traditional stories of the black world* (ed): Pantheon Books.

Addunyaa Barkeessa. (2014). *Semmoo.Bu`uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.For Easttrading PLC.Oromiyaa. Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa qorannoo hujoo*.Finfinnee: Mega printing press.

Alamituu Olii. (2012). *Ogbarruudhaan Afaan Barsiisuu*. Jimmaa: Heritage Printing and Trading Plc.

Allan Dundes. (1965). *The study of Folklore* :Engle wood Cliffs Prentice Hall.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela: Seenaa oguma Oromoo.* Finfinnee: far East trading press.

Bascom W. (1965). *The Forms of Folklore: Prose Narratives*.The Journal of American Folklore Vol. 78, No :American Folklore Society.

Bukenya, A.K. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi: Nairobi University press

Caaltuu Caalii. (2012).Qaccessa Ergaa Durdurii Mala Maltee Godina Iluu Abbaa Boor.Yuunivarsiitii Jimmaatti Digrii Lammaffaa guuttachuuf kan qophaa'e: kan hin maxxanfamne.

Dasta Dassaleny. (2002). *Bu'uura Qorannoo.Finfinnee* :Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dorsan, R. (1972). *Folklore and Folk life.An Introduction Chicago*:Chicago University press.

Dundes. (1980). *Interpreting Folklore. Bloomington*: Indiana University Press.

Faanaa Qajeelaa. (2006). Seenaa Hidda Latiinsa Oromoo Godina Shawaa Lixaa.Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Shawaa Lixaatiif kan dhiyaate:Amboo. Kan hin maxxanfamne

Faqqadaa Azzazaa. (2004).*Yesinekal Memeria*. Addis Ababa Yuunivarsiitii Book Center.

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Pres

Georges, R.A and Jones, M. O. (1995). *Folkloristics: AnIntroduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Getaachoo Rabbirraa. (2005*). Furtuu Seerluga Afaan Oromoo*. Addis Ababaa: Kurraaz International Press.

Ida Bagus N. Mantrafi warra kaan. (2018). *Folktales as meaningful cultural and Linguistic Re Sources To Improve Students* Reading Skills. article in lingua scientia: ISSN:2599-2678Vol. 25.

Martha C. Sims;Stephens. (2005). *Living Folklore:An Introduction to the Study of People and Their Traditions*:The Ohio State University.

Newman, L. W. (2007). *Basic social Research.Qualitative and Quantitative Approaches* (2nd ed.) Bost Peason Educailiral IC

Noei1Io Noverino Canonici. (1985) *Use of Traditional Zulu Folktales in His Igoda Series of School Read.S.* Durban: University of Natal.

Okpewho, I. (1992). *African Oral literature:* Back ground, Character and Continuity.

Pham Thi Hong Nhung. (2016). *Folktales as a Valuable Rich Cultural and Linguistic Resource to Teach a Foreign Language to Young Learners.*International Journal of Education, Culture and Society. Vol. 1, No. 1, 2016, pp. 23-28.

Sumner, C. (1997*). Oromo Wisdom Literature: Volume 2 Songs collection and analysis*. Addis Abeba: Gudina Tumsa Foundation.

Wandimmuu Gadaa. (2008). Qaaccessa Caaseffama Durdurii Oromoo Godina Shawaa Dhihaa Aanaa Ejeree.Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa Ittiin Guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetiif Dhiyaate: kan hin maxxanfamne.

Wasanee Bashaa. (2008). *Barruulee Simbirtuu.* Finfinnee, Oromiyaa.

Yashii Lammaa, (2011).Xiinxala Malleen Dubbii Mammaaksaafi Hibboo Oromoo Keessatti Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo. Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa Ittiin Guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinneetiif Dhiyaate: kan hin maxxanfamne.

**Yuunvarsiitii Jimmaatti**

**Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Namoomaa Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu Irraatti**

# DABALEEWWAN

Kabajamoo Odeef-Kennitootaa Kaayyoon qorannoo kanaa Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Lixaa aanaalee Ejeree, Ejersaa Lafoofi Dandii Keessa jiran oduu durii walitti qabuudhaan ergaasaatiin qaccessuufi hawaasni Godinichaa maal maaliif itti fayyadama kan jedhu adda baasu yoo ta`u bu`aan qoraannichaa Yuuniversitii Jimmaatti Kooleejjii Saayinsii Hawaasummaafi Namoomaa Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiif kan dhiyaatuudha. Kanaafuu deebii isiin naaf laattan galma gahiinsa qoranno kanaatiif gumacha guddaa taasisa waan ta`eef bakka kanatti argamtanii odeeffannoo naaf kennuuf eeyyamamoo ta’u keessaniif durseen isin galateeffadha. Aadaa keenya guddisuuf qooda waliin qabna waan ta’eefi gaaffilee isiniif dhiyaatee otoo of hin qabin bilisa taatanii akka naaf deebistan /qooddan kabajaanan isin gaafadha.

**Odeeffannoo Walii galaa Od-Himtootaa**

Maqaa__koorniyaa: dhiira___dubartii_____umurii____G/hojii Godina___aanaa____ganda____

# DABALEE A

**A. Gaaffiilee Af- gaaffii irratti Dhiyaatan**

1. Hawaasni godina shawaa Lixaa oduu durii maal, maaliifi itti fayyadama?
2. Itti fayyadama waliin wal qabatee gama tokkummaa, hawaasummaa, siyaasaafi dinagdeetiin oduun durii dhaloota barsiisuufirakkoo nama muudate ibsachuu keessatti gahee akkamii qaba? Yaada kana kan deeggaru oduu durii natti himuu dandeessaa?
3. Itti fayyadama oduu durii waliin wal qabate yoom eessa isaa natti himuu dandeessaa?
4. Muudannoofi muuxxannoo hawaasaa barsiisuu keessatti gumaachi oduun durii taasisu maali?
5. Akka yaada keetti ijoolleen maaliif oduu durii yeroo itti himamu xiyyeeffannoon dhaggeeffatu?
6. Oduun durii irraa dhaloonni maal barata?
7. Oduun durii sammuu ijoollee qaruu keessatti gumaacha akkamii taasisa?
8. Oduun durii aadaa hawaasaa barsiisuu keessatti gahee akkamii qaba jettee yaadda

B. **Gaaffii Marii Garee Xiyyeeffannootiif qophaa'e.**

1. Hawaasa Oromoo godina Shawaa Lixaaatiif oduun durii maalidha?
2. Hawaasni Oromoo godina Shawaa Lixaa oduu durii maal maalfaaf itti fayyadama? Oduu durii beettanis natti himaa. Oduu durii dhiyaate ergaa isaa irratti mari'adhaa
3. Hawaasni oduu durii isaatti fayyadamee dhaloota maal gorsa? Oduu duriitiin deeggaramuun fakkeenya kennaa.
4. Hawaasni oduu duriitti fayyadamee dhaloota maal barsiisa? Yaada kana kan deeggaru oduu duriitiin natti himaa,
5. Hawaasni oduu duriitti fayyadamee rakkoo siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa isa mudatee ibsachuun furmaata barbaada.oduuwwan durii kanaaf fakkeenya ta'an hanga beektan ibsaa.
6. Hawaasni Godina Shawaa Lixaa Oduu durii yoomeessa akkamii keessatti itti fayyadama?
7. Haalli itti fayyadamaafi itti fufiinsi oduu durii dhaloota si'anaa biratti maal fakkaata?

C. **Gaaffii marii garee xiyyeeffannoo barsiisotaafi barattootaaf qophaa'e**

1. Daree barnootaa keessatti oduu durii maal maaliif itti fayyadamtu? Mari'adhaa.
2. Yeroo oduu durii kutaa keessatti himamuu adeemsaafi seera mataa isaa qabaa? Seerriifi adeemsi isin hordoftan maal maal fa'i? Oduu durii beektan nutti himuun fakkeenya kennaa!

3. Barsiisaan daree keessatti yeroo oduu durii barattoota barsiisu baratoonni oduu durii irraa ergaa maalii baratu?
4. Oduun durii, safuu, aadaa, falaasamaafi duudhaa hawaasaa barsiisuu keessatti hammam isin fayyada? Waliif ibsaa!
5. Seenaa darbe dhaloota yaadachiisuu keessatti oduun durii gahee maalii qaba?
6. Akka barsiisaa afaanii tokkootti oduun durii safuufi safeeffannaa hawaasni qabu ilaalchisee dhaloota dhufuuf gumaacha akkamii qaba jettanuu yaaddu?

| Lakk | Maqaa | Koorniyaa | Umurii | Sad barnoota | Gahee hojii | Godina | Aanaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | A/ gadaa Fedhaa Qananii | 1F | 45 | Qalama | Q/bulaa | Shawaa Lixaa | Ejersa Lafoo | Korrisoo Oddoo Gubaa |
| 2 | A/gadaa Araarsaa Muxxaal | 1A | 50 | " | Q/bulaa | " | Dandii | 01 |
| 3 | Obboo Bilisummaa Alamuu | 1B | 40 | Dig | H/mootummaa | " | " | " |
| 4 | Obboo Qorichoo Itichaa | 1Q | 55 | - | Q/bulaa | " | Ejersa Lafoo | Korrisoo Oddoo Gubaa |
| 5 | Obboo Qannaasaa Xaafaa | 1Q | 60 | - | Q/bulaa | " | " | 01 |
| 6 | Aaddee Alamituu Taaddasaa | 2A | 45 | Qalama | Q/bulaa | " | " | 02 |
| 7 | Obboo Rabbirraa Waljirraa | 1R | 38 | MA | H/mootummaa | " | " | " |
| 8 | Aaddee Buzaayyoo Sobbooqaa | 2B | 35 | MA | H/mootummaa | " | Dandii | Tulluu Aannan-noo |
| 9 | Obboo Laggasaa Baay'isaa | 1L | 50 | Dig | H/mootummaa | " | Dandii | Malkaa Awaash |
| 10 | Barsiisaa Likkiisaa Nagaroo | 1L | 40 | Dip | barsiisaa | " | Ejeree | Areertuu |
| 11 | Obboo Darajjee Daagimaa | 1D | 45 | Dig | barsiisaa | " | Ejersa Lafoo | 02 |
| 12 | Barsiisaa Abbabaa Waaqjiraa | 1A | 45 | MA | barsiisaa | " | " | 02 |
| 13 | Barsiisaa Alamaayyoo Kitaabaa | 1A | 35 | Dig | Barsiisaa | " | Dandii | Malkaa Awaash |
| 14 | Aaddee Abaaboo Dachaasaa | 2A | 60 | - | Q/bulaa | " | Ejersa Lafoo | 02 |
| 15 | Barsiisaa Dirribii Kitaabaa | 1D | 38 | Msc | Barsiisa | " | Ejersa Lafoo | 02 |
| 16 | Barattuu Feeneet Barakat | 2F | 14 | 6 | Barattuu | " | " | Gaarree Kooraa |
| 17 | Barattuu Sinqee Margaa | 2S | 13 | 6 | " | " | " | " |
| 18 | Barattuu Caaltuu Dabalaa | 2C | 15 | 7 | " | " | " | 02 |
| 19 | Barataa Sisaayi Lammaa | 1S | 15 | 7 | Barataa | " | Ejeree | Cirrii |

| | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 20 | Barataa Shimallis Zawudee | 1Sh | 16 | 8 | Barataa | “ | Ejersa Lafoo | 02 |
| 21 | Barataa Rabbirraa Fayyisaa | 1R | 15 | 8 | Barataa | “ | “ | Gaarree Kooraa |
| 22 | Barattuu Immabeet Zawudee | 2I | 15 | 8 | Barattuu | “ | “ | Korrisoo Oddoo Gubaa |
| 23 | Barsiistuu Masarat Hacaaluu | 2M | 35 | MA | Barsistuu | “ | “ | 02 |
| 24 | Obboo Tasammaa caalaa | 1Th | 55 | - | Q/bulaa | “ | Ejeree | Cirrii |
| 25 | Obboo Biraanuu Humneessaa | 1B | 45 | - | Q/bulaa | “ | Ejeree | 02 |

# DABALEE B

## Oduuwwan Durii Kallattii Garaa Garaa Irraa Walitti Qabaman

**1. Oduu Durii Tokkummaa barsiisan**

**A. Sangoota Sadii ta'anii Bosonatti Galan**

Bara durii jedhan, sangoota sadiituu bosona keessa waliin jiraata ture. Sangoonni sunis, bifti isaanii burree, adiifi gurraacha. Sangoota kana waraabessi nyaachuuf ni adamsa ture. Yeroo waraabessi isaan adamsu sun itti dhufe tokko ta'anii wal gargaaranii gaanfa isaaniin of irraa faccisu turan. Waraabessis sangoota kana nyaachuuf mala tokko malate. Sangoota isaan bifti isaanii burreefi gurraacha ta'an lamaan ofitti waamee "Isin of hin argine malee yeroo maraa diinni kan isin argee isin adamsuuf

sangaa isa bifti isaa adii ta'e sanatuu alaalatti mul'ataa adii sana of keessaa baasaa malee dhumuu keessanii" jedheen. Isaanis, "Edaa situu nutti waraabessa fidaa" jedhanii sangicha of irraa ari'ani. Waraabessichis, gaafa sangaa isa adii sana qophaa isaatti argatu nyaate. Ammas, deebi'ee isaan lamaan hafan sanaan "Sangaan inni burreen kun alaalatti mul'ata ati immoo gurraacha waan taatefuu dukkana waliin wal fakkaatta osoo gargar baatanii" jedheen. Isaanis, kanuma dhaga'anii wal lolanii wal irraa deemani. Waraabessiis, gaafa kana arguu tokko tokkoon guuree isaan nyaatee fixe jedhama. (1B gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

**B. Hiriyoota Sadii Ta'anii Deeman**

Bara durii jedhan, hiriyoota sadiitu waliin karaa deemaa ture. Sadan isaaniiyyuu yeroo manaa ba'an "Waanti fedheyyuu yoo nutti dhufe tokko taanee wal irraa qolla malee gargar hin baanuu" jedhanii waadaa waliif galan. Utuu deemaa jiranuu leenci itti dhufe. Yeroo kana, utuu leenci isaan har'uu hiriyoota sadan keessaa isaan lamaan mukatti ol ba'an. Inni tokko, callisee akka nama du'eetti ciise. Kana booda, leencichii du'aa hin nyaatu waan ta'eefi gadi jedhee funyaan isaatiin fuunfate du'aafi jiraa ta'uu isaa gargar baasee irraa adeeme. Warri mukatti ol ba'an daddafanii muka irraa gadi bu'anii "Maal sitti himee deeme leencichi ammaa?" jedhanii isa gaafatani. Innis deebisee "Nama yeroo rakkoo si baqatu waliin hin deemiin naan jedhe" jedhee itti himee jedhama. ( 1R gaafa guyyaa (07/08/2016) yadannoon kan fudhatame)

2. **Oduu Durii Jireenya Hawaasummaa Barsiisan**

   **A. Jaldeessa, Qamaleefi kanniisa**

Bara durii jedhan jaldeessa, qamaleefi qanniisa jedhanii afoosha walitti qabu turan. Afoosha kanas dabaree walii naqaniiti abbaan dabaree afooshaa qopheessa ture. Guyyaa gaafa jalqabaa dabareen kan kannisaati. Kanniinsni gaafa dabaree ishee damma ishee irraa booka hojjattee bifa gaariin qopheessitee eegde. Dabareen itti aanuu kan jaldeessaa ture. Jaldeessi, kanniisa ofitti waamee “Waan akka kana mi’aawaafi foolii gaarii qabu kana maal irraa hojjattee?” jedhee gaafate. Kannisnis, dhugaa jirtu “Bobbaa kooti” jettee itti himte. Jaldeessis, guyyaa dabareen afoosha isaa gahuu akkuma kanniisaa bobbaa isaa qopheessee eege. Yeroo dhufanii gara mana isaa seenanii foolii bobbaa isaafuu karaa taa’an dhaban. Kana booda, kannisni aaree jaldeessa oliif gadi ari’ee hiddee fixe. Qamaleen immoo muka gubbaa baatee itti kolfaa “Yaa jaldeessoo! akka hiriyaa badde dheenfa hin badinii kara bishanitti!” jettee gorsinaan innis bishaanitti of darbatee jedhama. (1R gaafa guyyaa (07/08/2016) yaadannoon kan fudhatameedha)

   **B. Waraabessaafi Harree**

Bara durii jedhan,waraabessaafi harreetu “Walitti firoomna” jedhanii walii galan. Kana booda waraabessi akka intala Harree fuudhuf murteessanii kaadhimmatan. Osoo kanaan jiranii guyyaa tokko abbaan waraabessaa jalaa duunan warri harree afooshafi ollaa isaanii hunda ajajatanii warra du`aa kana warra waraabessaa bira dhaqan.  Warra du`aa kana awwaala oolanii achumaan jajjabeessanii galuudhaf warra waraabessaa wajjin gara manatti goran. Erga goranii, “Qarshii waan qabnu harka keessa keenyee jabaadha jennee deemna” jedhanii hasaasanii walitti himan. Yeroo kana haati harree yookan haati soddaa kun “Qarshii bay’ee of harkaa hin qabnu waan ta`eef isaan foon keenya jaalatu foon keenyarraa tokkicha tokkicha haa kutatan” jetteen. Isaanis, yaada ishee kana fudhatanii qaama isaanirraa bakka kutatan waliin mari`atanii “Hidhii keenyarraa haakutatan” jedhanii murteessan.

Murtoo kanas, suuta jedhanii waraabessatti himnaan innis baayyee gammadee “Tole!” jedhee hidhii harrootaa kana tokko tokko irraa kutatee yeroo bakka teessuma isaatti deebi`ee achi ilaalu harroonni hundi waan hidhiin irra hin jirreef waan kolfan fakkatu. Warri waaraabessaa kunis, maal kan ta`uuf abbaa keenya du`ee nutti kolfu jedhanii warra harrootaa kana goodaa keessa olii gad hari`anii hunda isaanii fixan jedhama (Dokmentii waajjira aadaafi tuurizimii aanaa Dandii irraa gaafa guyyaa 10/08/2016) fudhatame

### c. Adurree fi Antuuta

Bara durii jedhan, adureefi antuutatu walitti firoomuu barbaadan. Isaanis, akka wal hin nyaanneefi bakka wal arganittis akka wal hin dheensine waadaa waliif galan. Sirumayyuu firummaa isaanii cimsuuf intala walii fuudhanii warra soddaa akka ta`an walii galtee jabeessan. Warri adduree ilma gahe qabu warri antuutaas intala geessuu waan qabaniif jarri lachuu akka walitti soddooman barbaadani. Warri adurree jaarsa olla walitti qabanii warra antuutatti ergatan. Warri antuutaas waanta keessummaadhaaf barbaachisu hunda qopheeffatanii keessummaa kana simatanii waa`ee gaa`ila ijoollee isaanis dubbatanii keessumaayyuu warri adurree kun qeensa isaanii akka of irraa qoran itti himanii walii galtee isaanii gammachuu guddaadhan xummuranii guyyaa cidhaas beellamatanii galan.

Guyyaan cidhaa kunis, dhihaachaa waan deemef jidduutti warri antuutaa kun mucaa isaanii xiqqaa erganii warri adurree kun maal keessa akka jiran haala isaanis adda baasuuf caalatti immoo warri adurree kun qeensa isaanii akka qoratanis walii galteerra waan jiruuf kana hunda adda baasuuf gara warra adurreetti ergan. Warri antuutaa waan of sodaataniif “Firummaan isaanii kun dhugaadha moo malaan nu fixuuf?” jedhanii waan shakkaniif haala isaanii baruu barbaadan. Haaluma kanaan, mucaan warra antuuta kun akkuma warra isaa biraa gorfamee bahetti warra adurree sana dhaqee balbala irra taa`ee sodaadhumaan keessumaahee qeensa isaaniis haala isaanis hunda adda baafatee yeroo ilaalu waan itti hin tolleef dafee gale. Haata`u malee waanti warri antuutaa kun sodaatan waan oole miti. Mucaan kunis haala isaanii ilaalee galuudhan “Of eeggadhaa yaa warra antuutaa jarri qeensi isaanis keessi isaanis waan jijjiirame miti” jedhe.Kanarraa ka’uun warri hantuutaa walii galanii mataa mataa isaanitiin boolla qotatanii eegan.Yeroo warri adurree sirbaa dhufanii malaan itti siqanii butuuf qeensa isaanii yaasanii itti utaalan warri hantuutaa boolla qopheeffatanitti seenuun jalaa ba’an jedhama. (1 A gaafa guyyaa (10/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

## 3. Oduu Durii Dinagdee Barsiisan

A. Abbaa Warraafi Haadha Warraa Qabeenya Qaban.

Bara durii jedhan, abbaa warraafi haadha warraa qabeenya gar malee qabantu ture. Qabeenyi isaanii baay’achuu irraa kan ka’ee to’achuu hanga dadhabanitti ture. Gaaf tokko, abbaan warraa haadha warraatiin “Jigii kadhadhee irbaata isaanii naaf qopheessii” jedheen. Isheenis, “Tole” jettee hanga gaafa guyyaan hojjatan ga’utti wantoota hojjataaf barbaachisan hunda qopheeffatte. Garuu guyyaa gaafa hojii sana abbaan warraa hojii deeme waan ta’eef, horii tiksuufi irbaata hojjataa qopheessun ishuma ta’e. Haata’umalee hojii kana galmaan gahuuf achi kaatti as kaatti sa’aatiin irbaata hojjataa gahaa jira. Isheen immoo mo’achuu hin dandeenye. Ituma isheen kanaan jirtuu kadhattuun “Mee waa naa kennaa” jechaa gara isheetti dhufte. Isheenis, baay’ee ajaa’ibsiifattee “Ati ammanuma dubbattee

nyaattaa ani muka muka irraan bu'eeyyuu hojjadhee qaqqabsiifachuu dadhabee, mee har'a anuu sii kadhataan oola irbaata hojjataa kana naaf qopheessi" jetteen. Isheen kadhattuunis,"Tole" jettee hojii ishee itti fufte. Isheen haadha qabeenyaa qalqalloo ishee baattee guyyaa guutuu gandarra deemaa ooltee. Isheen kadhattuun, yeroo hojjataan xumuree gara manaatti galu waan hundaa qopheessitee eegde. Abbaan warraa dura gara manaa dhufee yoo ishee waamu haati warraa hin jirtu. Kan mana jiru ishee Kadhattuudha. Yeroo inni 'Eessa dhaqxe" jedhee gaafatu waan jiru maraa itti himte. Innis, caljedhee hojjataa isaati irbaata laatee gaggeessee manatti ol deebi'e. Kana booda, isheen Kadhaa baatee guyyaa guutuu raafamaa oltee waan dur hin barre beelaan waxalamtee kan dadhabde gara mana ishee dhufte. Yeroo isheen dhuftu abbaan warraa gadi ba'ee "Inni mana kootii siif hin ta'u, isuma filatte waliin ba'i!" jedhee ari'ee ishee kadhattuu hojii wal qixxeessiteefitti hafee jedhama. (2A gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

### A. Waayimaa (qaalluu)

Bara durii jedhan, nama waan barri fidu raagee himu yookaan qaalluu tokkotu jira. Innis, yeroo hundumaa barri yoo jijjiiramu waan barri baatee dhufu ni hima. Barichis akkasuma ta'a. Namichis, umuriin isaa geenyaan ni du'e. Namichi kun ilma tokkicha qaba. yeroo barri haaraan seenuuf jedhu, mootiin bara sana bulchaa jiru "Ilma namichaa fidaa waan barri kun ta'u haa raaguu" jedhee itti erge. Namichis,"Abbaa kootuu raaga malee ana mitii" jedhee dide. Dirqamsiisanii jennaan "Tole" jedhe. Guyyaan inni raaguuf dhaqu geenyaan, "Maaliin hima?" jedhee guddaa osoo dhiphatuu karaa bu'e. Utuu deemuu jeedala tokkotti dhufe dhimma deemuuf itti hime. Isheenis, kanatu si yaaddessaaree jettee mala malteef "Barri kun bara waraanati jedhi! yeroo achii baate immoo ofiidhuma keetii lola kaasi" jetteen. Innis, mootii biratti olseenee "Mootii barri kun baay'ee sodaachisaadha bara waraanatii" jedheenii isaa biraa ba'ee ofuma isaati lola kaasee yeroo deebi'ee jeedala bira gahu ishee rukuchuudhaa meeshaa yoo inni itti sirreeffatu isheen boollatti seentee jalaa milqxe. Ammas, barri nanna'ee dhufee jennaan mootiin akka inni dhufee raaguuf ajaja baasee. Innis,jeedala gaaf sana isa qajeelchite barbaacha eegalee. Utuu karaa deemaa jiruu jeedala gaaf sanaatti dhufe.

Isheenis,kanatu si dhiphiseeree, "Barri kun bara beelaati jedhiitii ofiidhuma keetii maasii namaa keessaa miidhaan gubii fixi!" jetteen. Innis, akkuma isheen jetteen jedhee ba'ee midhaan lafarraa balleessuu jalqabe. Bara sana keessa namni waan nyaatu dhabee beelaan miidhame. Barri naanna'ee dhufnaan ammas mootiin akka inni deebi'ee dhufuuf ajaja baase. Namichis, jeedala barbaaduu jalqabe. Utuu ishee barbaadaa jiru itti dhuftee jennaan "Yaa jeedoo bara kana immoo maalan jedhaan?" jedhee ishee gaafate. Jeedallis,"barri kun immoo bara quufati jedhiin" jetteen. Innis, akkasuma jedhee barichi akka bara quufaa ta'e haa jedhaniif waan qabus kannamaas akka mana

mootii dhaqu godhe. Mootinis, badhaasa kenneef. Badhaasa isaa fudhatee jeedalaa hoolaa bitee qaleefii gale. Ammas, barri naanna'ee yeroo dhufu mootiin akka inni deebi'ee raaguuf ajaja baase. Innis, karaa bu'ee jeedala barbaadu jalqabe. Jeedallis, itti dhufnaan jeedaloo "Bara isa kana hoo maalan jedha?" jedheen. Isheenis,"Barri inni kun bara araarati" jedhiin jetteen. Namichis, mootii bira deemee yaa mootii barri kun bara araaraati jedheenii mootii biraa erga deemee jeedala bira dhaqee yaa jeedoo isan osoo ati karaa natti agarsiiftuu si ajjeesudhaaf si ari'adhe sana naaf dhiisi jedheen. Isheenis, "Tolee yaa namichoo kan waraana fides numaa kan beela fides numaa kan quufa fides numaa kan araara fidus numaa rakkoo hin qabu koottu ni araaramnaa" jetteen jedhama.(1T, gaafa guyaa, (02/08/2016) yaadannoon kana fudhatame)

4. **Jaalala, Obsa Qabaachuu, Waldanda'uufi Wal Deeggaruu Dhaloota Barsiisa**
   A. Maatii Hiyyeessaafi Maatii Soreessa Ollaa Walii Jiraatan

Bara durii jedhan, maatii hiyyeessaafi maatii soressa tokkotuu ollaa walii jiraata ture. Mana tokko keessa abbaa qabeenyaa dubara baay'ee miidhagdu qabutu jiraata. Namichi sooressi kun, dubara sana malee ijoollee biraa hin qabu. Sababa kanaaf, hamma bahee galu ishuma ija keessa ilaala. Ollaa isaanii immoo haadhaa fi gurbaa hiyyeessa abbaa hin qabne kan baay'ee gabaabaa mataa guddatuufi miilli isaa 'shafoo' ta'e tokkotu jiraata ture. Innis, abshaalaafi nama waan hundaa obsu ture. Gurbaan kun intala namicha kanaa yaadaan qabeera. Intalaaf, waraqaan kaadhimaa guyyaa guyyaadhaan kallattii garaa garaatii dhufa. Haata'umalee, abbaan intalaa tokkittii kana waan qabuuf akkasumas namuusaan waan guddiseef ilma abbaa qabeenyaafi nama bareedaatti heerumsiifachuu barbaada. Garuu, ulaagaa barbaade argachuu waan hin dandeenyeef tole hin jedhu.

Gurbaan ollaa jiru kunis, namaan mari'achuu haa baatuu malee guyyaa tokko waa'ee isheetiif ciisee bulee hin beeku. Gaaf tokko haadha isaa waamee teessisee " Intalli abbaa qabeenyaa kun natti bareeddee fuudhuun barbaadaa" jedheen. Haati mucaa garuu, iyyummaafi bifa ilma ishee kana tuffattee" haa..haa…haa… " jettee itti kofaltee "Namicha nama akka bishaanitti yaa'u kanatti heerumsiisuu didetu sitti herumsiisaa" jettee itti qooste. Inni garuu, abdii kutachuu hin dandeenye. Guyyaa biraas, deebi'ee haadha isaa marisise. Haati isaas, "Tole ilma koo yoo si kenneefoo waraqata itti ergadhu" jetteen. Gurbaanis, waraqata barreessee abbaa mucayootti geessee kenne. Abbaan intalaa, nama biraatu isa ergate jedhee "Ati immoo maal fidde qucuraa" jedhee harkaa fuudhee yeroo dubbisuu waraqatichis intala kee naaf kenni kan jedhuudha. Qucuraan maqaa tuffii mucicha ollaan ittiin waamudha. Abbaan intalaas, " haa…haa…haa.. " jedhee kolfeet "Intala koo fuudhi" jedheen.

Gurbaanis, baay’ee gammadee haadha isaa bira dhaqe “Abbaan intalaa fuudhi naan jedheeraa dafii cidha koo naaf qopheessi“ jedheen. Isheenis, baay’ee gammaddee cidha raawwatteefi fusifte. Gurbaanis, guyyaa gaafa fuudhee manatti galfatee ka’ee manaa baasee hin beeku. Kunis, yoon mana baasee intalli ni bareeddi waan ta’eef namatu najalaa fudhatee bada jedhee bishaan isatu waraabaa qoraan isatu guura waan isheen hojjachuuf maltu hunda ofii isaatiif hojjata. Yeroo manaa bahu isheetti balbala cufee baha. Guyyaa tokko firri isaa duunaan tasa dhaga’ee balbala osoo hin cufin bahe. Intallis, balbala banaa argattee ollaa bira dhaqxee rakkoo ishee itti himatte. Warri isheen rakkoo ishee itti himatte kunis, “Galiitii na dhukkuba jedhii ciisii yeroo inni dhufe mana yaalaa na geessii ani danda’ee hin deemuu oollaan naa haa baatuu jedhiin achumaan si fudhannee bannaa” jedhaniin. Isheenis, akkuma isaan jedhaniin goote. Gurbaanis,”Erga dhukkubsatte ka’ii mana yaalaan si geessaa”jedheen. Isheenis, ”Danda’ee hin deemuu warri ollaa naa haa baatanii” jetteen. Innis,”Lakki anumatu si baatee si geessaa ka’ii” jedhee miilla isheetii hanga mataatti wayyaa itti maree dugda isaatti baatee gara mana yaalaa geese.Yeroo mana yaalaa gahan “Hanga dabareen gahutti na buusii” jetteen. Gurbichis, “Lakkii namni si argee narraa si fudhataa sin buusuu” jedheen. Utuu kanaan jiranuu dabareen ishee gahee jennaan ogeessi fayyaa waame. Gurbichis, baatee geese. Ogeessi fayyaa, “Dugda keerraa buusii teessisii ba’ii ala turi“ jedheen. Gurbichis, “Lakki anuma irratti yaalaa” jedhee buusuu didee baatee dhaabbate. Ogeessis,”Maalshee dhukkuba”? jedhee gaafate. Innis, “Mataa isheeti“ jedheen. Qoricha mataa fuudheefi baattatee osoo namni tokkollee hin argin fudhatee galee umurii isaa guutuu waliin jiraatee jedhama. (Dokimentii Waajjiraa Aadaafi Tuurizimii aanaa Ejeree irraa gaafa guyyaa (13/08/2016) Kan Fudhatame)

### A. Ijoollee Haadha Hin Qabne Lamaan

Bara durii jedhan, abbaa warraafi haadha warraa ijoollee lama qabantu waliin jiraataa ture. Utuu waliin jiraataa jiranuu haatii ijoollee lamaan abbaa isaanitti gattee duute. Abbaan ijoollee, yeroon booda dubartii biraa fuudhee.Isheenis,ijoollee kana jibbitee guyyaa guyyaadhaan reebdii. Abbaan ijoollee isaa kana mala ittiin jiraachisu malatee “Fira biran geessa” jedhee fuudhee mana bahee yeroo isheen manaa baatee bishaan waraabuu deemtu dhoksee galchee dogoogoo baaqilaa qabu keessa buusee. Yeroo isheen dhuftuu, “Ayyaana abbaa koon kabajaa bixxillee tolchii dhadhaan makii gumbii kana keessa bishaan wulleettii naqii waliin buusi yeroo buustu immoo ijaan hin ilaaliin ayyaanni abbaa koo ija si jaamsaa” jedheen. Isheenis, akkuma inni itti himetti raawwatte.

Gaaf tokko dubartoota olla waliin otoo taa’anii hasa’aa jiranuu, ”Abbaan warraa koo bixxillee tolchii dhadhaan makii gumbii keessa bishaan wullee waliin guyyaa guyyaan buusii ayyaana abbaa koon sooraa naan jedhaa anis guyyaa guyyaadhaniin bixxillee gumbii keessa buusaa“ jettee ollaa ishee

kanatti odeessite. Warri ollaa sunis, mee akkas godhi jedhanii gorsan ” Kana booda bixxillee miti bishaan danfisii gadi itti naqii” jedhaniin. Isheenis, akkuma warri ollaa sun ishee gorsan goote. Yeroo isheen bishaan danfistee gadi itti naqxuu, ijoolleen qarqara qarqaratti jalaa siqanii isheen walakkaa midhaanitti naqxe. Bishaan danfaan sun baaqilaa sana laaffiseefi isa nyaataa turan. Guyyaa biraa, utuu isheen akkas gootu argee ijoollee achi keessaa baasee galaa isaanii waliin fudhatee deeme. Sadan isaanituu utuu deemaa jiranii itti dhiinaan muka wayii jala ciisani. Abbaan isaanis, ijoollee lamaan gidduu ciisee yeroo muguu isaani argu muka gudeelcha gidduu isaanii ciibsee gate irraa deeme.

Halkaan walakkaa yeroo ta’u ijoollee sanatti waraabessi itti dhufe. Ijoollee lamaan keessaa, isheen hangafaa abshaala waan taateef itillee irra ciisaan xixiqqeessitee kuttee kuttee waraabessatti utuu darbattu itilleen jalaa dhumnaan kophee miilla ishee irraa fuutee itti darbatte. Waraabessis, utuu qophee intalaa qorquu itti barinaan irraa sokke. Ijoolleen sunis,achii ka’anii utuu deemaa jiranuu qilxuu guddaa tokkotti dhufanii “Yaa qilxuu nana mana nuuf ta’ii” jedhanin. Qilxuun guddaan sunis, mana ta’eef. Ollaa qilxuu sanaa kan jiru immoo bulguu horii baay’eefi mana bareeda qabu tokko ture.

Isheen guddoon yeroo bulguun horii isaa bishaan obaasuuf deemuu suuta jettee dhokattee mana isaa lixxee aannan itittuu jalaa naqattee galti. Intalli isheen qixisuun, obboleetti isheetiin “Ati yeroo hundumaa deemtee itittuu nuu fiddee dhuftaa har’a anuu nan deemaa” jettee rakkiste. Isheenis,”Lakkii utuu ati mana keessa oliif gadi deemtee yaa mana isa jettuu bulguun sitti deebi’ee dhufaa hin deeminii!” jetteen. Isheen diddee dhaqxe. Akkuma isheen jette utuu mana keessa oliif gadi nannoftee “Hi,hi,hi.yaa mana isaa utubaa sibiilaa qaba“ jettuu ol itti seene. Innis, baay’ee gammadee qeensa ishee irraa qoree,mataa irraa aadee, qalqalloo keessa kaa’e, bishaan gaanitti ibidda irra kaa’e horii isaa galfachuu deeme. Isheen guddoon, kaattee dhuftee obboleettii ishee qalqalloo keessaa fuutee dhakaa guddaa qalqalloo keessa keessee obboleettii ishee fudhattee galte. Yeroon geenyaan bulguun horii isaa galchee ibidda bira taa’ee ulee isaatiin udduu qalaqalloo tumataa/yookaan rurrukutaa “Nyamu....nyamuu... koo... har’a anumatu si nyaataa” jedhee utuu itti qoosuu dhakaan gubbaa irraa itti bu’ee dhoosee ajjeese. Ganama isheen abshaallii suuta jettee yeroo dhuftee ilaaltu inni du’ee ciisa. Isheenis gottottee baastee gatte.

Kana booda, qabeenyi bulguun sun qabu hunduu kan isaanii ta’ee ittiin jiraachuu jalqaban. Guyyaa tokko, intalli isheen qixisuun obbolleetti ishee guddoodhaan Ati yeroo mara laga buutee bishaan waraabda har’a immoo anatu dhaqee waraaba jetteen. Obbooleettiin isheen guddoon garuu “Lakkii atii okkotee dhiqxee lagatti gadi naqxeeti gaadduun si wajjin galtii anuu nan deemaa jetteen. Isheen,

“Lakki hin naqu” jettee waadaa galtee laga bishaan waraabuu buute.Yeroo laga geessuu, bishaan waraabuuf jettee irraanfattee okkotee dhiqxee lagatti naqxe. Yeroo isheen mana geessu gaadduun sagal waliin dhufte. Obboleettiin, isheen guddoon warra intala wajjin dhufan nyaachiftee obaaftee saddeettan saanii walitti hiitee raffistee isa tokko qophaa isaa raffiste. Halkan walakkaa yeroo ta’u warri walitti hidhamanii jiran utuu gadi na dhiisi jedhanii wal lolanuu wal fixanii inni qophaa isaa raffiste abbaa warraa ta’eefi hafee jedhama. (1D (05/08/2016) yaadannoodhaan kan fudhatame)

5. **Oduu Durii Gootummaa Agarsiisan**

**B. Haadholii Sadan Ijoollen Isaanii Duula Deeman**

Bara durii haadholii sadiituu Ganda tokko keessa jiraachaa ture. Haadholiin sadan kun ijoollee dhiiraa tokko tokko qabu. Guyyaa tokko mootummaan bara sanaa waraana biyya biraa irraa isatti ka`e qolachuuf jecha dargaggoota biyya keessa jiran dirqamaan qabee gara waraanatti ergaa ture. Haluma kanaan dargaggoota hadholii kana sadaniis qabee gara waraanatti erginaan haati dargaggota kanaas garmalee boo`anii dhiisuu didan. Yeroo kana jaarsii beekan ollaa isaanii tokko gara isaanii dhaqee“Maaliif boochu?” jedhee gaafate.

Haadholiin sadan kunis waan isaan boochisu tokko tokkoon itti himatan. Yeroo kana jaarsi kun haadha ishee tokkoon “Ilmi kee kan akkamiiti?” jedhee gaafate. Haati kunis, “Ilmii koo goota beekkamaadha waraana irraa duubatti hin jedhu itti deeme na jalaa du`a jedheen booha” jettee itti himatte. Jaarsi kunis “Ati hin boo`in gootni ajjeesuu malee yoom du`ee beeka ammaa diina ajjeesee siif gala” jedhee jajjabeesse. Haadha ishee lammaffaas maalif akka boochu gaafannaan isheenis kanauma itti himatte “Ilmi kee kan akkamiiti?”jedhee gaafate. Haati kunis, “Ilmi kiyya sodaataa du`aadha waraanatti hin siqu osoo duuba deemuu abbaan ta`e dhahee na jalaa ajjeesa“ jettee boo`ichumaan itti himatte.

Jaarsi kunis, “Atis hin boo`in sodaatan bakka waraanaa yoom dhaqee beeka ilmi kee amma siif gala hin boo`in” jedhee jajjabeesse. Bifuma kanaan haadha ishee sadaffaa kanas gaafannaan isheenis akkuma jara kaanii waan ishee boochisu itti himatte. Jaarsi kun “Ilmi kee hoo kan akkamiiti?” jedhee gaafannaan isheen immoo“Ilmi kiyya gootas miti sodataas miti garlameedha dhaqumoo dhiisu jedhee osoo yaadan rakkatuu jidduutti najalaa du`a jedheen boo’a “ jettee itti himatte. Jaarsi kunis, “Ati illee dhugaa qabda jabaadhuu boohi yaa haadha ilma garaa lamaa jedheen jedhama. (1B gaafa guyyaa, 10/08/2016) yaadannoon kan fudhatame)

6.**Oduu Durii Goowuummaa Agarsiisan**

**A. Haadha Warraa Fi Abbaa Warraa Gowwaa**

Bara durii jedhan, abbaatu ilma isaatiin "Yaa ilma koo haadha warraan si fusisaa fuudhii" jedheen. Innis,"Tole" jedhee haadha warraa fuudhee waliin jiraachuu jalqaban. Hamma waliin jiraatan sanatti guyyaa tokko bira gahee hin beeku. Kana booda, haati warraa isaa haadha ishee bira deemtee waan jiru hundaa itti himte. Haatis, "Yaa intala koo galii fuldura isaa taa'ii yeroo argee innuu waa siin jedhaa" jetteen. Intalliis, akkuma haati jetteen goote. Galgala utuu ibidda bira taa'aa jiranuu argee "Mali maltu si rukute akkas si godhe?" jedhee gaafate. Isheenis, umtuu na hin rukunnee uumamumaa jettee waan jiru hundaa akka haati ishee gorsitetti hubachiiftee jennaan bira gahee arge. Barii isaa ka'anii gara mana warra ishee dhaqani. Intallis, gorsa haati ishee itti himte sana raawwachuu haadhatti himte. Inni abbaa warraa immoo, waanta arge sana utuu afaan isaa keessaa hin buune karaa yeroo deemuus, abbaa mucayyoo bira taa'ees "Mi'ooftuu!… mi'ooftuu!" jedhee dubbata. Abbaan intalaa "Maal jedhaa gurbaan?" jedhee haadha intalaa gaafate. Haatis,"Dhiisaa inni wanuma arge haasa'a" jette. Inni immoo, lakki mee! "Ishee mi'ooftuu halkan edaa naaf kennite sana abbaa dhafis haa kennitu jedheenii!" jedhe. Utuu kanaan jiranuu intalli garaatti baattee ilma deesseef. Innis, baay'ee gammade gara warra ishee dhaqee itti hime. Haati intalaa/amaatiin isaa "Yaa ilma koo maal siif deesse?" jettee gaafatte. Innis,"Dhiira argannee" jedhee itti hime. Amaatiin isaas, "Ishoo marree boru eegee sangaatti hidhattanii" jetteen. Yeroo kana dhaga'u dafe gara mana isaatti deebi'ee haadha warraa isaatti waan haatii ishee jetteen hime. Isheenis,"Tole" jettee nyaata kenniteefi jennaan mucaan nyaata afaan banee fudhachuu dinnaan "Horii tiksuu dheenfa nyaata diddaa?" jetteen. Abbaanis, rukutaa geessee harka isaa eegee sangaatti hidhee bobbaase.

Sangaan galgala gara manaatti yommuu galu harka mucaa qofa fuudhee gale. Namichis aaree,"Ofii isaatii taphatti goree harka isaa qofa natti ergaa" jedhee rukuchuuf barbaacha ba'e. Utuu deemuu mucaa du'aa mixiin afaanitti nam'ite argee "Ani sin barbaadaa ati as ciifteet nuugii namaa nyaattaa?" jedhee achitti mucaa du'aa rukutee. Isa mucaa godhan hundumaa yeroo dhaqee amaatitti odeessu amaatiin aartee "Badi asii! isin warra badu" jetteen. Innis, galee haadha warraatiin "Amaatiin koo badaa isin warra badu nuun jettee ka'ii! hin bannaa gala nuuf qopheessii!" jedheen .Isheenis,galaa garbuu akooftee daakkatanii fudhatanii baduuf karaarra bu'ani. Utuu deemanuu laga tokkotti dhufani "Beelofneerra gala keenya bishaan kanaan laaffisii nuuf kennii!" jedheen. Isheenis, daakuu abootteedhaan fuutee bishaanitti gadi naxxi. Bishaan fudhatee adeema. Ammas, inuma itti dabalti fudhatee deema. Daakicha yeroo fixxu "Achi gadi bu'ee nyaachuuf na jalaa fudhatee deemaa" jettee bishaanitti gadi of darbatte. Abbaan warraa yeroo gadi ilaalu bishaan keessa ciifti. Innis "Ani

beela'een as taa'aa isheen bishaan keessa ciiftee bassoo dhugdii" jedhee dhakaa fuudhee yoo gadi itti darbatu dhakaan mataa tarsaasee jennaan bishaan dhiiga ol darbate. Innis,"Surumaa barbaree itti naqattee bassoo dhugdii?" jedheet gadi itti of darbate.Isaan lamaanuu akkasittiin dhumanii jedhama (2A gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

**A. Jaldeessaafi Qamalee**

Bara durii jedhan, jaldeessifi qamaleen utuu waliin taphataa jiranuu qamaleen jaldeessaan "Ani boolla kana keessaan bu'a as keessatti ibidda natti qabsiisi" jetteen. Jaldeessiis akkuma isheen jetteen "Kottuu bolla seeni egaa" jedheenii erga isheen seentee fura yookaan cidii gadi itti firfirsee ibidda fudhachuu ollaa deeme.Yeroo inni ibiddaaf deemu suuta jettee achi keessaa baatee muka gubbaatti ol baate. Jaldeessis, qamaleen achi keessa jirti jedhee ibidda itti kaa'ee oliif gadi utaalee gammada. Erga ibiddi dhumee "Jaldeessoo asan jiraa!" jetteen. Innis, baay'ee rifatee "Qamuu eessan baatee?" jedheenii gaafate. Isheenis,"Kara aarri qal'oon baatu sana keessaniin ba'e" jetteen. Jaldeessis, Amma immoo dabareen kan kootii anis aara qal'oo sana keessaniin ba'a natti qabsiisi!"jedhee boollatti yommuu seenu qamaleen ibidda itti qabsiiftee achi keessatti gubdee ajjeeftee jedhama. (1Dirribii Kitaabaa gaafa guyyaa (12/08/2016) yaadannoodhaan kan fudhatame)

**6. Oduu Durii Gamnummaa agarsiisam**

**A. Qamaleefi Leenca**

Bara duri jedhani, qamaleefi leencatuu naannoo tokko ture. Lamaan isaanituu utuu deemaa jiranuu, leencii sangaa argate. Qamaleen immoo harree argatte. Qamaleen harree ishee yeroo rukuttu daaratu irraa bunnisa. Isheenis, "Argitanii obboo leencoo cooma ishee akkatti inni irraa ol bunnisu" jetteen. Leencis, kana yoo argu sangaa isaa rukute. Sangaa isaa irraa umtuu hin bunnisu. Leenciis, aaree "Fidi kan keen fudhadhaa " jedhee harree qamalee fudhate. Qamaleenis,"Tole fudhaa" jettee ofii isheetii sangaa fudhatte. Lamaan isaanituu, qalachuudhaaf aaduu barbaacha deeman. Qamaleen baallee Joobiraa baay'ee argatte. Leenci immoo aaduu sibiilaa tokko qofa argate. Qamaleen immoo, baallee joobiraa bobaa ishee jalatti heddu baattee "Ilaa obboo leencoo yoo tokko na dide tokkoon sharaf tokko yoo dide tokkoon sharafin godha" jettee itti himti. Innis, isheen aaduu heddu of harkaa qabdii ani akkamitti tokkitti baadhee taa'a jedhee "Fidi dafiitii" jedheen. Isheenis, laboobaa joobiraa itti kennitee aaduu ishee fudhatte. Lamaanuu qalachuu jalqaban. Qamaleen, aadudhaan qalti waan ta'eef daftee qalattee foon ishee manatti guurrattee leenca bira dhaxxee "Qaltanii hin findhee" jetteen. Leenci immoo, laboobaa joobiraa tokko tokkoon osoo itti riguu utuu hin qalatin ture waan ta'ee sababa tureef itti hime. Kana booda, qamaleen aaduu fiddeefi foon qalee "Koottuu manatti ol naaf

guuri” jedheen. Isheenis,”Tole“ jettee foon gara mana isaa dhiistee gara mana ofiitti guurtee fixxe. Haati warraa leencaa immoo ulfaa dadhabduudha mana keessa ciifti.

Qamaleen dhiiga afaan isheetti dibde biraa baate. Yeroo xumuree nyaachuuf gara mana isaa dhufu foonichi hin jiru. Qamalee “Meerre foon ati manatti ol naaf guurte?” jedhee gaafate. Isheenis, deebistee “Anoo asuman kaa’e obboo leencoo kunoo afaan koos ilaalaa dhiiga hin qabu garaa koos amma isheen geessu ilaalaa afaan haadha warraa keessaniirra dhiigatu jira. Garaan ishees amma ga’u isheetu nyaate ta’uu hin oolu obboo leenco” jetteen. Leencis, achumaa utaalee haadha warraa isaa ciree ulfa ishee waliin ajjeese. Kana booda qamalee daftee gara mana isheetti deebitee boolla qottee eeboo keessa dhadhaabdee akka hin mul’anneetti dhoksitee teessoo obboo leencoof irra keessee gara mana isaa deemtee waamtee “Koottaa foon mana kootuu jiraa isa nyaadhaa” jetteen. Obboo leencoonis, “Tole” jedhee gara mana ishee yeroo dhaqu boolla keessa bu’ee eeboon wawwaraanee ajjeese. Kana booda qamaleen waraabessa waamtee lafee kenniteefi osoo inni lafee nyaachaa jiruu dhoksitee eegee leencaa eegee waraabessaatti hodhite. Waraabessaan,“Osoo obboo leencoon sitti dhufee maal gootaa?” jettee gaafatte. Waraabessis, ”Ayyallaan ayyallaa hin jedhuu ba’een jalaa fiigee badaa” jedheen. Qamaleenis,” Waraabo duuba kee ilaali mee obboo leencoo” jetteen. Waraabessis, deebi’ee duuba isaa yommuu ilaalu leenci eegee isaarratti hodhamee jira. Waraabessi rifatee reenfa leencichaa fuudhee ayyallaatti bade jedhama. (1B gaafa guyyaa 02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

A.**Waraabessa, Leencaafi Qamalee**

Bara durii jedhan, qamaleetu laga bu’ee bishaan dhugee utuu galuuf deemtuu leenci itti dhufee”Eessaa deemta qamalee?” jedhee gaafate. Qamaleenis,”Biyya baalan fixxoo” jetteen. Leencis,”Eessaree baalli ati baattu?” jennaan qamaleen “Utuun fiiguu narraa bu’ee bade” jetteen. Guyyaa biraas, akkuma kanaan duraa qamaleen laga buutee bishaan ishee dhugdee utuu galuu deemtuu leenci itti dhufee “Essaa deemtaa qamalee?” jedhee gaafannaan “Biyya baalaan fixxoo” jetteen. Leenci aaree akkuma kanaan duraa na sobdee darbuufi jedhee qamalee mukatti hidhee goraa ittiin rukutu barbaacha deeme. Utuu qamaleen hidhaa jirtuu waraabessi itti dhufee “Maali qamalee eenyutu asitti si hidhee ?” jedhee gaafate. Qamaleenis,”Obboo leencootu cooma nyaattaa asumatti na eegii naan jedhanii cooma naa fiduu dhaqan” jetteen. Qamaleen waraabeessan, “Kan koo garaan xiqqoodhaa kan kee guddaadhaa yeroo obboo leencoon cooma naaf fidan nyaatta koottuu asitti eegii” jetteen. Waraabessiis dhuguma se’ee “Tole” jedhee ishee hiikee ofii isaati hidhaa seene.

Leenci yeroo goraa fidatee dhufu waraabessi hidhaa jira. Leencis,waraabessaan “Ati immoo maal asii goota?” jedhee gaafate. Waraabessiis, ”Aaddee qamaleetu cooma nyaattaa obboo leencoon cooma

naa fiduu dhaqanii jettee asitti na hiitee deemtee” jedheen. Leencis,”Coomni qamaleen nyaattu kana” jedhee goraadhan dhaqna isaa duguugee fixe. Waraabessis, “Yaa qamalee ani gubadhe jedhee yoo gara isheetti iyyu qamaleen immoo, “Dhaqii goodaa gurraattii sanatti gangaladhu” jetteen. Inni ammas, dhuguma jette jedhee dhaqee yoo itti gangalatu mixiin gurraattiin itti nam’ite. Ammas,”Yaa qamalee ani gubadhe” jedhee gara isheetti iyye. Qamaleenis,”Dhaqii dirree diimtuu sanatti gangaladhu” jetteen. Yeroo dirree diimtuu irratti gangalatu mixiin diimtuun itti nam’ite. Ammas deebisee “Yaa qamalee ani gubadhe jedhee itti iyyate isheenis, “Laga fuldura kee jiru sanatti of darbadhu jetteen jedhama. (2C gaafa guyyaa (11/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

### B. Leencaafi Waraabessa

Bara durii jedhan,waraabessaafi leencatu ture. Leenci sangaa qaba, waraabessi immoo sa’a qaba. Lamaan isaanii otoo waliin jiraatanii dabaree dabareedhaan horii tiksu. Gaafa tokkoo guyyaa dabaree leencaa saani warabessaa dhalte. Leencis, obbaatii sa’aa sangaa isaa dibee “Sangaa kootu dhale” jedhe. Waraabessi immoo “Akkamitti sangaan dhala sa’a kootu dhale malee” jedhe. Lamaan isaaniyyuu walii galuu dadhabnaan dhugaa isaan qaban kana akka ilaalamuuf bineensota bosona keessa jiraatan jaarsumaa waammatan. Bineensota jaarsummaaf waamama keessaa qamaleen yeroo dabarsitee dhufte. Obboo leencoonis, “jaarsummaa koo tuffatte malee akkamitti barfattee dhufte“ jedhee qamalee gaafate. Qamaleenis, “Dhiifama naaf godhaa obboo leencoo lafatu tarsa’e jennaan hangan hodhuttin ture” jetteen. Obboo leencoonis, “Duruu lafti hodhamaa” jedhee qamalee gaafate. Qamaleenis, “Obboo leencoo duruu sangaan dhalaa?” jette muka korte jedhama. (2B gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbii kan fudhatame)

## 7. Oduu Durii Miidhaa Gorsa Diduun Fidu Agasiisan

### A. Harreefi saree

Bara durii jedhan, harreefi sareen biyya tokko keessa waliin jiraataa turan. Otuma waliin jiraatanuu gaaf tokko biyyaa bahanii deemani. Utuu deemaa jiranuu, aduun isaanitti dhiitee jennaan,boqachuuf marga lalisaa tokkotti goran. Harreen margicha cirachuutti gadi teesse. Sareenis, beelofte waan ta’eef cinaa harree marmarattee ciifte. Harreen marga ishee cirattee, cirattee garmalee quufnan, “Yaa saree margi garaa na afuufee tokkicha alaakee afuura baafadhuu?” jetteen. Sareenis, “Lakki yaa harree akkuma ta’etti danda’iitii obsi malee, yoo ati alaaktu sagalee kee dhaga’eet waraabessi nutti dhufaa” jetteen. Garuu, harreen obsuu hin dandeenye waan ta’eef, “Afuura baafachuun qaba,” jetteetu sareetti wixxifte. “Egaa jettee sagalee gadi qabadhuutii afuura baafadhu,” jetteen sareen. Harreen garuu akka ofii barbaaddetti tokkicha alaaktee afuura baafatte. “Ammas dabaluu?” jetteen harreen sareedhaan. “Egaa ani amma hinbeeku sigorseeraa, kana caalaa ani keessaa hinqabu. Garuu, “ammas akkuma

ta’etti obsin siin jedha!” jetteen sareen. Haata’u malee, ammas harreen gorsa saree hindhageenye. “Wanti dhufu haa dhufu malee ani bokokee hindu’u,” jetteeti harreen alaakatti kaate.

Akkuma sareen sodaatte, battaluma sana waraabessi sagalee harree dhaga’uudhaan gulufee dhufee yeroo isaan bira gahuu harreen gurra ishee qar gootee ilaalte. Waraabessis, “Harreedhaan gaanfa kee kanaa malee silaa hin xaphannaa“ jedheen. Isheen immoo, gurra ishii sana akka gaanfa hin taane asii achi raaftee “Kun gaanfaa mitii gurraa” jetteen. Waraabessis, gaafa kana dhaga’u jala seenee garaa jigse. Xiqqoo turee immoo yoo asifi achi ilaalu, cinaa harree sareen nijirti. “Ati maal asii gootaa?” jedhee waraabessi saree gaafate. Sareenis, “Yaa gooftaa koo! harree faana duulletan biyyaa bahee asi jira,” jetteen. Waraabessis sareedhaan, “Koottuu foon ishee gosa gosaan baasi!” jedheen. Sareen daftee, “Tole gooftaa koo!” jetteen. Garuu,”Onnee harree anaaf olkaa’i! foon hafe hunduu kanuma keeti,” jedheeti waraabessi saree ajajee, gara jiruusaatti deeme. Akkanatti lubbuu ishii bira waraabessi darbuun baay’ee waan ishii gammachiiseef, sareen rakkoo malee hojii ajajamte onnee guutuun jalqabdee xumurte. Sareenis erga hojii ishii xumurtee booda, onnee olkaayi jedhamte sana ofiif nyaatte. Waraabessi iddoo dhimma isaa gahatee gara sareetti deebi’e. Innis, “Saree, kanan siin jedhe sana baaftee?” jedheen. “Maaloo yaa gooftaa koo! foon isin jettan sana anillee baasera. Garuu, onnee isin jettan sana harreen of keessaa hin qabdu. Otoo onnee qabaattee harreen maaliif yeroon ani gorsu sana gorsa koo diddiiyyu?” jette sareen waraabessaan jedhama. ( 1B gaafa guyyaa (10/08/2016) yaadannoon kan fudhatame)

## 8. Oduu durii Yeroo Jaarsummaa Taa’an Itti fayyadaman

### A. Waaqaafi Jaarsa

Bara durii jedhan, waaqatuu waan afur uumee “Gurguri” jedhee jaarsatti kenne. Waanti arfan jaarsatti kennaman kunis, cubbuu, kakuu, ganuufi dhugaadha. Jaarsiis, ajaja fudhatee gurguruuf gabaa ba’e. Yeroo gabaa ga’u, cubbuu, abukaattootti gurgure. Kakuu, daldaltotatti gurgure. Ganuu, dubartiitti gurgure. Dhugaa immoo, nama irraa bitu dhabee fuudhee gale. Guyyaa tokko,ammas Waaqnifi jaarsi walitti dhufan. Waaqnis, jaarsan “Adaraan sitti kenne sana maal gootee?“ jedhee gaafate. Jaarsis,”warren natti kenname keessaa cubbuu, kakuufi ganuu gurgureeraa tokkicha dhugaa qofatu narkatti hafee” jedheen. Waaqnis, deebisee jaarsichaan “Dhugaan hanga gaafa abbaan itti argamutti suma harka haa teechuu” jedheenit dhugaa jaarsa harkatti dhiisee jedhama.(1Q gaafa guyyaa (05/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

### Waaqa, Lafaafi Hattuu

Bara durii jedhan qamalee, jaldeessa, billisa, waaqa, lafaafi hattuu tokko jedhanii bakka tokko waliin jiraatu turan. Gaafa tokko “Yaa waaqaafi lafa nanaa qe’ee koo naaf eegaa hamman iddoo tokko ga’ee

deebi’utti!“jedhee isaan keessaa inni tokko horii isaa waaqaafi lafatti kennatee deeme. Inni hattichi isa jala gargalee qe’eedhaa deeme jedhee horii isaa jalaa hoofee deeme. Horii hatee hooffatee deeme kana waaqni hin arga lafti hin arga lafa ittiin dhaqu dhabe. Namichi inni abbaa horii “Anii isin amnadhee isinitti kennadhee deemenii hattuun horii koo na jalaa fudhattee?” jedhee waaqaafi lafa gaafate. Isaanis, “Dhiisi laftis ani asan jiraa waaqnis gubbaa gadi ilaalaa eessa dhaqa nujalaa jedhanii” hatticha gubbaadhaa waaqni qabee laftis ofirratti qabee horii nama jalaa bade sanaaf deebisanii galchaniifii jedhama. (1 Q gaafa guyyaa (05/08/2016) waraabbiin kanfudhatame)

**C. Bosonuufi Qeerransa**

Bara durii jedhan, bosonuufi qeerransa jedhanii naannoo tokko waliin jiraatu turan. Isaanis, wal hin xuqnuu waliin jiraannaa jedhanii waadaa waliif galanii yeroo dheeraa waliin jiraachaa turan. Utuma waliin jiraachaa jiranuu, bosonuun muka ishee nyaachaa ooltee bulti qeerransi immoo waan nyaatu dhabe.Yeroo kanaa, qeerransii bosonuudhaan “Waadaa yoo diiganii maal ta’uu?” jedheen. Bosonuunis, deebiftee “Har’aa humaa hin ta’uu garuu boruuf badaa” jetteen.Yeroo isheen akkas jettuun,”Waadaan boruuf bada malee haraaf humaa hin ta’uu?” jedheen. Bosonuunis,”Eyyee” jetteen. Qeerransiis,”Anoo har’an beela’ee isa boruu maaltu na dhiberee?” jedhee tokkichuma kana dhaga’ee bosonuutti yeroo utaalu isaan lamaan gidduu gufuu/gurcuu qara qabu tokkotuu dhaabbata ture.Qeerransis,gufuu sana irratti lafa yommuu dha’u gufuun garaa isaa uree dugda keessan ba’e. Gara itti baasu dhabee “Yaa bosee cubbuun har’aaf humaa hin qabu boriif malee naan hin jennee?” jedhee ishee gaafate. Bosonuunis, deebistee “Ayii yaa qeerransoo! wanta warri kee dur balleessan beekaayii?” jetteen jedhama. (1 Q gaafa guyyaa (05/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

D. **Dubartii Dhala Dhabde**

Bara durii jedhan, dubartii tokkotu dhala dhabdee yeroo dheeraa turte. Isheenis, seexanni dhala akka isheef kennuuf gaabii wareegdeef. Dubartittiin sun waggaa tokko booda dhala erga argattee gaabii ishee baattee seexana barbaachatti kaate. Karaa fagoo erga adeemtee booda jaarsa tokko argitee “Bakka seexanni jiru beektuu?” jettee dhimma ishee jaarsa sana haasofsiifte. Jaarsichis, “Dhaqiitii warra jaarsummaa taa’aa jiran sana bira callisii taa’itii sanaan booda nama araara dide yoo argite gaabii kee darbadhuutii irra buusi isaadha seexanni” jedheen.Isheenis, haaluma sanaan yommuu raawwattu namichi araara dide sunis waa’ee gaabii kanaa dubartii sana yommuu gaafatu isheenis yaadicha bal’inaan akkuma jaarsichi jedheen itti himte. Sana booda namichi jaarsummaadhaan aararamu dide kuni hojiin seexanaa badaa ta’uu waan quba qabuuf kana irraa adda ba’uuf deebi’ee araarame jedhama. (Dokmentii Waajjiraa Aadaafi Tuurizimii aanaa Ejersa Lafoo irraakan fudhatame.

# Kan Hin Qaacceffamin

### B. Maatii Gowwaa

Abbaa warraa gowwaa tokkoofi haadha warraa gowwaa tokkotu osoo waliin jiraatanuu hiyyeessa yookan harka qalleeyyii waan ta`aniif guyyaa tokko gara mandara isaani yookan olla isaanii deemanii hojii gargaaranii waan nyaataan fudhatanii mana isaanitti galan. Nyaata kanas amma danda`an irraa nyaatanii kan hafe qadaadanii citaa ilkaan keessaa ittiin baafatan funaannachuu manaa ba`an. Namichii olla isaanii tokko immoo nyaata isaanii kana waan irratti xiyyeeffateef suuta jedhee duuba ol deebi`ee nyaata isaan qadaadanii kaawwatan kana jalaa fixee qodaa isaanii walitti deddeebisee osoo isaan ol hin deebi`in dafee gara mana isaatti deemee gale. Jarri kunis, yeroo takka turanii manattii ol deebi`anitti haati warraa namichaa nyaata kana fuutee dhiyeessuuf kaatee yeroo ilaaltu qodaa duwwaa keessatti titiisa guttee jirtuu hargitee iyyite. Namichis naasudhumaan "Mal taate" jedhee yeroo gara isheetti fiigu titiisa nyaata jalaa fixxe argee ulee fudhatee "Bakka tokkottan ishee fixa" jedhee ulee gad itti lakkisu titiisti kun osoo hin du`in gargar facaate jarris baayyee haaranii "Titiisota kana fixuu qabna" jedhanii walii galan. Isaanis, ulee qabatanii bakka titiisti teessu hundatti osoo titiisa kana rukutanii qodaa mana keessa kana hunda of jalaa fixan. Dhumarra osoodhuma isaan dhaabbatanii bakka isheen teessu eega jiranuu titiisti tokko haadha warra namichaa funyaan gubbaa teesse haati warraa kunis of irratti rukuchuun waan isheetti hin mijanneef suuta jettee qubaan abbaa warraa isheetti Yeroo agarsiistu namichi ulee isaatin dunuunfatee funyaan isheetti gadi dhiisee niitii isaa galaafate jedhama.(Maddi: Dokimentii Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Dandii irraa kan fudhatame)

### C. Namoota Beekumsaan Nama Caalan

Bara tokko jedhan, namoota beekumsaan baayyee fagatan lama ta`ee biyya tokko keessa jiraachaa ture. Namootni kun, beekumsa guddaa waan qabaniif namni akka isaanii Addunyaa kanarra hin jiru ture. Isaanis, kanuma haaranii "Biyya wallaaltuu kana keessa hin jirannu" jedhanii biyya gad lakkisanii baduuf walii galan. Bifuma kanaan, guyyaa tokko baduudhaaf lama ta`anii qajeelan.Isaanis, osoodhuma daandii deemaa jiranii namicha qonna qotaa jiru tokkotti dhufan. Namicha kanas, yeroo dubbisan namichi kun beekaa ta`uu isaa arganii waa`ee isaanii itti himnaan namichi kunis isaan waliin akka badu gaafate. Isaanis,"Tole" jedhanii fudhatanii deeman. Osoodhuma deema jiranuu, bosona tokkotti dhufanii bosona kana keessatti leenca dur du`ee lafeen isaa caccabee arganii ilaaluu jalqaban osoodhuma ilaala jiranuu beekumsa waan qabaniif inni tokko "Leenca kana lafeesaa walitti nan deebisa" jedhe inni tokko immoo "Ani foon isa ittin deebisa" jedhe. Inni sadaffan immoo "Ani lubbuu isaa ittin deebisa" jedhe.

Akkuma walii galanittii, hojii isaanii jalqaban. Osoodhuma hojiitti jiranii namichi wallaalan tokko itti dhufee maal akka godhan isaan gaafate. Jarris, itti himan. Namichi inni jalqabaa lafee isaa walitti deddeebisee xummure. Inni lammaffanis foon itti deebise. Inni sadaffaanis lubbuu itti deebisuuf yeroo jedhu namichi inni wallaalan kun leenci kun yoo fayye na nyaata jedhee waan yaadeef “Ani sin biraan deema” jedhee irraa fagaatee ilaalutti ka`e. Namichi inni lafee walitti deebises “Leenci kun lakki nu nyaata” jedhee gaafate. Jarri lamaan hafan immoo ”Maal ta`uu keeti harka keenyan tolchineet nu nyaataa” jedhaniit lubbuu itti deebisanii bira dhaabbatan. Leenci kunis, waan beela`eef jara lamaan battalumatti caccabsee nyaate. Namicha isa muka yaabbates mukarraa buusee ajjeesee nyaachuuf waan quufef gatee irraa deeme. Namichii inni wallaalaan oduu kana galtee biyyatti odeesse jedhama. (Dokimeentii waajjira aadaafi Tuurizimii aanaa Dandii irraa kan fudhatame)

### D. Namoota Lama

Namoota lamatu ture. Namichi inni tokko qawwee (meeshaa waraanaa) of harkaa qaba.Namichi inni lammaffaa immoo harka duwwaadha. Yeroo isa qawwee baatee deemu arguu utaalee muka kore.Namichiis,”Maaliifi kortaa? si hin ajjeesuu koottuu bu’ii” jedheen. Innis,”Silaawoo nan ajjeeftuu maqaa sin ajjeesutuu maaliif kaaftee?” jedhee gaafate. Abbaan meeshichaas“Irra deebi’ee ani si hin ajjeesu koottuu bu’ii” jedheen. Namichis, amanuu waan dadhabeef,”Waan tokko naaf eeyyamii namni erga du’ee ofii hin boo’u tokkichaan ofii boo’aa” jedhee. Namichis,akkas jechuun boo’uu eegale, ” Yaa qophaa koo! ofiin boo’aa! yaa qophaa koo! ofiin boo’aa!” jedhee boo’e. Maqaan saroota isaa ofiin boo’aa fi yaa qophaakoodha. Saroonni, yeroo sagalee namichaa dhaga’anii fiiganii dhufanii namicha ajjeesuuf dhaabbatu sana kuffisanii ciranii fixan. Namichi inni muka kores, muka irraa bu’ee qawwee isaa irraa fudhate jedhama. (1A gaafa guyyaa (10/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

### E. Hattoota lama

Bara durii jedhan,hattoota lamatuu mooraa namaa seenanii horii fudhachuuf dhufani. Yeroo gara mana warra sanaa gahanii guyyaa kabaja ayyaana dalagaati yookaan jeekkaraati. Hattoonni lamaan mala malatanii jarri silaa afuura keessa jiru nama hin hubatanii tokkoon keenya keessummaa fakkannee gallee haala isaa walitti himna tokko immoo horii gadi nuuf yaasa jedhanii walii galanii iddoo iddoo isaanii qabatan. Inni mana warraa seene dibbee fuudhee itti hoo’isee dalaga yookaan jeekkara jalqabe.Inni alatti hafe sun haala mijataa mana keessaa eega waan ta’eefi yeroo mana keessaa hoo’uu jalqabu qophaa’ee dhaabbate. Mana keessaa sagalee dhaga’e, “As utaalee ! achi utaalee! itti ho’isee haala jiru hundaa madaalee hin sodaatinii adda baasi burreef daalee”jedhe.

Dabalees,”karaaf tolaa harree keessa baasii; ifaaf tolaa adii keessa baasi; dheebuuf tolaa dhaltii keessa baasii jedhee ergaa isaa erga xumuree booda alatti ba’uu barbaadee nama afuurichaan guutame fakkaatee ,”Imaana tafkii yaa imaanaa tafkii fincaan na qabee gad nabaasaa lakkii“ jedhe.Warri manaas,dhuguma se’anii balbala bananii gadi baasanii jedhama. (Dokmentii Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Ejeree irraa kan fudhatame )

### F. Qeerransaafi Namicha Lafa Qotu tokko

Bara durii jedhan namicha bineensota adamsu tokkotuu qeerransa argee utuu ari’uu qeerransi namicha lafa qotu tokkoon”Maaloo nadhoksii! eessa seenuu na ajjeessuuf na ari’uu?” jedhee gaafate. Namichis sangaa dhaabee dhufee “Koottuu qalqalloo kana keessa seenii” jedheenii afaan qalqalloo jabeessee hidhee kaa’e. Namichii inni qeerransa adamsu fiigaa dhufee “Yaa namana qeerransi tokko waa asiin darbee jedhee gaafate. Namichi inni lafa qotaa jiru sun asuumaa fiigaa darbeeraa kaadhuu qaqqabii jedheenii qeerransicha du’a oolche. Erga namichii inni adamsu darbee booda qalqalloo afaanisaa hiikee gadi dhiisee “Kunoo namichi darbeera amma dafii jalaa dhokadhu” jedheen. Qeerransichis, amummaatee “Anoo beela’eeraa sin nyaadha malee hin deemuu “ jedheen. Namichis baay’ee aaree “Akkamittiin sin nyaadha naan jetta du’a si oolchee” jedheen.Qeerransiis, lakkii ani baay’een beela’eera sin dhiisuu sin nyaadha jedheen irra deebi’e. Namichis,”Lakki atis na nyaattu nuuf haa murteessanii mana murtiit deemnaa” jedheen.

Kana booda gara mana murtii deemanii wanta ta’ee hundaa abbaa murtiitti himan.Abbaan murtiis namichaan, “Yeroo qalqalloo keessa keessee afaan isaa hiitee du’a isa olchite sana akkamittii hiite natti agarsiisi mee” jedheen. Innis, akkaataa du’a itti oolche sana qalqalloo keessa kaa’ee afaan qalqalloo hidhee itti agarsiise. Abbaan murtiis, Qeerransa qalqalloo keessa jiruu ulee harka kee keessa jiruu maal na gaafattaree” jedheen. Namichichis,qeerransicha qalqalloo keessatti rukutee ajjeese jedhama. (Obboo Biraanuu Hundeessaa gaafa guyyaa (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)

### G. **Namicha Hoolaa Tiksuufi Jeedala**.

Bara durii jedhan, namicha tokkotuu hoolota utuu tiksuu jeedala argee “Yaa jeedaloo bakka tokko gaheen deebi’aa mee hoolota kana naaf ilaalii” jedheen. Isheeni,hoolota namichi itti kenne osoo hin miidhiin seeraan qabdee tiksaa eegde. Namichi yeroo dhufu hoolota ishee walitti dachaaftee boolla ishee cinaa dhaabbattee jirti. Namichis, hoolota isaa yeroo ilaaluu hoolonni hunduu jiru. Har’a naaf eegde malee boru hoolota koo nyaachuun kee hin oolu jedhee yeroo inni itti dhukaasu isheen duraanuu boolla cinaa dhaabbatte waan ta’eef boolla keessa jalaa lixxee du’a oolte. Kana booda jeedalli nama amanuun erga boolla keessa kaa’anii malee boollaa olitti namni hin amanamuu jette jedhama. (1 B gaafa guyya (02/08/2016) waraabbiin kan fudhatame)